

**IURTHILEE FILATAMOO DHADDACHA
IBBAATAA MANA MURTII WALIIGALA
OROMIYAA**



**Jildii 2. Lakk. 02
Caamsaa, 2007
Finfinnee**

Murtiilee Filatamoo
Dhaddacha Ijibbaataa
Mana Murtii Waliigala
Oromiyaa



Ergaa Pirezidantii



**Obbo Damoozee Maammee
Pir. Mana Murtii Waliigala Oromiyaa**

Manneen Murtii Oromiyaa ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti ergama qaban galmaan gahuuf, kenniinsa tajaajila Abbaa seerummaa, heera fi seeraa irratti hunda'ee qulqulluu, si'awaa dhaqqabamaa fi bu'a qabeessaa ta'e gahumsan fi bilisummaan kennuun amantaa uummataa horachaa jiru.

Kenniinsa tajaajila abbaa seerummaan wal-qabate, keessattu qulqullina murtii fooyyeessaa deemuuf, sadarkaa Mana Murtii Waliigalatti Dhaddachi Ijibbaataa hundeeffame, dhimmoota naannichaa Murtii dhumaa argatanii dogoggora seeraa isa bu'uura qabu jedhamanii komatamanii

dhihaatan ilaale murtii sirrii kennaa jira. Murtiiwwaan kanneen keessas Manni Murtii keenya murtiilee barsiisaa dha jedhaman filate maxxansiisuun marsa 1^{ffaa} kan raabsuu jalqabe ta'uun ni yaadatama.

Murtiiwwan filatamoon kunis, abbootiin seeraa keenya sadarkaa sadarkaan jiran falmii dhimma tokko irratti murteewwan wal irraa fagaate akka hin kenninef hubannoo wal – fakkaatu akka qabaatan gochuu, murtiin kennamus iftoomina akka qabaatuu fi uummanni hubannoo seeraa akka argatu gochuu keessatti fayidaa guddaa qabu.

Murteilee Filatamoo maxxansaaf gahan kanneen keessatti seeraa itti kennameen walqabatee qeeqni yaada ijaarsaa fi seeraa bu'uura godhatee dhiyaatu gabbina hojii keenyaatiif gumaachi qabu guddaadha. Keessattuu ogeeyyiin seeraa hojii seeraa irratti bobba'anii jiran yaadni nuu gumaachan ciminootaa fi haninoota nu biratti mul'atan baafannee akka irratti hojjennuuf hedduu nu gargaaru amantaa jedhu qabna. Waan ta'eef murteilee Filatamoo Dhaddach Ijibbaataa MMWO marsaa 2^{ffaa} maxxansitanii akka dubbiftaniif isin biraan geenye kanneen dubbisuun yaada keessan akka nuu gumaachitan kabajaan isin affeeree jira.

Lakk	Wal-Falmaatoota		Gosa Falmii	Lakk Galmees	Guyyaa Murtii kenname	Fuula
	Iyyataa/ttoota	Deebii kennaa/tootaa				
1	Admaasuu Damusee ffaa	Alamuu Mucece ffaa	Sivill:- Raawwii Falmii mana jireenya	173911	4/5/2007	1-10
2	Yamisiraach Geetaachoo	Waajjira Qonnaa	Sivill:- Falmii miidha qaama	158195	01/11/2005	11-18
3	Ababaayee Taaddasaa	Tiringaa Tagany	Sivill:- Qabeenya jaarsaa fi jaarti	156925	27/12/2005	19-27
4	Sayid Haji Bakar	Abdii Mahaammad	Sivill:- Falmii daangaa lafa	159595	27/12/2005	28-33
5	Kolleejjii Madda Walaabuu	Ashabbir Oonchoo	Sivill:- Falmii hojjetaa fi hojjechisa	148279	14/12/2004	34-41
6	Baqqalaa Hordofaa	Addunyaa Tulluu	Sivill:- Falmii liqaa Mallaqaa	162210	11/2/2006	42-48
7	Abbiyyi Damooz	A/Alangaa Naannoo	Yakkaa:- Falmii yakka hanna	146077	08/4/2005	49-57
8	Kindee Kaasahuun	Dhaabbata Dajan Aveeshinii	Sivill:- Falmii hojjetaa fi hojjechisa	184901	19/1/2007	58-75
9	Waajjira Damee Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Iluu Abbaa Booraa	Obbo Buzaayyoo Zallaqaa	Sivill:- Falmii lafa bosona	163820	30/10/2006	76-90
10	Aaddee Jamiilaa Abdaa	Obboo Aschaalaw Hayilemariyaam	Sivill:- Falmii qabiyyee Lafa qonnaa	174414	13/8/2007	91-100
11	Injinar Abdallaa Mahaammad	Aaddee Fooziyaa Ahimad	Sivill:- Falmii qabiyyee manaa	175695	13/4/2007	101-107

Murtii Filatamoo Dhaddach Ijibbaataa Manni Murtii Keenya Murteewwan Wal Irra Fagaate Akka Hin Kenninef Hubannoo Wal Fakkaatu Akka Qabaatan Gochuu, Murtiin Kennamus Iftoomina Akka Qabaatuu Fi Uummanni Hubannoo Seeraa Akka Argatu Gochuu Keessatti Fayidaa Guddaa Qabu.

12	Obbo Fiqiruu Mokonnin Tuulluu ffaa	Obbo Tashoomaa Qananii ffaa	Sivill:- Falmii qabiyyee mana	174868	28/7/2007	108-119
13	Faantawuun Yimar Abbaaagaa	A/A-Habib Amaan-dhiyaatan	Yakkaa:- Falmii qabeenya bosona	183464	27/4/2007	120-133
14	Koollejii Bamoota Barsiistota Asallaa	Aaddee Kaloo Ismoo	Sivill:- Falmii hojjetaa fi hojjechisa	187729	27/4/2007	134-145
15	Kaamil Abbaa Boor	Abbaa Alangaa Naannoo	Yakkaa :- Buna seeraa ala fe'u	149828	21/1/2005	146-154
16	Bassuufiqaad Adamaasuu	Abbaa Alangaa Naannoo	Yakkaa:- Saamicha	164111	20/8/2006	155-160
17	ELSE Addis Industrial Development	Dirribaa Baqqalaa	Sivill:- Falmii hojjetaa fi hojjechisa(Beenyaa)	162020	13/12/2005	161-167
18	Dammaa Obsee	Waajjira Bulchiinsa Aanaa Martii	Falmii qabiyyee Lafaa	162876	28/4/2006	168-172
19	Qaasim Husen	Caaltuu Burrayyuu ffaa	Falmii qabiyyee bunaa	173775	20/8/2006	173-179
20	Heleen rattaa ffaa	Yunversiitii Wallaggaa	Raawwii	174434	06/8/2006	180-185
21	Shifarraawu Muluu	Darajjee Sambatuu ffaa	Falmii qabiyyee lafa qonnaa	134568	6/8/2006	186-190
22	Aadde Zabanaay Gifaawu	S/R Gannat Anteensaayi faa(N,4)	Falmii dhaaltummaa	164845	04/09/2006	191-198

Lak.Galme 173911

Guyyaa 4/5/2007

Abbooti Murtii: 1. Damoozee Maammee

2. Mahammad Aliyyii

3. Habii Abbaajabal

4. Darajjee Mangistuu

5. Mokonnin Asaffaa

Iyyataan: Admaasuu Damusee } **dhiyaateera.**

Waamamaan: 1 ffaa Alamuu Muccee B/B. 1 ffaa

Angoochi Takkilee-dhiyaateerti 2 ffaa Geetachoo

Damusee 2 ffaa hin dhiyaane.

Galmeen kan bellamame qorachuuf, qoratamee Murtiin laatameera.

Murtii

Dhimmi kun dhaddacha Ijibbaata kanaaf dhiyaachu kan danda'e Iyyataan iyyanno gaafa 13/01/2006 barreeffameen Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Lixaa galme lakkoofsa 24928 irratti ajaja gaafa 28/12/2005 kenneen ajaja Manni Murtii Aanaa Hooma galme lakkoofsa 03240 irratti gaafa 14/12/2005 kenne waan cimseef dogoggoora seera qaba akka hiikaan seera itti naaf kennamu jechuun waan gaafateef.

Falmiin bitaa mirga Mana Murtii Aanaati kan eegalame yoo ta'u qabiyyeen falmii: Iyyataan amma Manni Murtii

Ola'aanaa Godina Wallaggaa Lixaa raawwii Murtii Murtiin Abbaa Mirgaa Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa Damee Gimbii fi Murtiin Abbaa Idaa Xuruuwarqi Tashooma jiddu tureef Manni jireenya Murtiin Abbaa Idaa Magaala Hooma Ganda 01 keessatti argamu Daanga isa Bahaan- karaa konkolaataa tin, Lixaan- karaa miilaa tin, kaabaan-Mana Damisee Bayyanaa tin , kibbaan- Mana Fiqaaduu tin kan daangeeffamu Murtiin Abbaan Mirgaa Bankiin Daldalaa Itiyoophiya iyyanno dhorkaa gaafa 9/7/2005 dhiyeessen gatiin Mannicha Ogeessa Waajjira Industirii fi Misooma Magaalatin lak. 1530/M6-2105 ta'een gaafa 10/10/2005 tilmamamee dhiyaate irratti hunda'uun Manni kun caal-baasin gurgurame maallaqni murtiin Abbaa Mirga (Baankii Daldala Itiyoophiya Damee Gimbii)f akka kaffalamu ajaja kenneen Iyyataan amma Mana kana caal-basiin dorgomee qarshii 14,000.00 (kum kudha afuriin) caal-basii moo'atee biteera. Iyyataan caal-baasin moo'atee Mana falmiif sababa ta'e kan bitaate ta'uu bu'aa gabaasa caal-baasi gaafa 20/11/2005 dhiyaateen Manni Murtii Ol'aanaas bu'aa Caal-baasi dhiyaate irratti hunda'e dhaddacha gaafa 22/11/2005 oolen bitataan kaffaltii caal-baasi kaffalee raawwateera Manni Maqaa bitataatti akka naanna'u jechuun ajaja laateera.

Gama biraatin Raawwiin Murtiin Abbaa Mirgaa Alamuu Muccee (Waamamaa 1^{ffaa} amma) idaa qarshii 3,300.00 (kuma sadi fi dhibba sadi) Murtiin Abbaa Idaa Geetachoo Demusee (Waamamaa 2^{ffaa} amma) irra qabuuf Manni Murtii Aanaa Hooma raawii murtii raawwachisuuf Manuma kanarratti Caal-baasin akka

ba'u ajaja kenne irratti Iyyataan amma iyyanno gaafa 29/11/2005 barreesse dhiyeeffateen Mana kana Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Lixaa galmee lakkoofsa 24386 irratti gaafa 22/11/2005 kaffaltii Idaaf caal-baasin gurguree moo'adhee bitadhee jira. Mana falmiif sababa ta'e irratti mirga abbaa qabeenyumma qaba jechun falmeera.

Manni Murtii Aanaa Hooma iyyanno dhiyaateef kana ilaale Mana falmiif sababa ta'e irratti Mana Murtii Aanaa Hoomaatin ajaja galmee lakkoofsa 03240 irratti dhaddacha gaafa 12/7/2005 ooleen dhorkaan kan kenname ta'u ibsee; Wa'ee kaffaltii Murtiin Abbaa Mirgaa Baankii Daldalaa Itoophiyaa Damee Gimbiitif immo Manni falmiif sabba ta'e Mana Murtii Ol'aanaatiin gaafa 8/9/2005 kan dhorkame ta'uu Bulchiinsi Magaala Hooma ibseera. Manni Murtii Ol'aanaa dhorkaa osoo hin laatinin dura Mannichi idaa gara biraatin kan hin qabamnee fi hin dhorkamne ta'uu qulqulleeffachu qaba ture. Manni Murtii Aanaa qabeenya raawwiif qabame kanarratti dhorkaa kennee waan jiruuf ajaja barabaachisa itti kennuuf bu'uura SDFHH. Lak. 413 fi 372 (1) (C&D) tin aangoo Mana Murtii Aanaa kan daangeessu miti. Mana kana caal-baasin akka gurguramu ajajni kennameen kan bitaatu waan hin dhiyaaneef Mana kana walakaa isaa Murtiin Abbaa Mirga Alamuu Muccee akka simatu jechuun dhaddacha gaafa 14/12/2005 Jala-Murtii kenneera. Jala-Murtii Mana Murtii Aanaa tin kenname Manni Murtii Ol'aanaa bu'uura SDFHH.Lak. 337 tin cimseera.

Iyyanno dhaddacha Ijibbaata kanaaf Iyyataan dhiyaate ajaja fi Jala-Murtiin Manneen Murtii jalaatin kennaman dogoggoora seera qaba akka naaf sirra'u kan jedhu ta'e qabiyyeen iyyanno: Mana falmiif sababa ta'e karaa seera qabeessa ta'een caal-baasiin dorgomee gatii olaanaan yaada garii dhan yemmu bitadhu Waamamaan amma osoo hin mormiin eegan Mana kana bitadhee maallaqa hundumma kaffale qabeenya koo taasifadhe booda Mannichi idaa nama biraa kaffaluuf jedhame Mana kana walakaa isaa Waamamaa 1^{ffaa}n akka simatu ajajni kenname dogoggoora seera kan qabu dha. Manni caal-baasin bitadhe dursa idaadhan Baankiin Daldalaa Itiyoophiya qabe kan ture ta'ee osoo jiruu Manni Murtii Aanaa kana osoo qulqulleeffachu qabu kana bira darbee ajajni kenne sirri miti. Manni Murtii Aanaa dhimma kanarratti ajaja yoo kennu dursa kan dhorke Mana Murtii Aanaati malee Mana Murtii Ol'aanaa miti kan jedhu bu'uura seera kan qabu miti jechuun falmeera.

Komee fi falmii kanarratti Waamamtoonni deebii laataniin: Waamamaan 1^{ffaa}n Waamamaan 2^{ffaa}n idaa isa irra qabuuf waan hin kaffaleef Manni falmiif sababa ta'e kan haadhawarra isa walakkaan caal-baasin gurgurame akka naaf kaffalamu ajajame namni bitaatu waan dhabameef walakkaa isa akkan fudhu ajajni kenname dogoggoora hin qabu jechuun falmeera.

Waamamaan 2^{ffaa}n immo: Mana falmiif sababa ta'e Baankii Daldaala Itiyoophiyaa Idaadhan kan gurgurate ta'uu ibsee, Manni kunis kan koo akka hin taane falme osoo jiruu Waamamaan 1^{ffaa}n qabeenya koo akka ta'e fakkeesse ajaja Mana Murtiitin kennisise dhimma na

ilaalatu miti. Idaa narra jiru amanne Barsiisa waanan ta'eef mindaa koo irra ji'a ji'aan akkaan kutee kaffalu ibseen ture. Dhimmi falmii kana kan na ilaalatu miti kufa yaa ta'u jechuun falmeera. Dhaddachi Ijibbaata kungsi falmii bitaa mirga seera rogumma qabu wajjin walbira qabe qorateera, ijoo seera Murtii argachuu qabus: Qabeenyi tokko kaffalti idaa Murtiin Abbaa mirgaa garagaraaf Manneen Murtii adda addaatin dhorkan yoo irratti kenname raawwatinsi isaa seeran akkam ta'u qaba? kan jedhu akka itti aanutti xiixnalameera.

Dhimma falmii bitaa mirga kana tuma SDFHH.Lak. 413, 372(1(D), 414 fi 403 jalatti tumalee jiranuu waliin waldura duuba yoo hiikamu inni jalqaba hiikoon seera itti kenname qabu: Qabeenyi tokko Mana Murtii kaminiyyu raawwii murtiif dhorkamu ni danda'a. Qabeenya tokko raawwi murtiif Manneen Murtii adda addaatin dhorkaan yoo irratti kenname gaaffi mirga dursa ilaalchise falmii ka'uuf Manni Murtii furmaata kennuuf aangoo qabu Mana Murtii qabeenyicha dhorke yookan Qabeenyicha to'aanno tooraa isa jalatti oolche akka ta'e SDFHH.Lak.372 (1(c) fi lak. 413 walitti dubbisuun hubachuun ni danda'ama.

Hata'u malee tuma lak.372 (1(d) fi 413 jalatti wanni ifa hin taane Manneen Murtii aangoo garagaraa qabanu qabeenyicha irratti dhorka kennan taanan aangoo gaaffi mirga dursa falmisisuuf kan qabu fi dhimmicha ilaaluuf aangoo kan qabu Mana Murtii isa kam kan jedhu ifa gala miti.

Dhimma akkana irratti tumaan seera deemsa falmii hariiro keenya ifa ta'uu dhabuun isa haala dhimma amma falmii bitaa mirga jiruuf Manni murtii Aanaa Hooma Mana falmiif sababa ta'e irratti Manni Murtii Ol'aanaa dhorkaa kenne caal-baasin gurgurtaa isa yooma raawwate illee Manni Murtii Aanaa dhorka kenne waan jiruuf ajaja barbachiiisa ta'e irratti kennuuf aangoo kan qabu ta'uu jala-murtii kenne waliin yoo ilaalamu tuma seera kanaaf hiiko itti kennuun barbaachisaa dha. Kanaaf, dhimma falmii akkanaaf tuma SDFHH.Lak. 413 akkamitti hiikamu qaba kan jedhu qajeeltoo hiika seera tokko keessa maddi seerrichi irra warabame (systematic interpretation approach) tin seera ifa hin taane hiikun kan danda'amu ta'uun fudhatama kan qabuu dha.

Seerri deemsa falmii hariiro Itiyooophiyaa Seera deemsa falmii hariiro Biyya Hindi bara 1908 bahe irra kan warabame ta'uu dhufaatii seena seera deemsa falmii hariiroo keenya yoo ilaale kanuma kan nuuf ibsuu dha. "Tumaan seera deemsa falmii hariiro Hindi bara 1908 bahe sekishiinii 63 jalatti Mannen Murtii adda addaatin qabeenyi tokko raawwii murtiif dhorkame taanan qabeenya dhorkame irratti mormiin mirga dursa yoo ka'e Manni Murtii mormii ka'e ilaale furmata kennuuf danda'uu Mana Murtii Aangoodhan sadarka ol'aanu irra jiru yookan Mannen Murtii laman sadarka walfakaatu qabatan taanan Mana Murtii qabeenya falmiin irratti ka'eerratti dursa dhorka kenneen ta'uu akka qabu tumameera."

Tumaan seera deemsa falmii hariiro Itiyooophiyaa lak. 413 yemmu boccamu akkataa tuma seera deemsa falmii hariiro Biyya Hindi Sekishiinii 63 rakko aangootiif furmaata kan teessise ta'uu baatus tuma SDFHH.Lak.413 bu'aa qabeessa akka ta'uuf burqa seerrichi irra warabameen hiiko itti kennuun dhama qabeessa ta'a. Kanaaf, tuma SDFHH.Lak.413 dhimma harka qabnu waliin yoo hiikamu Manni Murtii Ol'aanaa Godina Walaggaa Lixaa fi Manni Murtii Aanaa Hooma Mana falmiif sababa ta'e raawwii murtiif yeroo adda adda dhorka irratti kennanu illee Murtiin Abbaa Mirgaa Baankiin Daldalaa Itiyooophiyaa fi Waamamaan 1^{ffaa} amma mirga kan qabu ta'uun beekamadha. Hata'uu malee Mormii ka'u irratti ajaja barbaachisa ta'e kennuuf aangoo kan qabu Mana Murtii Ol'aanaa Godina Walaggaa Lixaa aangoo sadarkaa ol'aanaa irra jiruun ta'uu osoo qabu tumaan SDFHH.Lak 413 haala kanaan hiikamu otoo irra jiruu Manni Murtii Aanaa Hooma Mannicha irratti dhorka kennu isaatif qabeenya raawwiif qabame kanarratti ajaja kamiyyu kennuuf aangoo Mana Murtii Aanaa kana daangeessu miti jechuun jala-murtii inni kenne dogoggoora hiika seera isa bu'uura kan qabuu dha.

Dhimmi lamaffan hiiko seera barbaadu Mana falmiif sababa ta'e irratti mirgi Waamamaa 1^{ffaa} amma fi Baanki Daldalaa Itiyooophiyaa fi Iyyataan amma qabanu tuma seera deemsi falmii hariiroo waliin akkamitti ilaalamu qaba kan jedhu tuma SDFHH.Lak.414 fi 403 jala jiruu waliin hiika itti kennuun rogumma kan qabu ta'a. Waamamaan 1^{ffaa} amma idaa Waamamaa 2^{ffaa} irra

qabuuf; Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa immo idaa hadhawarra Waamamaa 2^{ffaa} Aade Xuruuwarqi Tasshooma irra qabuuf akkaatuma idaa qabanuun raawwatiinsa idaa isaanif Mana falmiif sababa ta'e dhorkisiisun isaan falmii galmee keessa jiru irra ni hubatama. Dhorka kenname kanaan mirgi Baankiin Daldalaa fi Waamamaa 1^{ffaan} mana kanarra qabanu mirga akkamti kan jedhu yoo ilaalamu dhorkaan Manneen Murtii Ol'aanaatinis ta'e Mana Murtii Aanichaatin kenname idaa biraa ilaalchise murtii kenname raawwachiisuuf Mana falmiif sababa ta'e irratti dhorkaan galmee raawwi irratti kenname ta'uu falmii galmee keessa jiru irra kan hubatamu dha.

Mana falmiif sababa ta'e irratti dhorkaan kenname kunis tuma SDFHH.Lak. 414 jalatti kan kufu ta'uu dhaddachi Ijibbaata kun hubateera. Dhorkaan qabeenya bu'uurarra sababa falmii hin taane fi murtiin isa irratti hin kennamin garuu murtii kenname tokko irratti bu'uura SDFHH.Lak. 414 tin raawwii murtiif dhorkaan itti kennamu mirga Murtiin Abbaa mirga adda addaa maallaqa murtiin Abbaa idaa tokko irra, yookan abbaa idaa adda addaa irra qabeenya tokko irra mirga abbaa qabeenyumma qabanu irratti kaffalti idaa irra barbaadamuf kaffalchiisuuf qabeenyichi kan dhorkame taanan qabeenyicha dursa dhorksiisun mirga dursa kan laatu miti. Waan ta'eef, Mirgi Murtiin Abbaan mirga Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa Damee Gimbii fi Waamamaan 1^{ffaan} amma mirgi isaan Mana dhorkame irra qabanu mirga abbaan maallaqaa dasiiba (ordinary creditor) ta'e qabu tokko kan qabaatanu ta'uun alatti

isaan lama keessa tokkon isaan qabeenyicha irratti mirga adda fi mirga dursa hin qaban (Both are ordinary creditors; One of them doesn't have special mortgage right over the house).

Tumaan seera deemsa falmii hariiro lak. 414 tin dhorkaan kennamu mirga dursa ni gooffachiisa hin jedhu. Kana jechuun immo bu'uura SDFHH.Lak. 403 tiin Waamamaan 1^{ffaan} amma maallaqa manni falmiif sababa ta'e itti gurugurame irra akkataa gahe murtii isaatin harka dhibba keessa herreegame (Ratably) Baankii Daldalaa Itiyoophiyaa Damee Gimbii waliin qoodachuuf mirga kan qabaatan ta'uun alatti gama nama qabeenya kaffaltii raawwiitif dhorkame bu'uura seeratin bitaatetti kan ce'uu fi mirga dhabsiisu miti.

Akkasumas, Waamamaan 1^{ffaan} maallaqa waamamaa 2^{ffaa} irra barbaadu qarshii 3,300.00 (kuma sadi fi dhibba sadi) Waamamaan 2^{ffaan} mindaa koo irra ji'aan maallaqni kutame nan kaffala jedhe falmaa osoo jiruu Manni Murtii Aanaa kaffaltii raawwii murtii Waamaamaa 1^{ffaaf} raawwichiisuf furmaanni adda adda keessa tokko Baankii waliin maallaqa Mannichi itti gurgurame qoodachuu yookan immo mindaa Waamamaa 2^{ffaa} irra cite idaan akka kaffalamu ta'uu osoo qabu furmata gama lamaan kanaan jiruu bira darbuun Mana falmiif sababa ta'e Iyyataan bu'uura caal-baasi Manni Murtii baaseen ulagaa seeraa guutee dorgomee moo'aate bitaatee abbaa mirga irratti ta'ee jiruu Waamamaan 1^{ffaan} walakkaa Mannicha idaa Waamamaa 2^{ffaa} irra barbaadamuuf akka simatu jala-

murtiin kenname dogoggoora seeraa isa bu'uura ta'e kan qabu dha. Kanaaf, Jala-Murtiin Mana Murtii Aanaa Hoomaa tin falmii bitaa mirga irratti kenname dogoggoora seera isa bu'uura kan qabu ta'e osoo jiruu Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Lixaa dogoggoora uumame sirreessu osoo qabu ajaja kenneen kana cimsuun isaa dogoggoora lamataati jenne sagalee guutuun diigame ajajni itti aane jiru laatameera.

Ajaja

1. Ajajni Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Lixaa galmee lakkoofsa 24928 irratti gaafa 28/12/2005 kennee fi Jala-Murtiin Manni Murtii Aanaa Hooma galmee lakkoofsa 03240 irratti gaafa 14/12/2005 kenne bu'uura SDFHH.Lak. 348 (1) tin diigameera.
2. Falmii dhaddacha Ijibbaata kanaratti taasifamen bitaa mirga irra baasi fi kasaaran gahe yoo jiraate ofuma akka danda'aanu ajajameera.
3. Gargalchi Murtii kana Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallaggaa Lixaa fi Mana Murtii Aanaa Hoomaa tiif haadarbu.
4. Galmeen cufameera. Haa deebi'u.

Guyyaa 01/11/2005

- A/Seeraa: 1. Bojaa Taaddasaa
2. Tuulii Baay'isaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Abdusalaam Siraj
5. Fiixaa Dachaasaa

Iyyattuun:-...Yamisiraach Geetaachoo

D/kennaan:-...Waajjira Qonnaa fi Misooma Baadiyyaa Aanaa Aqaaqii

B/Bu'aan

Galmeen qoratamee kan itti aanu murtaa'eera.

MURTI

Dhimmi kun Dhaddacha Ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e iyyattuun kun ajaja M/M/W/Oromiyaa galmee lakk.140975 ta'e irratti guyyaa 29/01/2005 kenne komachuun dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf akka naaf sirreeffamu jechuun waan iyyatteef dha.

Falmii kanaaf ka'umsa kan ta'e, ol'iyyattuun jalaa (iyyattuun ammaa) ol'iyyannoo ishee Biiroo Siivil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaatti dhiyeessiteen

Waaqumaa Gonfaa wajjiin utuu deemee deebi'uu balaa motoraan narratti dhaqqabeen miilli koo miidhameera. Ani dhuunfaa kootiin yaalamaa kan ture yoo ta'u; Hospitaalli Xiqur Anbassaa humna kiyyaa ol jechuun biyya alaa deemee akka yaalamu sartifikeettii rifarii waan naaf barreesseef D/kennaan kun baasii biyya alaa deemee itti yaalamu akka naaf kennu yoo gaafadhu boqonnaa waggaa fi mindaa koo malee baasii yaalaa biyya alaa deemee itti yaalamu naaf kennuu hin dandeenye waan ta'eef akka naaf murtaa'u jechuun iyyatteerti.

D/kennaan jalaa (D/kennaan ammaa) deebii kenneen mormii sadarkaa duraa adda addaa dhiyeessuun D/kennaan kun ol'iyattuun dhibee biraatiin yaalamaa turtee hojiitti deebi'uu waan dadhabdeef boqonnaa fi mindaa laanneef jirra, miidhaa qaamaa sababa motoraan ol'iyattuu irra gaheef baasii yaalaa kaffalee yaalchisuuf itti gaafatamummaa hin qabnu jechuun falmeera.

Ol'iyattuun deebii deebii kenniteen ani dhuunfaan yaalaaf hanga ammaatti qarshii 2,900.00 baasii yaalaa baasee jira; biyya alaatti yaalamuuf ammoo qarshii 479,458.00 fi baasii geejibaaf qarshii 65,162.00 barbaachisa jechuun falmiteerti.. Kana booda, Biiron Siivil sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa dhimma kana ilaaluun galmee lakk.1/-333/2004 ta'e irratti murtii guyyaa 22/12/2004 kenneen ol'iyattuun miidhaan qaamaa sababa hojiidhaaf ta'uu D/kennaan

bu'uura labsii lakk.61/94 kwt.45 (1)tiin waajjira baasii yaalaa hojjetaa ni danda'a jechuun tumamuu malee baasii yaalaa biyya alaa haa ta'uu biyya keessaa adda baasee ifatti hin tumamne. Waajjirri baasii yaalaa ni danda'a jedha malee baasii bahe bakka buusuuf hin dirqamu, nagaheen dhiyeessites hin jiru. Bu'uura labsii olitti ibsameen kwt.45 (2)tiin hayyamni boqonnaa dhukkubaa ji'oota 12 kan hin caalle yoo ta'u, hojjetaan turtii hayyama yaalaa ji'oota 12 keessatti fayyee hojiitti yoo hin deebine kwt.45 (3)tiin soorama miidhamaa fi kaffaltii beenyaati kan kennamu, kanaaf gaaffiin yaalamuu kan kahuu qabu ji'oota 12 jidduutti ta'uu qaba. Ol'iyattuun ji'oota 12 jidduutti yaaliif hin gaafanne waan ta'eef gaaffiin ishee kufaa dha; bu'uura labsii olitti ibsameen baasii yaalaa danda'a jedha malee geejiba waan hin jenneef baasiin geejibaa isheen gaafatte kufaa dha; gaaffiin ol'iyattuu bu'uura labsii lakk.61/94 kwt.72 (1)tiin kufaa dha jechuun murteesseera.

Ol'iyattuun murtii kana komachuun ol'iyannoo ishee M/M/W/Oromiyaa tti yoo dhiyeeffattu M/Murtichaa dhimma kana ilaaluun galmee lakk.140975 ta'e irratti ajaja guyyaa 29/01/2005 kenneen ol'iyannoo dhiyaate kufaa taasisuun bu'uura S/D/F/H/H/lakk.337tiin murtii jalaa cimsuun murteesseera. Komiin kunis kan dhiyaate ajaja kana irrattii dha. Iyyattuun komii iyyannoo guyyaa 10/04/2005 barreeffameen Manni Murtii Ol'iyataa Bulchiinsaa labsii lakk.61/94 kwt.45 (1)tiin hojjataa mootummaa sababa hojiitiin midhaan

irra gahe baasii wallaansaa isa barbaachisu waajjirri ni danda'a yoo jedhu biyya alaatti ni wallaansisa hin jedhu haa jedhu malee wallaansi hospitaalota biyya keessaa qofaan fala ni argata jechuu isaa miti. Hojjetaa biyyaa alaatti erganii yaalchisuun kan turee fi kan jiru waan ta'eef M/Murtii jalaa waajjirri D/kennaa baasii wallaansa biyyaa ala kaffalee bu'uura Hospitaalli Xiqur Anbassaa irraa dhiyaateen murteessuu otoo qabuu murtiin kenne mirga labsii Siivil sarviisii fi heera mootummaan eegame garmalee kan miidhee dha. M/Murtii Bulchiinsaa iyyataan ji'aa 12 yeroo boqonnaa wallaansaa ishee keessatti gara mana yaalaatti nan deema jettee waajjira D/kennaa hin gaafanne haa jedhu malee ani yaalamaa akka ture waajjirri D/kennaa kun kan beeku ta'uu xalayaa barreesse irraa ni hubatama. Manni murtii bulchiinsaa iyyattuun erga miidhaan irra gahee ol'iyannoo kan dhiyeessite waggaa 1 booda waan ta'eef bu'uura dambii lakk.36/96 kwt.37 (4)tiin yeroon ol'iyannoo itti darbe haa jedhu malee D/kennaan mormii kana otoo hin dhiyeessine M/Murtichaa ofumaa kaasuu himannaa koo darbiinsa yerootiin kufaa taasisuun S/D/F/H/H/lakk.244 fi 245 faallaa waan ta'eef sirraa'uu qaba. Ani bu'uura xalayaa akka D/kennaan na wallansiisuuf barreeffameen naaf raawwachuu waan dideef raawwiin gaafadhe malee himannaa haaraa miti. Kanaafuu, murtiin jalaa naaf sirreeffamee waajjirri D/kennaa baasii yaalii wallansaa fi geejjibbaa biyya alaaf na barbaachisu hunda haguugudhaan akka na yaalchisuu fi baasii fi kasaaraan akka naaf murtaa'u jechuun iyyatteeti.

Komiin iyyannoo kun ni dhiyeessisa waan jedhameef D/kennaan kun akka deebii kennu ajajamee deebii guyyaa 23/07/2005 barreeffaameen ol'iyannoon iyyattuu bu'uura labsii lakk.61/94 kwt.72 (3) darbiinsa yerootiin kan bira darbamu waan ta'eef galmeen akka nuuf cufamu. Bu'uura labsii lakk.61/94 kwt.45 (1)tiin D/kennaan kun baasii yaalaa ni danda'a jedhamee hanga hin kaa'amnetti gaaffiin iyyattuu fudhatama hin qabu. Bu'uura labsii kanaan hojjetaa miidhaan hojii irratti irra gaheef jalqabiin duraa yaalchisuu yoo ta'e illee kwt.45 (2) tiin daangaan yeroo yaalamaa hojjetaadhaaf kenname ji'oota 12 kan hin caalle waan ta'eef akkaataa kanaan tajaajilli barbaachisu godhameef otoo jiruu baasii biraa gaafachuun seeraa alaa dha. Iyyattuun eeyyama dhukkubaa kan fudhatte yoo ta'u, yaaliidhaaf garuu yeroo kaa'ame keessatti waajjira D/kennaa wanti gaafatte waan hin jirreef darbiinsa yerootiin kan bira darbamu ta'a. Iyyattuu biyya alaatti erganii yaalchisuun waanuma jiruudha haa jedhan malee ragaadhaan wanti bu'uura godhate hin jiru. Iyyattuun bu'uura labsii lakk.61/94 kwt.45 (2)tiin gaaffiin boqonnaa fi mindaa raawwatameef jira. Waa'ee darbiinsa yeroo ilaalchisee mirga iyyattuu darbuu kan ibsine ta'u illee bu'uura labsii lakk.36/96 kwt.37 (4, 5)tiin sababa dhiyeeffatteen kan bira darbamee dha. Kaffaltii geejjibaa kan biyya alaa waliin walqabatee labsii fi raawwii dhimma kanaan walqabate irratti wanti ifatti kaa'ame waan hin jirreef D/kennaan kaffaluuf dirqama hin qabu. Kanaafuu, murtiin jalaa nuuf cimee baasii fi dhamaatii dhimma kanaan nurra gahe akka nu danda'aniif akka nuuf murtaa'u jechuun

gaafateera. Falmiin bitaa fi mirgaa kan armaan olitti dhiyate yoo ta'u seera rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera. Akka galmee kana keessa qorannetti ijoon furmaata argachuu qabu iyyattuun kun miidhaa qaamaa hojiirratti ishee irra gaheef baasii yaalaa fi geejibaa biyya alaa deemtee yaalamuuf barbaachisu D/kennaan akka kaffaluuf gaafachuuf mirga qabdi moo miti? D/kennaan baasii yaalaa fi geejiba biyya alaatti yaalamuuf iyyattuuf barbaachisu kaffaluuf dirqama qaba moo miti? kan jedhu ta'uun hubatameera. Hojjetaa mootummaa sababa hojiitiin miidhaan irra gaheef baasii yaalaan walqabatee seerri maal jedha kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Bu'uura Labsii Hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.61/1994 kwt.45 (1)tiin hojjetaan mootummaa sababa hojiitiin miidhaan irra gahuuf baasii yaalaaf barbaachisu manni hojii isaa ni danda'a jechuun tumeera. Asirratti, 'baasiin yaalaaf barbaachisu' kun baasii yaalaa biyya keessaa haa ta'uu baasii yaalaa biyya alaa haa ta'u ifatti wanti tumame hin jiru. Gama biraan, hojjetaan mootummaa miidhaan sababa hojiitiin irra gahe boqonnaan dhukkubaaf kennamuuf kan danda'u yoo ta'e illee, boqonnaan kun yeroo ji'oota 12 caaluu akka hin dandeenye labsii lakk.61/1994 kwt.45 (2) jalatti tumameera. Bu'uura kwt.45 (3)tiin ammoo hojjetaan ji'a 12 booda fayyee hojiitti deebi'uu hin dandeenye akkaataa kwt.46 jalatti tumametti faayidaalee argachuu qabu kan kennamuuf ta'uu dha. Kana jechuun hojjetaan tokko haala olitti ibsameen yeroo ji'a 12 booda baasii yaalaaf barbaachisu mana hojii isaa gaafachuuf mirga kan hin qabne fi

faayidaalee kwt.46 jalatti tumaman gaafachuu akka qabuu dha. Bu'uura kanaan gaaffiin iyyattuu kanaa yoo ilaalamu, iyyattuun kun hojiif otoo motoraan deemtuu qaama ishee irra miidhaan kan gahe gaafa 20/7/2002 yoo ta'u, yeroo ji'a 12 keessatti D/kennaan kun baasii yaaliif barbaachisu akka naaf kaffalu jechuun M/Murtii Bulchiinsaatti ta'ee M/Murtiitti dhiyeeffachuu otoo qabduu erga yeroon kun darbee gaaffiin isheen dhiyeessite, waan gaafachuuf mirga hin qabne irratti waan ta'eef, ji'a 12 booda gaaffii kana dhiyeessuuf mirga waan hin qabneef, gaaffiin ishee deeggarsa seeraa hin qabu. Iyyattuun kun baasii yaalaaf barbaachisu erga miidhaan ishee irra gahee yeroo ji'a 12 keessatti waan hin dhiyeessineef, amma gaaffii kana dhiyeessuuf mirga hin qabdu malee otuma ta'eellee bu'uura labsii lakk.61/1994 kwt.45 (1)tiin D/kennaan kun baasii yaala fi geejiba biyya alaatiif barbaachisu kaffaluuf dirqama seeraa qabaa kan jedhu qabxii deebii argachuu qabu. Akkuma tilmaamuun danda'amutti, sadarkaan dinagdee biyyi keenya irra jirtu, bajata waajjiraalee mootummaaf ramadamu, baasii yaalaa fi geejiba biyya alaaf barbaachisu guddaa ta'uu waliin yoo ilaalamu, mootummaan hojjetoota mootummaa hundaaf kaffalee biyya alaatti ergee ni yaalchisa jechuun kan danda'amu hin fakkaatu. Mootummaan hojjetoota isaa hundaaf baasii yaalaaf barbaachisu hunda kaffalee biyya alaatti yaalchisuuf karoora qaba yoo ta'e seeraan dhimma ifatti kaa'amuu qabuu dha. Kanaan ala garuu 'baasii yaalaaf barbaachisu' kan jedhu baasii yaalaa biyya keessaaf barbaachisu jedhamee hiikamuu qaba. Kana waan ta'eef, D/kennaan kun baasii yaalaaf barbaachisu fi kan

geejibaa kaffaluun iyyattuu kana biyya alaatti ergee yaalchisuuf dirqama seeraa waan hin qabneef, gaaffiin iyyattuun dhiyeessite fudhatama hin qabu. Kanaafuu, M/Murtii Bulchiinsaa fi M/M/W/Oromiyaa murtiin isaan kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu jenneerra.

Ajaja

- Murtiin M/Murtii Bulchiinsaa, Biiron Siivil sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa galmee lakk.1/-333/2004 ta'e irratti guyyaa 22/12/2004 kennee fi ajajni M/M/W/Oromiyaa galmee lakk.140975 ta'e irratti guyyaa 29/01/2005 kennan bu'uura S/D/F/S/lakk.348 (1)tiin cimeera.
- Walfalmitoonni baasii fi kasaaraa asitti isaan irra gahe of haa danda'an.
- Garagalchi murtii kanaa M/Murtii jalaa haa gahu.
- Galmee cufnee gara mana galmeetti deebifneerra.

Lakk.gal.156925

Guyyaa-27/12/2005

Abbootii Seeraa:-

1/Bojaa Taaddasaa

2/Naasir Faaris

3/Abdussalaam Sirraaj

4/ Geetaachoo Takilee

5/Geetaachoo Ida'aa

Iyyattuu-Ababaayee Taaddasaa-hin dhiyaanne

Waamamtuu-Tiringoo Tagany-dhiyaatte

Galmeen Qoratamee Murtiin Itti Aanu Kennameera.

MURTI

Iyyatni komii kun dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e Ajaja MMO GO/SH/Kaabaa Gal.lakk.35844 ta'e irratti dhaddacha gaafa 09/02/2005 ooleen,murtii manni murtii aanaa Dabira Libaanos gal.lakk.09715 ta'e irratti gaafa 02/02/2005 dhimma gidduu walfalmitoota ammaa ilaalee lafa falmii kaasise waamamtuuf murteesse oliyyaannoon ilaalee waan raggaasiseef komachuudhaani.

Falmiin M/Murtii jalaa gabaabinaan yoo ilaalamu, iyyattuun ammaa Ababaayee Taaddasaa fi ilma waamamtuu ammaa kan ta'e Geetaahuun Kifiluu gaa'elaan waliin turanii waan gaa'elli isaanii jigee addaan bahaniif lafa amma falmiif ka'umsa ta'e kana karaa mana murtii akka qooddatan ta'ee raawwiin of harkaan gahataniiru. Haa ta'u malee waamamtuun ammaa lafichi kan kiyya jechuudhaan akka deebi'uuf bu'uura S/D/F/S/kew.358n iyyattee yoo falmitu M/Murtii jalaa ilaalee murtii kenneen kan waamamtuun ammaa iyyatte eega raawwiin xumuramee waan ta'eef jechuun gaaffii isii kufaa taasiseera. Kana booda waamamtuun ammaa irra deebitee iyyata bu'uura S/D/F/S/kew.455n dhiyeessiteen M/Murtii aanichaa akka haaratti falmisiisee mormii adda addaa iyyattuun ammaa kaaste kufaa taasisuun ragaa dhagahee qabiyyee duraan raawwiidhaan iyyattuu ammaa fi dhiirsaa isii harka galee ture akka waamamtuun ammaa fudhattu murteesseera. M/Murtii Olaanaa godina Shawaa Kaabaas kanuma cimseera. komiin is kanuma irrattidha. Iyyattuun komii gaafa 14/02/2005 barreessitee dhiyeeffatteen, lafa bakka lamaatti argamu balliinni isaa hektaara 0.60 fi 0.28 ta'e daangaa isaa kan lafa bakka Sulula jedhamuu Bahaa fi Lixaan Fissahaa Baayyuutiin, Kaabaan-Masfin Maammootiin, Kibbaan-Shawaaraggaa Farradaatiin daanaga'u, kan bakka Gixoo jedhamutti argamu immo, Bahaa fi Lixaan Fissahaa Baayyuutiin, Kaabaan-Tiringoo Tagany, Kibbaan-Geetaahuun Kifiluutiin daangeeffamu ilaalchisee, waamamtuun ammaa kan kiyya jechuun yemmuu bu'uura S/D/F/S/kew.455n nahimattu anii fi

dhiirsi kiyya dursinee qoodannee turre. Anis kanuma bu'uureffachuun mormii kaaseen yeroo gaa'elli kiyyaa fi dhiirsa kiyyaa diigamee nuti lafa kana raawwiin qoodanu waamamtuun ammaa utuma argituu fi beektuu bu'uura S/D/F/S/kew.358n M/Murtii jalaatti iyyattee irratti falminee waamamtuun eega murtiin kenname raawwatameen booda waan iyyattee gaaffiin isii kufaa ta'eera.

Anis kanuma bu'uureffachuun akka dhimmi kun dursee anaa fi dhiirsa kiyya irratti falminee murtii argatee eega raawwatameen booda akka S/D/F/S/kew.358tiin waamamtuun iyyannaan kufaa ta'eera waan ta'eef irra deebi'amee ilaalamuun akka S/D/F/S/kew.5n dhorkaa waan ta'eef iyyanni waamamtuu kufaa ta'uu qaba jedhee mormeera. Kana malees iyyattuun yeroo anii fi dhiirsi kiyya lafa kana woggaa 18 itti fayyadamnee irratti falminee addaan qoodannu waamamtuun ammaa akka S/D/F/S/kew.41 ykn 418n waan iyyatte hinqabdu. utuu akka seeronni kunniin jedhanitti hayyamanutii hin iyyatin eega gaaffiin isii akka S/D/F/S/kew.358n kufaa ta'een booda yeroo 2ffaaf iyyaachuun fi manni murtii aanichaa mormii kiyya irra darbee natti murteessuu fi manni murtii Olaanas oliyyannoon ilaalee raggaasisuun isaa dogongora seeraa isa bu'uuraati.

Kanaafuu, waamamtuun ammaa lafa falmii kasise anii fi dhiirsi kiyya woggaa 18f ittifayyadamne yeroo gaa'elli keenya diigametti murtiidhaan addaan qoodanne, iyyanni waamamtuu ammaa akka

S/D/F/S/kew.358n dhiyeessite kufaa ta'ee ture adeemsa seeraan ala ta'een iyyata akka S/D/F/S/kew.455n dhiyaate M/Murtii jalaa mormii kiyya kufaa taasisuun akka waamamtuuf gadilakkisu natti murteessuun dogongora seeraa bu'uuraa waan ta'eef akka naaf diigamuu fi lafaa yeroo dheeraaf itti fayyadame akka naaf deebi'u jechuun gaafatteerti.

Dhaddachi kunis komii iyyattuu fi murtii manneen murtii jalaa qorachuun qabxiin qulqullaa'uu qabu jira jechuun nidhiyeessisa jedhee waamamtuunis dhiyaattee deebii gaafa 17/03/2005 barreessitee dhiyeessiteen komiin iyyattuun dhiyeeffatte seera qabeessa miti. Sababiin isaas ani waamamtuun ammaa mana murtii aanaatti gidduugalee waanin falme hinqabu. Mormiin hin ilaalamne. Murtiin raawwatameera jedhames sababa lafichi kiyya ta'uun hubatameef murtiin dhiirsaa fi niitiif kennamee ture akka hafuu fi lafichi naaf deebi'u ta'eera. Dhimma akkanaa irratti MMW Federaalaa gal.lakk.50835 ta'e irratti murtii kenneera. Qabiyyeen kun kan kiyya ta'uu haala seera diriiree jiruutiin himadhee ragaadhaan naaf mirkanaa'ee naaf murtaa'uun sirriidha. Iyyanni ani akka /S/D/F/S/kew.358n dhiyeeffadhee ture ijoo falmii keessa seenee hin ilaalamne. S/S/D/F/S/kew.455 ammoo qabeenya sababa murtiitiin nama harkaa bahee raawatame irra deebi'amee akka ilaalamuuf gargaara waan ta'eef haala kanaan naaf ilaalamuun sirriidha. Kanaafuu murtiin manneen murtii jalaa dogongora seeraa bu'uuraa waan hinqabneef komiin iyyattuu kufaa ta'ee akka naaf ragga'u jechuun

gaafachuun deebii kennatteerti. Kana boodas dhaddachi waan ajajeef garagalchii(kooppiin) galmee lakk.09715 fi lakk.09431 ta'anii mana murtii aanaa irraa ergamanii galmee kanaan walqabateera. Falmiin kanumaan xumuramee dhaddachi irra deebi'ee galmee qorateera.

Haaluma kanaan qabxii, himannaa akka S/D/F/S/kew.455n akka haaraatti waamamtuun dhiyeessite M/Murtii jalaa ilaalee lafa falmii kaasise murteessuufiin deeggarsa seeraa qabamoo miti? Ijoo jedhu qabanneerra.

Akka galmee qoratamee irraa hubatamutti lafa bakka lamatti argamu daangaan falmii keessatti ibsame ballinni isaa Hektaara 0.60 fi 0.28 ta'e iyyattuu ammaa fi dhiirsa isii kan ta'e Gaataahun Kinfuu gaa'ela keessatti yeroo dheeraaf itti fayyadamaa turanii sababa waldhabanii gaa'elli isaanii diigameef qabeenyaa fi qabiyyee qabna jedhan mana murtii aanaatti dhiyeeffatanii gal.lakk.09431 ta'e irratti manni murtii addaan qoodeefii raawwiinis xumuramee eega galaniin booda waamamtuun ammaa haati dhiirsa iyyattuu ammaa iyyata bu'uura S/D/F/S/kew.358n mirga kiyyatu dhiibame jechuun iyyattullee manni murtii aanichaa qoodiinsi qabiyyee kanaa gal.lakk.09599 ta'e irratti erga raawwatameen booda waan iyyatteef iyyata waamamtuu kan kufaa godhe ta'uun hubatameera.

Kana booda iyyattuun Gal.lakk.09715 ta'e irratti bu'uura S/D/F/S/kew.455tiin himannaa haaraa iyyattuu ammaa fi dhiirsa iyyattuu irratti dhiyeeffatteetri. Iyyattuun ammaa mormii adda addaa

kaastullee manni murtii jalaa kufaa taasisee lafa duraan murtii argatee raawwiin xumurame ragaa namaa dhagahee waamamtuuf murteesseera.

Haala olitti ibsameen mormii iyyattuun kaasaa turtee fi seera yoo waliin qorannu waamamtuun yeroo iyyattuun dhiirsa isiitiin falmittee qabiyyee kana murteessifatani qoodatan akka S/D/F/S/kew.41n mirga kiyyatu dhiibama jettee gidduu galuuf waan gaafatte hinqabdu.Lafti kun naharka jira jettees yeroma raawwiin adeemsifamullee bu'uura S/D/F/S/kew.418n waan iyyatte hinqabdu.yeroo bu'uura S/D/F/S/kew.358n iyyannaa dhiyaate M/Murtii aanaa kufaa jalaa taasisu komattee gara mana murtii olaanaatti oliyyattee waan sirreeffachuuf yaaltes hinqabduu,wanti sirraa'eefis hinjiru.Yeroo iyyattuu ammaa fi dhiirsi isii(ilmi waamamtuu) jalqabaa kaasanii yeroo dheeraaf waliin falmanii gaa'elli diigamee qabeenya qabna jedhanii mana murtiitti dhiyeeffatanii irratti murteessifatani raawwiin geggeeffamu hunda waamamtuun ammaa odeeffannoo hinqabdu ykn hinbeektu jechuun hindanada'amu.Kun ammoo kan mirkaneessu falmii iyyattuun ammaa lafa falmii kaasise kanatti turtii gaa'ela keessa dhiirsa isii waliin turte woggaa 18 guutuu laficha qabannee ittifayyadamaa turre kana booda nagaafachuu hindandeessu jettu kan mirkaneessuu fi qabiyyee yeroo dheeraa kanaaf iyyattuu fi dhiirsi isii qabatanii itti fayyadamaa turan akka haaraatti gadinaaf halakkisan jechuun waamamtuu deeggarsa seeraa kan qabu ta'ee hin argamne.

Gama biraatiin ragaan namootaa waamamtuu fi ragaan barruu dhiyaate lafichi kan waamamtuuti jechuun ala qabattee itti fayyadamaa turuu waan mirkaneessan hinqaban.Ragaaleen iyyattuu ammaa garuu akka dhiirsi iyyattuu lafa kana qabatee ittifayyadamaa ture mirkaneessaniiru.Lafti ammoo fageenyatti callisanii anatu abbaa qabiyyeeti jechuun kan mirga nama gonfachiisu utuu hintaane akkuma qabeenyota biroo ofharka galfatanii kunuunsanii itti fayyadamuu kan barbaaduudha.Haala kanaan waamamtuun itti fayyadamaa turuu waan mirkaneessite hinqabdu.Kana malees yommuu waamamtuun ammaa bu'uura S/D/F/S/kew.455n himannaa dhiyeessitu dhiirsi iyyattuu(ilmi waamamtuu ammaa)maqumaaf waliin haa himatamuyyuu malee deebii kenneen qabiyyeen kun kan isaa ykn kan waamamtuu ta'uu waan mormee fi falme hinqabu.kunis yoo ilaalamu qabiyyee kana dhiirsi iyyattuu eega qoodateen booda mirga iyyattuun ammaa isa waliin qabdu dhabsiisuuf kan yaadameedha.Qabiyyeen kun kan waamamtuu ammaa utuu ta'ee yeroma iyyattuun akka qabeenya dhiirsaa fi niitiitti tarreessitee dhiyeessitee raawwachiifattu akka waamamtuun gidduugaltee falmattu falmii kaasa ture.

Qabiyyee haala kanaan iyyattuu fi dhiirsi isii yeroo dheeraaf waliin fayyadamaa turan bu'uura B/D/F/S/lakk.455n gaafachuun yoo ilaalamu waamamtuun mirga seerri falmii sadarkaa adda addaatti akka falmattu kenneef dhiisuun haala kanaan dhimma xumura argatee ture yoo gaafattu M/Murtii

jalaatis gaaficha keessummeessee murteessuufiin dogongora seeraa ta'ee argameera.

Gama biraatiin waamamtuun akka S/D/F/S/kew.6n ragaa ykn gocha murtiin duraa itti kenname deeggarsa seeraa hinqabne argadhe jettees waan dhiyeeffatte hinqabdu. waamamtuun eega dhimmi murtaa'ee raawwatameen booda akka haaratti gaafachuun namoota famii adda addaa geggeessanii mirga argatan callisanii irra deddeebi'anii haala yeroo isaa hineegganneen gaafii dhiyeessan hayyamuufiin murtiiwwan dursanii kennaman utuu hinhaqamin achumatti dhiisanii bira darbanii iyyatuma sadarkaa falmii seerri hin hayyamneen dhiyaatu fuudhanii jecha ragaa namaa dhagahuun diiguun mirga murtiin mirkanaa'ee dhabsiisuun dogongora seeraa bu'uuraati.kun ammoo mirga namni murtiin argate wobummaa dhabsiisuudha.

Kana jechuun iyyatni mirgaa yeroo isaa haala seerri hayyamuun dhiyaatu fudhatama hinqabu yaada jedhu irraa ka'uunii miti. Gaaffii ykn iyyata haala kanaan dhiyaatee kufaa ta'e murtii mana murtii waliigala federaalaa dhaddacaha ijibbataa jildii 13ffaa keessatti galmees lakk.67127 ta'e irratti dhaddacaha gaafa 08/10/2004 ooleen kenname ilaaluun nidanada'ama.Walumaagalatti,sababoota armaan olitti ibsameen utuu murtiin duraan qabiyyee falmii kaasise irratti kennamee fi raawwiin isaa xumurame jiruu iyyatni waamamtuun ammaa yeroo isaa malee akka S/D/F/S/kew.455n dhiyeessan M/Murtii jalaa murtii

duraan kenne achumatti dhiisee murtii biraa kennuun lafa falmii kaasise deebisee waamamtuuf murteesse dogongora seeraa bu'uuraa kan qabu ta'ee waan aragameef murtii MM aanaa Dabira Libaanos gal.lakk.09715 ta'e irratti gaafa 02/02/2005 kennee fi kan MMO GO/SH/Kaabaa gal.lakk.35844 ta'e irratti gaafa 09/02/2005 kennuun murtii MM aanichaa raggaasise bu'uura S/D/F/S/kew.348(1)diigameera.

Ajaja

Qabiyyeen lafaa falmii kaasisee ganada Dirree Jiboo keessatti argamu bakka Sulula jedhamutti ballina hek.0.60 fi bakka Gixoo jedhamutti aragamu ballinni hek.0.28 ta'e iyyattuu ammaaf akka ta'u murtaa'eera.

Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa haga'u.

Dhorki galmee raawwii MM aanaatti argamu lakk.09955 ta'e irratti kennamee ture ka'eera.

Baasii fi kisaaraa gareen lamaan ofhadanada'anuu jenneerra.

Galmeen cufameera,mana galmeetti hadeebi'u.

Abbootii Seeraa;

- 1/ Damoozee Maammee
- 2/ Naasir Faaris
- 3/ Abdussalaam Sirraaj
- 4/ Balaayinash Taaddasaa
- 5/ Geetaachoo Ida'aa

Iyyataan-Sayid Haji Bakar-

Waamamaan-Abdii Mahaammad-

Galmeen Qoratamee Murtiin Itti Aanu Kennameera

MURTII

Iyyatni komii kun dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e Ajaja MMO GO/H/Bahaa gal.lakk.----- ta'e irratti dhaddacha gaafa ooleen murtii MM aanaa Kombolchaa gal.lakk.16447 ta'e irratti gaafa 13/05/2005 kenne oliyyanoon ilaalee waan cimseef komachuudhaani.

Falmiin MM jalaa gabaabinaan yoo ilaalamu, Waamamaan ammaa himannaa iyyataa ammaa irratti mana murtii aanaa Kombolchaatti dhiyeeffateen iyyataan ammaa lafa(dachii) Araddaa

ibbiluu keessatti argamu walcinaadhaa qabnu qabiyyummaan isaa kan iyyataa ammaa ta'e irratti eela bishaan itti kuusan qotatee itti fayyadamaa ture ballisuudhaan daangaa natti darbee lafa kiyya qabatee eela isaatti waan fayyadamaa jiruuf akka lafa kiyya eela irratti qotate gadnaaflakkisu ykn eela kana waliin fayyadamnu jechuun himateera. Iyyataan ammaas deebii kennateen mormii dhimmi kun duraan mana murtii hawaasummaa gandatti ilaalameera jedhuu fi akka daangaa darbee lafa waamamaa ammaa irratti eela bishaanii hinqatanne waakkatee falmeera. Manni murtii aanichaa akka ragaan bitaa fi mirgaa dhagahaman ajaja kennullee kan himataa jalaa (waamamaa ammaa) dhiyaatanii kan dhagahaman yoo ta'u iyyataan ammaa waan dhiyeeffachuu dideef bira darbee murtii kenneera. MM aanichaas ragaan waamamaa ammaa akka iyyataan ammaa dangaa gara lafa waamamaa ammaatti darbee eela qotate waan mirkanaa'eef iyyataan ammaa akka lafa waamamaa ammaa ballinni isaa harka 1 fi 1/2 gadilakkisuuf ykn yoo waliigalan akka waliin fayyadaman jechuun murteesseera. Iyyataan ammaa gara MMotti oliyyatullee MMotis murtii MM aanicaa raggaasiseera. Komiin ammaas kanuma irrattidha.

Iyyataan komii gaafa 12/06/2005 barreessee dhaddacha ijibbaataa kanaaf dhiyeesseen, daangaan anaa fi waamamaa gidduu jiru bara 1998 keessa utuu laba.lakk.130/99 hinbahin dura murtii waan argateef dhimmi kun isuma duraatiin kan walqabatu ta'ee utuu jiruu MM aanichaa himannaa dhiyaate kufaa taasisuu

dhiisee natti murteessuun dogongoradha. Ragaa ittisaa dhiyeeffachuun mirga kiyya ta'ee utuu jiruu manni murtii jalaa ragaa kiyya irra darbuun dogongoradha. Eela kiyyaa fi lafa waamamaa ammaa giduutti lafti duraan naaf murtaa'ee ture kan jiruu fi daangaa karaa dhihaatiin amma waamamaan nahimateen kan waldaangessinu nama Aammee Haaruun jedhamuun malee waamamaa ammaa waliin daangaa utuu hinqabaatin jecha namoota duraan koree turre jedhanii qofa dhagahuun murtiin narratti kenname dogongoradha. Eela ani lafa koo keessaatti qarshii 200,000 itti baasee qotadhe baasii tokko malee akka waliin fayyadamnu murtiin kenname dogongoradha. Kanaafuu murtiin manneen murtii jalaa dogongora seeraa bu'uuraa waan qabuuf naaf diigamee akka ragaan kiyyas dhagahamee ogeessis gaafatamee naaf murtaa'u jechuun gaafateera.

Dhaddachis galmee qoratee qabxiin qulqullaa'uu qabu jira jechuun nidhiyeessisa jedhee waamamaanis dhiyaatee deebii gaafa 16/07/2005 qopheessee dhiyeeffateen komiin iyyataan ammaa dhimmi kun dursee murtii aragateera jedhu ilaalchisee waa'ee baargamoo irratti hinfalmine malee utuma falminee murtaa'eeyyuu dhimma ammaa daangaa darbuun eela qotachuutiin waan walqabatu waan hintaaneef komiin isaa fudhatama hinqabu. Ragaa ittisaa ilaalchisee MM akka iyyataan dhageessifatu ajaja kennullee dantaa dhabuudhaan waan dhiyeeffachuu dideef bira darbame malee MM dhagahuufii hindidne waan ta'eef komiin kun deeggarsa seeraa hinqabu. Falmiin iyyataan daangaa

dhihaatiin ana waliin akka waan wal hindaangessineetti kaasu dhugaa miti falmiin kiyya ragaan kan mirkanaa'e yoo ta'u komiin isaa ragaan waan hindeeggaramneef fudhatama hinqabu. Iyyataan hanga lafa kiyyatti daangaa darbee eela qotatee ittifayyadamaa jiraatee yoo waliin hinfayyadamnu kan jedhu ta'e hanga lafa kiyyatti darbeen narraa cufuu waan qabuuf murtiin MM jalaatiin gama kanaan kenname dogongora seeraa bu'uuraa hinqabu. kanaafuu komiin iyyataa kufaa ta'ee murtiin MM jalaa naaf haa cimuu jechuun gaafateera.

Kana booda kooppiin galmee guutuu mana murtii sanaa irraa fuulli 19 xalayaa geggeessituu lakk. 16447 ta'een gaafa 17/12/2005 barreeffamee dhiyaatee galmee walqabateera. Falmiin kanumaan xumuramee dhaddachi irra deebi'ee galmee qorateera.

komiin iyyataan ammaa dhimmi kun kana dura murtii aragateera jedhu qabxii fudhatama qabu moo miti? lafa waamamaatti darbuun mirkanaa'era moo miti? akka gadi lakkisu ykn waliin fayyadaman murtiin kenname hoo?

Akka galmee qorannetti iyyataan ammaa dhimmi kun kana dura bara 1998 keessa mana murtii hawaasummaa gandaatiin murtii aragateera kan jedhu garagalcha galmee mana murtii jalaa irraa dhufe keessa ragaa murtiidha jedhame yoo qorannu barreefama gaafa 30/11/1998 qophaa'e yoo ta'u innis kan ibsu waa'ee walldhabiinsa lafa irratti waamamaa fi iyyataa ammaa giduutti uumame ilaalchisee lafa falmii kaasise iyyataan ammaa abbaa isaarraa dhaalaan aragate waan

ta'eef iyyataa ammaa bilisa baasneerra kan jedhu yoo ta'u, barreeffama kana akka murtiitti fudhachuun kan nama rakkisu ta'uun alattis barreeffamichi waa'ee lafa baargamoo qabuu malee waa'ee falmii eela qotamee waan dubbatu hinqabu jedhee MM jalaa kufaa godhee bira darbuun isaa sirriidha jenneerra. Iyyataan ammaa eela qotee daangaa gara lafa waamamaatti darbuun mirkanaa'eeraa? kan jedhuuf ragaaleen waamamaa MM aanaatti dhiyaatanii ragan iyyataan ammaa daangaa lafa waamamaatti darbee bishaan boollaa fayyadamaa akka jiru mirkaneessaniiru. kana malees qaboon yaa'ii MM H/Araddaa gaafa 13/02/2005 fuula lama irratti ragaa fuudhanii murtii kennan akka iyyataan ammaa eela qotee lafa waamamaatti darbee fayyadamaa jiru kan mirkaneessan ta'uu fi iyyataan ammaa yaada ykn murtii kana hinfudhu jedhe galmaa'ee kan jiru ta'uu garagalcha galmee MM jalaa irraa dhufe keessaa jiru irraa hubanneerra. Iyyataan garuu mormii isaa ragaa dhiyeeffatee dhageessifate hinqabu. kanaaf komiin iyyataan daangaa lafa waamamaatti hindarbine jedhu kufaadha.

Walumaagalatti lafa falmii kaasise aanaa Kombolchaa Araddaa Sibiluu keessatti aragamu bakka walitti bu'iinsa walfalmitoota gidduutti kaasise iyyataan ammaa eela bishaanii qotatee gara lafa(dachii)waamamaatti ballisuun daangaa waan darbeef ballina harka 1 fi ½ (harka tokkoo fi walakkaa)bishaan eelaa kana akka waamamaa irraa cufu ykn yoo walta'an ammoo waliin fayyadaman jedhee murtii MM aanaa kennee fi MMO cimse yoo ilaallu

garee haala kanaan walmormaa jiruun waliin fayyadamaa jechuun bu'a qabeessa waan hintaaneef bu'uura himannaa waamamaa(Abdii Mahaammadiin) iyyataan ammaa akka irraa cufu ykn kan daangaa darbe akka irraa deebi'u jechuun waliin fayyadamaa kana jedhu qofa fooyyeessuun ijoo falmii MM jalaa akka iyyataan ammaa bishaan waamamaa irraa cufu ykn irraa deebi'u jedhame dogongora seeraa bu'uuraa hinqabu jennee bu'uura S/D/F/S/kew.348(1)n cimse murteessineerra.

Ajaja

Akka murtii kanaatti akka raawwachiisaniif garagalchi murtii kanaa MM jalaa haga'u.

Baasii fi kisaaraa waamamaa irra gaheef iyyataan ammaa qarshii 400(dhibba afur)akka kaffaluuf ajajameera.

Dhorkaan(Uggurri)gal.raawwii MM aanaa Kombolchaa laak.17026 ta'e irratti kenname ka'eera.

Galmeen cufameera, mana galmeetti hadeebi'u.

- A/Seeraa: 1. Bojaa Taaddasaaa
2. Tuulii Baay'isaa
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Fayyisaa Tolasaa
5. Fiixaa Dachaasaa

Iyyataan:- Kolleejjii Madda Walaabuu

D/kennaan:- Ashabbir Oonchoo

Galmeen qoratamee kan itti aanu murtaa'eera.

MURTII

Dhimmi kun Dhaddacha Ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e falmii hojii waliigalteen hojii seeraa ala waan citeef himatamaan jalaa (iyyataan ammaa) mindaan kuufamee fi kan dadhabbi kootii naaf kaffalee gara hojiitti akka na deebisu, yoo kun hin taane bu'uura labsii lakk.377/96tiin kaffaltii naaf kaffaluu qabu akka naaf kaffalu jechuun himataan jalaa (D/kennaan ammaa) himannaa dhiyeesse ilaalchisee M/M/A/Amboo bitaa fi mirga falmisiisuun galmee lakk.28354 ta'e irratti murtii guyyaa 03/08/2004 kenneen himataa kanaaf mindaan kaffalamu ilaalchisee ragaan waajjira galiwwan irraa dhiyaate akka ibsutti mindan waajjira mootummaa irraa kaffalamu 'other income' yoo jedhu, kan kolleejjii himatamaa irraa kaffalamu ammoo 'basic

salary' kan jedhuu fi hojjettoota kaan waliin mallatteessee mindaan kan kaffalamuuf waan ta'eef himatamaan kun himataan mindaa mallatteessee hin nyaanne kan jedhu fudhatama hin qabu, himataan bu'uura labsii lakk.377/96tiin kaffaltii argachuu qaba, himatamaan kun himataan bara 2000-2004tti 'part timer' waan ta'eef addaan kunneerra kan jedhuuf bara 2000 irra dhaabbatanii bara 2004tti yaada akkasii qabna kan jedhu wanta yaadamu miti, himatamaan kun himataa kana xalayaan qacaree waan jiruuf yoo gaggeessuus xalayaan gaggeessuu otoo qabuu akkasumaan gaggeessuun isaa sirrii miti, kanaafuu himatamaan kun himataa seeraa ala hojii irraa waan gaggeesseef beenyaa kaffaluu qaba jechuun bu'uura labsii lakk.377/96 kaffaltii kaffalamuuf qaba jechuun qarshii 28,247.16 himataaf akka kaffaluuf kan murteesseera.

Himatamaan jalaa murtii kana komachuun ol'iyannoo isaa M/M/O/G/Sh/Lixaatti yoo dhiyeeffatu M/Murtichaa dhimmicha ilaaluun galmee lakk.49250 ta'e irratti ajaja guyyaa 24/08/2004 kenneen ol'iyannoo dhiyaate haquun murtii jalaa cimsuun kan murteesse; dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf akka kufaa nuuf ta'u jechuun iyyataan ammaa waan iyyateef dha.

Iyyataan komii iyyannoo guyyaa 25/08/2004 barreeffameen D/kennaan himannaan isaa maallaqa qarshii 37,000 waan gaafateef aangoo M/M/Aanaa otoo hin taane; D/kennaan kun al-idilummaan

(part timer) sa'aatiin qarshiin 25 kaffalameef kan hojjechaa ture yoo ta'u yeroo koorsiin humna barsiisota idileetii ol hin taane D/kennaadhaaf koorsii kennuuf otoo dirqama hin qabne seeraa ala

ari'ame jechuun gaaffiin dhiyeesse bu'uura seeraa hin qabu M/Murtiis seeraa ala gaggeeffame kan jedhe, D/kennaa waliin waliigalteen qabnu kan yeroo murtaa'eef yoo ta'u yeroon kun xumuramee otoo jiruu, D/kennaan kun bu'uura labsii lakk.377/96tiin hojjetaa dhuunfaa otoo hin taane hojjetaa mootummaa ta'uun isaa ifa ta'ee otoo jiruu, D/kennaan kun hojjetaa miti malee otuma hojjetaa dha jedhamee illee 'kolleejjii kan Ofii' jedhu hundeessuun gochoota faayidaa ol'iyataa waliin walitti bu'an keessa seenuu isaa wanti haale otoo hin jirre faayidaa keenya irra miidhaa waan geessiseef koorsii dhorkachuun keenya seera qabeessa dha, iyyataan kana dhugoomsuuf ragaa dhiyeessee otoo jiruu M/Murtii jalaa otoo nuuf hin dhagenye ragaan qabatamaan dhiyaate hin jiru jechuun kan bira darbe; kaffaltiin ragaa D/kennaan dhiyeesse turjumaansisuu fi bu'uura labsii lakk.377/96 kwt.44tiin kaffaltii seerri hin keenne akka kaffalu kan murtaa'e waan ta'eef, sababoota olitti ibsameen murtiin M/Murtii jalaa kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef akka kufaa nuuf ta'u baasii fi xaariin akka nuuf kaffalamu jechuun iyyateera.

Komiin iyyannoo kun ni dhiyeessisa waan jedhameef D/kennaan akka deebii kennu ajajamee deebii guyyaa 18/10/2004 barreeffameen M/M/Aanaa bu'uura labsii lakk.377/96 kwt.138tiin dhimma kana ilaaluuf aangoo ni qaba, labsii lakk.61/1994 kwt.56 kan jedhu haala

hojii isaa waliin walitti hin buuneen hojii dabalataa hojjechuun akka danda'amu kan ibsuudha malee gonkumaa hojii dabalataa hojjechuu hin danda'amu kan jedhu miti, bu'uura labsii lakk.377/96 kwt.2 (3)tiin walitti dhunfeenya qacarrii jidduu keenya kan jiru ta'uun ragaan barreeffamaa dhiyaatee jira, iyyataan kun komii dhiyeesseen D/kennaan hojii al-idileedhaan qacarame haa jedhu malee ani bara 1996 eegalee hanga 30/03/2004tti kolleejjii iyyataatti mindaa ji'a ji'aan walirraa hin cinnee fi yeroo yerootti guddina agarsiisaa tureen qacaramee kan hojjechaa turee fi daballiin mindaa naaf taasifamaa kan ture ta'uu ragaan dabalataa fi peeroliin mindaa bara 1997 hanga Sadaasa 30, 2004tti gibirri kan itti kaffalamaa ture ta'uu ragaan barreeffamaa dhiyaatee jira, iyyataan kun D/kennaan barattoota kolleejjichaa abaabbaluudhaan ykn gorsuudhaan gara Kolleejjii Kan Ofii jedhamutti waan ergeef balleessaa isaan hojii irraa gaggeessine haa jedhu malee ololli odeeffame dhugaa ta'uu fi dhiisuu M/Murtii aangoo qabutti himatamee murtiin balleessummaa otuu natti hin kennamiin kaka'umsa mataa isaatiin hojii koo irraa seeraa ala kan na gaggeesse ta'uu waan mirkaneessuuf murtiin jalaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef naaf oimee baasii fi kasaaraan akka naaf muramu jechuun falmeera.

Falmin bitaa fi mirgaa kan armaan olitti dhiyaate yoo ta'u seera waliin akka itti aanutti qoratameera. Akka galmee kana keessa qorannetti ijoon furmaata argachuu qabu D/kennaan kun seera ala hojii irraa gaggeeffame moo? miti? kan jedhu ta'uun hubatameera. Galmee

kana keessaa akka hubatamutti, D/kennaan kun bara 1996 eegalee dhaabbata iyyataatti hojjetaa dhaabbii ta'ee qacaramee haa jedhu malee waliigaltee barreeffamaa kana hubachiisu hin

dhiyeessine. D/kennaan kun xalayaa daballiin mindaa itti taasifame malee waliigaltee qacarrii hin dhiyeessine. Gama iyyataan ammoo waliigaltee gaafa Onkoloolessa 16 bara 1997 barreeffameen hojii al-idileedhaan (part-time employment) kaffaltii sa'aatii barsiiseen qarshii 25.00tiin D/kennaa kana kan qacare ta'uu hubachisa. Waliigaltee kana irratti akka waliigalametti iyyataan kun kaffaltii kana malee dirqama biraa kan hin qabne ta'uudha. Kana malee, iyyataan kun waliigaltee gaafa Hagayya 30 bara 2000 taasifameen D/kennaan kan qacarama hojii al-idileedhaan bara barnootaa Hagayya bara 2000 hanga Sadaasa bara 2004tti kaffaltii sa'aatii hojii qarshii 25.00tiin kan waliigalan ta'uu dha. Gama biraan, iyyataan kun walga'ii boordiin iyyataa gaafa 01/04/2001 fi 29/03/2003 taasifameen barsiisota al-idilee (part-timer) ta'aniif kaffaltiin taasifamu daballiin raawwatamuu kan qabu ta'uu kan murteesse akka ragaatti dhiyaatee jira. Kana malee, D/kennaan kun ji'atti kaffaltiin inni argachaa ture peerolii waajjira galiwwaan Bulchiinsa magaalaa Amboo irraa dhiyaate irraa akka hubatamutti, mindaa mootummaa irraa argamu (galii biroo) fi kaffaltii mindaa dimshaashadha ykn qulqulluu (gross or basic salary) kan jedhu ta'uun hubatameera.

D/kennaan kun falmii asittis ta'ee jalatti dhiyeesseen mana barumsa sadarkaa 2^{ffaa} Ambootti hojii barsiisummaan dhaabbiin qacaramee kan hojjetuu

ta'uu fi hojjetaa mootummaa ta'uu isaa wanti haalee falme waan hin jirreef akka amanetti kan lakkaa'amu dha. D/kennaan kun hojjetaa mootummaa ta'uu isaa kan hin haalle ta'uu irrayyuu labsii hojjetoota mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.61/1994 jalatti kan bulu ta'uu isaa wanti haalee falmes hin jiru.

Kana hunda walitti qabuun yoo ilaalamu, D/kennaan kun hojjetaa mootummaa mana barumsa sadarkaa 2^{ffaa} Ambootti dhaabbiin qacaramee kan hojjetaa jiru ta'uu dha. D/kennaan kun hojjetaa mootummaa mana barumsa mootummaatti dhaabbiin qacaramee hojjetu waan ta'eef haala hojii mootummaa hin miinee fi beekumsa mana barumsa mootummaa itti hojjetuun dhaabbiin iyyataa kana biratti qacaramee kan hojjechaa jiru ta'uu wanti falmee ragaan hubachiise hin jiru. Bu'uura labsii lakk.61/1994 kwt.56 (1)tiin 'hojjetaan mootummaa kamiyyuu tajaajila mana hojii isaaf kennu kan hir'isu ykn haala kamiinuu hojii irratti ramadamee hojjetu waliin kan walfaallessu ykn hojjetaa mootummaa ta'uu isaatiin kan walfaallessu hojii kamiyyuu hojjechuu hin qabu' jechuun tumameera. Bu'uura labsii kanaa keewwata xiqqaa 2tiin ammoo 'hojjetaan mootummaa kamuu mana hojii isaatti beeksisee yeroo boqonnaa isaatti hojii biraa kamuu hojjechuu kan danda'u

ta'uu' ni tuma. Bu'uura seera kanaan yoo ilaalamu, D/kennaan kun hojjetaa mootummaa dhaabbataa hanga ta'etti dhaabbata iyyataa kana biratti dhaabbiin hojjechuu kan danda'u ta'uu isaa ragaan inni dhiyeesse hin jiru. Gama biraan, D/kennaan kun hojjetaa mootummaa ta'ee mana barumsa mootummaatti

dhaabbiin otoo hojjechaa jiruu, dhaabbata iyyataatti ammoo hojjetaa dhaabbii ta'ee qacaramuu kan danda'u ta'uu isaa ragaan dhiyeesse kan hin jirre waan ta'eef, mana barumsa mootummaa itti hojjatu beeksisuu isaa ragaan dhiyeesse jiraachuu baatullee yeroo boqonnaa isaatti fayyadamee kan hojjetu ta'uun isaa ni hubatama.

Waliigaltee hojii dhiyaate irraa akka hubatamuttis, iyyataan kun D/kennaa kana hojii al-idileedhaan kaffaltii sa'aatii hojjetameen herreegee kaffalaa kan hojjechiisaa ture ta'uu dha malee hojjataa dhaabbii iyyataa ta'uu isaa wanti hubachiisu hin jiru. Kana waan ta'eef, D/kennaan kun bu'uura labsii lakk.377/96 kwt.10tiin hojii yeroo murtaa'eef kan qacaramee hojjechaa ture ta'uu dha. D/kennaan kun bara barnoota Hagayya bara 2000 hanga Sadaasa 30 bara 2004tti hojii al-idileedhaan kaffaltii sa'aatii hojjateen herreegamee kan kaffalamaa turee yoo ta'u, waliigalteen kun akkuma xumurameen iyyataan kun gaafa 01/04/2004 waliigaltee kana kan kute ta'uun isaa ni hubatama.

Kana waan ta'eef, iyyataan kun akkaataa waliigaltee isaan jidduu tureen D/kennaa kun yeroon hojiin al-idileen itti qacaramee waan xumurameef hojii irraa gaggeeffame waan ta'eef tarkaanfiin iyyataa kanaa seeraa ala dha wanti jechisiisu hin jiru. Iyyataan kun bu'uura waliigaltee hojii barsiisummaa al-idilee D/kennaa waliin raawwateen D/kennaa kana yeroon waliigaltee kun akkuma xumurameen waan gaggeesseef waliigalteen kun kan cite karaa seera qabeessaa dha malee seeraa ala miti (labsii lakk.377/96 kwt.24 (1)). Haala kanaan iyyataan kun D/kennaa kana karaa seera

qabeessa ta'een hojii irraa kan gaggeesse waan ta'eef bu'uura labsii lakk.377/96 kwt.39 (1, b)tiin kaffaltiiwwan adda addaa kaffaluuf dirqama seeraa hin qabu. Kanaafuu, Manneen Murtii jalaa iyyataan kun bu'uura waliigalteen D/kennaa kana hojiin barsiisummaa al-idileen yeroo xumurametti hojii irraa gaggeessee otoo jiruu waliigalteen hojii kun karaa seera qabeessan citee otoo jiruu bu'uura labsii lakk.377/96tiin kaffaltii gaggeeffama hojii, beenyaa fi kaffaltii biroo D/kennaadhaaf kaffalamu otoo hin jirre, iyyataan kun qarshii 28,247.16 (kuma digdamii saddeet fi dhibba lamaa fi afurtamii torba fi santima 16/100) D/kennaadhaaf akka kaffalu murtiin kennan, iyyataan kun kaffaltii seeraan dirqama hin qabne D/kennaadhaaf akka kaffalu waan taasisaniif, dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba jenneerra.

Ajaja

- Murtiin M/M/A/Amboo galmee lakk.28354 ta'e irratti guyyaa 03/08/2004 kennee fi ajajni M/M/O/G/Sh/Lixaa galmee lakk.49250 ta'e irratti guyyaa 24/08/2004 kennan bu'uura S/D/F/S/lakk.348 (1)tiin **diigameera**.
 - Walfalmitoonni baasii fi kasaaraa asitti isaan irra gahe of haa danda'an.
 - Garagalchi murtii kanaa M/Murtii jalaa haa gahu.
 - Dhorkaan kenname ka'eera.
- Galmee cufnee gara mana galmeetti deebifneerra.

Guyyaa 11/02/2006

- A/Seeraa: 1. Bojaa Taaddasaa
2. Qana'aa Qixxaataa
3. Laggasaa Birraasaa
4. Habiib Abbaa Jabal
5. Warquu Magarsaa

Iyyataa.....Baqqalaa Hordofaa

D/kennaan:-...Addunyaa Tulluu

Galmeen qoratamee kan itti aanu murtaa'eera.

MURTII

Dhimmi kun Dhaddacha Ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e iyyataan ammaa ajaja M/M/O/G/Sh/Kaabaa galmee lakk.30726 ta'e irratti guyyaa 29/06/2005 kenne komachuun dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf akka naaf diigamu jechuun waan iyyateef dha.

Falmii kanaaf ka'umsa kan ta'e, himataa jalaa (D/kennaa ammaa) himannaa M/M/A/Dagamitti himatamtoonni (iyyataa kana dabalatee namoota sadii) dhiyeesseen himatamaan 1^{ffaa} Baqqalaa Hordofaa fi himatamtuun 2^{ffaa} Abraasee Ida'aa dhirsaa fi niitii

ta'uun, himatamaa 3^{ffaa} Birhaanuu Tumsaa wabii waamuun waliigaltee guyyaa 21/09/2003 barreeffameen qarshii 800.00 narraa liqeeffatanii gaafa 31/10/2003 tti naaf deebisuuf guyyaa kana yoo darbe dachaa godhee naaf kaffaluuf waliigallee naaf deebisuu waan dideef waliigalatti qarshii 1,600.00 akka naaf kaffalan jechuun himateera.

Himatamtoonni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} deebii kennaniin nuti maallaqa liqeeffanne qarshii 800.00 bakka ragaan namaa jirutti gaafa 15/10/2003 kennineef jirra jechuun balmaniiru.

Himatamaan 3^{ffaa} ammoo waraqaan waamichaa irgameef dhiyaachuuf fedhii waan dhabeef bu'uura S/D/F/S/lakk.70 (A)tiin akka ilaalamu ajajameera.

Kana booda, M/M/A/Dagam ragaa namaa himataa raqasuu, himatamtoonni ragaa namaa dhiyeeffachuuf fedhii waan hin qabneef bira darbame jechuun galmee lakk.19102 ta'e irratti murtii guyyaa 21/03/2005 kenneen waliigalteen garee waliigale jidduutti seeraa dha; wabiin ammoo dirqama wabummaa bahuuf ni dirqama; ragaan himataa jecha kennaniin himatamtoonni maallaqa kana deebisuu kan hin beekne ta'uun rageessaniiru;

maallaqni liqii qarshii 500.00 ol ta'e haalli deebisuu namaa bu'uura S/H/H/lakk.2472 (3)tiin nagaheen ta'uu qaba; dhimmi kun kan ragaa namaatiin qulqullaa'u otoo taane kan nagaheen mirkanaa'uu qabuu dha. Bu'uura kanaan himatamtoonni nagaheen dhiyeesaan waan hin jirreef gadaba waliin qarshii 1,600.00 (kuma

tokko fi dhibba jaha) himataaf haa kaffalan jechuun murteesseera.

Himatamaan 1^{ffaa} jalaa murtii kana komachuun ol'iyannoo isaa M/M/O/G/Sh/Kaabaatti yoo dhiyeeffatu M/Murtichaa bitaa fi mirga falmisiisuun galmee lakk.36726 ta'e irratti murtii guyyaa 29/06/2005 kenneen sababa ibsuun bu'uura S/D/F/S/lakk.348 (1)tiin murtii jalaa cimsuun murteesseera. Komiin kunis kan dhiyaate murtii kana irraattii dha.

Iyyataan komii iyyannoo 04/07/2005 barreeffameen ani maallaqa liqaa kana iddoo ragaan namaa jirutti walamantaan waan jiruuf kanan kaffale yammuu ta'u, bu'uura kanaan ammoo D/kennaan maallaqa kana kaffaluu isaatiif waliigalteen barreeffamaa hin jiru jedhe malee bakka ragaan namaa jirutti naaf hin kennine jedhee osoo hin waakkatiin ragaa namaatiin osoo hin ta'iin dirqama ragaa barreeffamaatiin maallaqichi kaffalamuu qaba jedhamee murtiin kenname dogoggora waan qabuuf akka naaf diigamu. Ani deebii kiyya ogeessa waliin otoo hin mari'anne waan kenneef akka fooyyeffadhu jedhee gaafadhee M/M/Aanaa fooyyeffachuu hin qabdu jechuun murtiin kenne ani seeraa ala akka miidhamu fi D/kennaan seeraa ala akka badhadhummaa hin malle akka argatu kan taasisa waan ta'eef dogoggra seeraa isa bu'uuraa qaba. Kanaafuu, murtiin jalaa akka naaf diigamu jechuun iyyateera.

Komiin iyyannoo kun ni dhiyeessisa waan jedhamee D/kennaan akka deebii kennu ajajamee, deebii guyyaa

17/10/2005 barreeffameen iyyataan kun maallaqa yammuu liqeeffatu barreeffamaan ta'ee deebisuu kan qabus barreeffamaan ta'ee kanas kan hin raawwanne yammuu ta'u, ragooleen namaas akka dhiyeeffatu M/Murtii jalaa guyyaa shan beellamamee iyyataan ragaa dhiyeeffachuu kan hin dandeenye waan ta'eef hadii ofii raawwatee M/Murtii jalaa akka raawwatetti falmiin dhiyeesse fudhatama hin qabu. Iyyataan walamantaa jidduu keenya waan jiruuf bakka ragaan namaa jirutti maallaqa kana itti kenne kan jedhe walamantaan jidduu keenya hin jiru, osoo ta'ee durumaanuu waliigaltee barreeffamaa malee maallaqa kana liqeeffachuu kan danda'u waan ta'eef gaaffiin dhiyaate kufaa dha. Iyyataan deebii isaa fooyyeffachuuf tokko illee waan hin jirreef M/Murtii jalaas fudhachuu waan hin dinneef gaaffiin isaa ragaadhaan kan deeggarama miti. Kanaafuu, iyyataan gaaffiin dhiyeesse hundee seeraa kan hin qabnee fi ragaadhaan kan hin

deeggaramne waan ta'eef, murtiin jalaa naaf cimee baasi fi kasaaraan akka naaf muramu jechuun falmeeera.

Falmiin bitaa fi mirgaa kan armaan olitti dhiyaate yoo ta'u seera ro gummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera. Akka galmee kana keessa qorannetti ijoon firmaata argachuu qabu iyyataan kun qarshii liqeeffate yeroodhaan hin kaffalle jechuun dachaa isaa akka kaffalu kan jedhame seera qabeessa moo miti? kan jedhu ta'uun hubatameera. Galmee kana keessaa akka hubatamutti, iyyataan kun haadha warraa isaa waliin ta'uun himatamaa 3^{ffaa} jalaa wabii waamuun waliigaltee liqii guyyaa 21/09/2003 barreeffameen qarshii 800.00

narraa liqeeffatanii gaafa 21/10/2003 ammoo deebisuuf waadaa galuun isaanii mirkanaa'eera. D/kennaan kun himannaa jalatti dhiyeesseen iyyataa fi haati manaa isaa fi wabii isaanii himatamaan 3^{ffaa} jalaa akkaataa waliigaltee keenyaan maallaqa liqii kana waan naaf hin kaffalleef, bu'uura waliigalameen dachaa maallaqa liqeeffatanii akka naaf kaffalan jechuun himateera. Iyyataan kun maallaqa kana waliigaltee jedhameen liqeeffachuu isaa otoo hin haalle, maallaqa kana bakka ragoonni namaa jiranitti gaafa 15/10/2004 kaffaleef jira jechuun falmeera. Haa ta'u malee, bu'uura SHH lakk.2472 (1)tiin liqii qarshii 500.00 (dhibba shan) hubachiisuun kan danda'amu ragaa barreeffamaan ykn jecha amantaan ykn kakuu mana murtiitti kennamuun qofa akka ta'e tumameera. D/kennaan gama isaan maallaqa kana iyyataaf liqeessuu isaadhaaf ragaa barreeffamaa waliigaltee gaafa 21/9/2003 barreeffame kan dhiyeesse ta'uu irrayyuu iyyataan liqeeffachuu isaa wanta haale hin jiru. Iyyataan kun gama isaan walamantaan walakkaa keenya waan jiruuf, maallaqa kana bakka ragoonni namaa jiranitti kaffalee jira haa jedhu malee; ragoota namaas dhiyeeffatee maallaqa kana kaffaluu isaa wanti hubachiise kan hin jirre ta'uu irrayyuu iyyataan maallaqa kana kaffaluu isaadhaaf bu'uura SDFHH lakk.2472 (3)tiin ragaa barreeffamaan ykn jecha amantaan ykn kakuu mana murtii kennamuun qofa waan ta'eef, jechi ragoota namaa iyyataan maallaqa kana kaffaluu isaa hubachiisuuf ragaa rogummaa qabu waan hin taaneef fudhatama hin qabu. Kana waan ta'eef, iyyataan kun maallaqa liqeeffadhe bakka ragoonni namaa jiranitti D/kennaadhaaf kaffalee jira haa jedhu malee ragoota

namaatiin dhimma kana hubachiisuun waan hin danda'amneef, falmiin inni dhiyeesse fudhatama hin qabu. Kanaafuu, iyyataan kun bu'uura waliigaltee liqii D/kennaa waliin taasiseen maallaqa liqeeffate kaffaluu isaa wanti hubachiise waan hin jirreef, maallaqa kana D/kennaadhaaf kaffaluuf dirqama seeraa qaba (SHH lakk.2741). Waan kana ta'eef, iyyataan, haati manaa isaa himatamtuun 2^{ffaa} fi wabiin isaanii himatamaa 3^{ffaa} jalaa waliin ta'uun maallaqa liqeeffate qarshii 800.00 (dhibba saddeet) D/kennaadhaa kaffaluu qabu jenneerra.

Haa ta'u malee, iyyataan kun maallaqa kana yeroodhaan otoo hin kaffalle waan hafeef dachaa maallaqa kanaa kaffaluu qaba moo miti? kan jedhu ija seeraatiin ilaaluun barbaachisaa dha. Liqaa maallaqaatiin walqabatee liqeessaa fi liqeeffataan wanti irratti waliigaluu danda'an bu'uura SHH lakk.2478 fi 2479tiin dhala irratti qofa akka ta'e tumameera. Liqeessaa fi liqeeffataniis dhala irratti ifatti waliigaluu akka qabanis tumameera. Iyyataa fi D/kennaan kun akka waliigalanitti iyyataan kun maallaqa kana liqeeffatee yeroo ji'a tokko keessatti yoo hin deebifne dachaa maallaqa kanaa akka kaffaluu qabu waliigalaniiru. Walfalmitoonni kun maallaqni kun yeroo ji'a tokkoo keessatti yoo hin kaffalamne, iyyataan dachaa maallaqa kanaa D/kennaadhaaf kaffaluu qaba jedhamee kan waliigalame yoo ilaalamu; dhala %100 ta'uu isaa hubachiisa. Garuu bu'uura SHH lakk.2479 (3)tiin dhalli maallaqa kana irratti kaffalamu %12 kan caale yoo ta'e, liqeeffataan %9 qofa kaffaluuf dirqama jechuun tumameera. Kana waan ta'eef, waliigalteen liqii

bitaa fi mirga jidduutti maallaqni kun yeroodhaan yoo hin kaffalamne dachaa kaffala jedhamee waliigalame araaxaa seeraa alaa kan jajjabeessu waan ta'eef deeggarsa seeraa hin qabu. Kanaafuu, iyyataan, haati manaa isaa himatamtuun 2^{ffaa} fi wabiin isaanii himatamaa 3^{ffaa} jalaa waliin ta'uun maallaqa muummichaa irratti guyyaa maallaqa liqeffatan kaffaluu qaban gaafa 21/10/2003 irraa eegalee waggaatti dhala %9 waliin D/kennaadhaaf kaffaluu qabu jenneerra.

Ajaja

- ❖ Murtiin M/M/A/Dagam galmee lakk.19102 ta'e irratti guyyaa 21/03/2005 kennee fi ajajni M/M/O/G/Sh/Kaabaa galmee lakk.30726 ta'e irratti guyyaa 29/06/2005 kennan bu'uura SDFHH lakk.348 (1)tiin fooyya'eera.
- ❖ Iyyataan, fi himatamtoonni 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} jalaa waliin ta'uun qarshii 800.00 (dhibba saddeet) fi guyyaa maallaqa liqeffatan kaffaluu qaban gaafa 21/10/2003 irraa eegalee waggaatti dhala maallaqa kanaa %9 waliin D/kennaadhaaf kaffaluu qabu.
- ❖ Walfalmitoonni baasii fi kasaaraa asitti isaan irra gahe of haa danda'an.
- ❖ Garagalchi murtii kanaa M/Murtii jalaa haa gahu.
- ❖ Dhorkaan kenname ka'eera.
- ❖ Galmee cufnee gara mana galmeetti deebifneerra.

- A/Beeraa:
1. Bojaa Taaddasaa
 2. Tuulii Baay'isaa
 3. Qana'aa Qixxaataa
 4. Abdusalaam Sirraaj
 5. Geetaachoo Taklee

Iyyatoonni:-
Uabramadin

1. Abbiyyi (Nabiyyuu) Damooz
2. Geetaachoo Yooseef
3. Girmaa Laaqaa

D/kennaan:-

A/Alangaa Naannoo

Galmeen qoratamee kan itti aanu murtaa'eera.

MURTII

Dhimmi kun Dhaddacha Ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e iyyatoonni ammaa murtii M/M/W/Oromiyaa galmee lakk.123237 ta'e irratti guyyaa 03/04/2004 kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf akka diigamu jechuun waan iyyataniif dha.

Falmii kanaaf ka'umsa kan ta'e, A/Alangaa himannaa M/M/A/Sabbataa Hwaasitti himatamtoota jalaa 1-3ffaa

(iyyattoota ammaa) irratti dhiyeesseen S/Y/kwt.32 (1A) fi 669 (3B) irra darbuudhaan himatamtoonni kun faayidaa isaaniif hin malle argachuuf yaaduudhaan hojjettoota konistiraakshinii warshaa kanaa ta'anii osoo hojjachaa jiranuu guyyaa 04/02/2003 halkan keessaa sa'aa hin beekamineen Bu/Ma/Sabbaataa ganda 01 keessatti warshaa Maammaa Aagroo Industirii jedhamu keessaa daawitii balbalaa mana cabsuun kaazinaa qarshiin keessa jiru cabsanii qarshii 662,656.50 (kuma dhibba jaha kuma jaatamii lamaa fi dhibba jaha fi shantamii jaha fi santima 50/100) erga fudhatanii booda namoota adda addaa bira bakka dhoksanitti waan qabamaniif yakka raawwaniin himatamniiru kan jedhuudha.

Himatamtoonni jalaa (iyyattoonni ammaa) kun M/Murtiitti dhiyaatanii himannaan dubbifameef jecha amantaa fi waakkii kennaniin gocha kana hin raawwanne balleessaa miti jechuun waakkataniiru.

Kana booda, M/M/A/Sabbataa Hawaas ragaa namaa A/Alangaa caqasuun jecha amantaa bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin himatamtoonni kennan waliin madaaluun himatamtoonni gocha itti himataman raawwachuun isaanii waan irratti dubbatameef akka of-irraa ittisan ajajee himatamtoonni ragoota ittisaa isaanii dhiyeeffatanii erga dhageessifatanii booda galmee lakk.28072 ta'e irratti murtii guyyaa 19/09/2003 kenneen himatamtoonni kun S/Y/kwt.32 (1A) fi 669 (3B) jalatti murtii balleessummaa kennuun bu'uura qajeelfama adabbii yakkaa lakk.1/2002tiin adabbii kennamu herreeguun hidhaa salphaa waggaa 4 (afur) fi ji'a 6 (jahaa) akka adabaman murteesseera.

Himatamtoonni 1-3ffaa jiran murtii kana komachuun ol'iyyannoo isaanii M/M/O/ godina Addaa Oromiyaa Na/Pinfinneetti yoo dhiyeeffatan M/Murtichaa dhimma kana ilaaluun galmee lakk.04997 ta'e irratti ajaja guyyaa 17/10/2003 kenneen bu'uura S/D/F/Y/kwt.195 (1)tiin ol'iyyannoo dhiyaate haquun murtii jalaa cimsuun murteesseera. Himatamtoonni 1-3ffaa jiran ammas murtii kana komachuun ol'iyyannoo isaanii M/M/W/Oromiyaatti yoo dhiyeeffatan M/Murtichaa bitaa fi mirga falmisiisuun galmee lakk.123237 ta'e irratti murtii guyyaa 03/04/2004 kenneen sababa ibsuun bu'uura S/D/F/Y/kwt.195 (2, B, 2) tiin murtii jalaa cimsuun murteesseera. Komiin kun kan dhiyaate murtii kana irrattii dha.

Iyyattoonni komii iyyannoo guyyaa 18/05/2004 barreeffameen M/M/Aanaa ragaan A/Alangaa wanti narratti mirkaneesse otoo hin jirre of-irraa ittisuun otoo na hin barbaachisne bilisa na gaggeessuu otoo qabuu akka of-irraa ittisu ajajuun dogoggora seeraa isa bu'uuraa dha. Ragoonni namaa A/Alangaa hidhamuu fi reebicha cimaa fi qabiinsa seeraa alaa ture irraa ka'e qarshii isaanii kan kennan ta'uu kan ibsan ta'uurrayyuu iyyattoota kana mirga namoomaa heera mootummaa Federaalaa fi Oromiyaa duubatti dhiisuun reebichi garmalee fi qabiinsi kan irratti raawwatamee dha.

Jechi iyyattootaa bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin ragaa A/Alangaa hin faallessu akka of-irraa ittisan jechuun M/M/Ol-aanaa ajajni kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa qaba. Ragoonni jecha kennaniin iyyattoonni kun waajjira poolisiitti hidhamanii yammuu turretti

gocha hammeenya fannifamuu, reebamuu, nyaata dhoowwamuu, kutaa tokko keessatti cufamanii oolanii buluu, guddina reebichaa irraa kan ka'e of wallaalu fi dhiigni afaaniifi funyaaniin bahuu uffanni isaanii dhiigaan laaqamuu mana fincaanii keessatti gatamanii turuu, poolisiin gocha itti shakkamtan raawwanne jettanii M/Murtiitti yoo hin amanne jechi keessan guyyuma sana garagalfamee waan kennamuuf sababa 'hidhamaa keessaa miliquuf jedhuun' tarkaanfiin hanga ajjeechaa isin irratti fudhatama jechuun gaafa 28/03/2003 m/murtiitti dhiyaanee jecha kan kennine ta'uu heera mootummaa Federaalaa kwt.19 (5) fi Oromiyaa bira darbuun murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uraa qaba. Nuti waajjira poolisiitti hidhamnee mirgi sa'aa 48 tti M/Murtiitti dhiyaachuu otoo nuuf hin eegamne miidhaan adda addaa nurra gahaa turee M/Murtiitti dhiyaanee bakka ragoonni hin jirretti jecha amantaa kennitaan jedhamee murtiin kenname kan jedhame dogoggora seeraa isa bu'uraa qaba.

Nuti heera mootummaa Federalaa fi Oromiyaa irratti mirga namummaaf kan tumame faallaa qabamnee akka of-irratti ragaa baanu taasifamnee bu'uura kanaan M/Murtii jalaa murtii balleessummaa fi adabbiin hidhaa nurratti murteessan dogoggora seeraa isa bu'uraa waan qabuuf bu'uura S/D/F/S/lakk.195 (2, B, 2)tiin akka bilisa gaggeeffamnu yoo hin taane nuti dargaggoota waggaa 20-25 ta'uu fi barumsa gahaa hin qabne ta'uun nuuf ilaalamee adabbiin hidhaa waggaa 4 fi ji'a jahaa waan olka'eef nuuf diigamee akka nuuf fooyyessuun salphatu jechuun iyyataniiru.

Komiin iyyannoo kun ni dhiyeessisa waan jedhameef D/kennaan akka deebii kennu ajajamee deebii guyyaa 02/01/2005 barreeffameen M/M/Ol-aanaa iyyattoonni kun akka of-irraa ittisan ajajni kenne aangoo isaa waan ta'eef dogoggora kan jedhamu miti. Namni shakkamee to'atame

tokko mirgi isaa kabajamuu qaba, qaamni mirga shakkamaa sarbe akka gaafatamu taasisuun kan danda'u dha malee mirgi shakkamaa hin kabajamneef gocha itti shakkameen gaafatamuu hin qabu jechuun komiin dhiyaate fudhatama hin qabu. Ragaan waan argeefi dhagahe ragaa baha malee sababni reebamuuf waan hin jirreef ragaan reebamuufis qaama reebicha raawwate seeraan gaafachuun ragaan dhiyaate hin jiru. Iyyattoonni kun jecha amantaa isaanii M/Murtiitti yammuu kennan dirqamnii ta'uu ragaan dhiyaate hin jiru; murtiin isaan irratti kenname jecha kana qofa irratti otoo hin taane jecha ragooota namaanis kan deeggaramee dha. Iyyattoonni kun yakka raawwatanii miliqanii magaalota adda addaa keessatti qabanii hanga iddoo yakka itti raawwatan gahanitti deemsa karaa irratti turaniin ala turuu isaaniif ragaan dhiyaate hin jiru. Ragoonni ittisaa jecha kennaniin iyyattoonni reebaman haa jedhan malee kutaa isaanii dhaqanii alkatti argan wanti rageessan hin jiru. Walumaagalatti, iyyattoonni kun komiin dhiyeessan yakka raawwatan jalaa miliquuf sababoota dhiyaatanii dha waan ta'eef kufaa ta'ee bu'uura S/D/F/Y/kwt.195 (2, B, 2)tiin murtiin jalaa akka cimu jechuun falmeera.

Falmiin bitaa fi mirgaa kan armaan olitti dhiyaate yoo ta'u seera rogummaa qabu waliin akka itti aanutti

qoratameera. Akka galmee kana keessa qorannetti ijoon furmaata argachuu qabu iyyattoonni kun gocha yakkaa raawwataniif keewwata jalatti himataman jalatti balleessadha jedhamuun isaanii seera qabeessa moo? miti? adabbiin isaan irratti kenname seera qabeessa moo? miti? kan jedhu ta'uun hubatameera.

Galmee kana keessaa akka hubatamutti, iyyattoonni kun bu'uura himannaa dhiyaateen maallaqa caqasame hatanii kan fudhatanii maallaqa kana namoota adda addaa bira kan kaa'an ta'uu jecha ragoota namaa A/Alangaa fi ragaa jecha amantaa bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin iyyattoonni kennaniin waan isaan irratti mirkanaa'eef, iyyattoonni gocha yakkaa hanna cimaa itti mirkanaa'e kana akka of-irraa ittisan ajajni M/M/Ol-aanaa kennee dogoggora seeraa tokko hin qabu. Iyyattoonni kun jecha ragumma isaanii kennanii fi ragoonni ittisaa poolisiin reebicha akka irratti raawwate ibsuun sababa kanaan M/Murtiitti dhiyaatanii bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin amanee malee gocha kana hin raawwanne jechuun falmaniiru.

Iyyattootas ta'ee ragaan A/Alangaa tokko tokko poolisiin tarkaanfii seeraa ala nurratti fudhatee jira haa jedhan malee haala kana ibsuun qaama aangoo qabutti iyyannoon isaan dhiyeessan jiraachuu wanti ibsan hin jiru. Iyyattoonni waajjira mootummaatti hidhamnee mirgi namummaa heera mootummaa Federaalaa fi Oromiyaatiin kabajame sarbamnee reebichii fi miidhaan cimaa adda addaa nurratti raawwatamaa turee kanarraa kan ka'e M/Murtiitti gaafa 28/3/2003 dhiyaannee jecha amantaa keenyaa bu'uura S/D/F/Y/lakk.35tiin kennine jechuun falmaniiru. Haa

ta'u malee, iyyattoonni kun poolisii gocha kana isaan irratti raawwate eenyu akka ta'e hanga ammaatti maqaa isaa kan hin ibsine ta'uu irrayyuu yeroo gochi kun isaan irratti raawwatame qaama dhimmi ilaalatu mirga isaanii akka kabachiisuuf wanti iyyataan jiraachuun ragaan dhiyeessan hin jiru. Iyyattoonni kun poolisiin miidhaa cimaa nurraan gahee gocha yakkaa kana raawwanne jedhatii amanaa nuun jedhee M/Murtiitti nu dhiyeessee jecha keenya kennine haa jedhan malee gaafa 28/3/2003 M/Murtiitti dhiyaatanii jecha kennuun dura M/Murtichaa dhiibbaan kan irra hin jirre ta'uu fi bilisa ta'uu isaanii gaafachuun jechi kunis akka ragaatti M/Murtiitti kan isaan irratti dhiyaatu ta'uu erga hubachiisee booda bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin jecha amantaa isaanii kan kennan ta'uun hubatameera. Bu'uura kanaan M/M/A/Sabbataa Hawaas bu'uura S/D/F/Y/kwt.35 (1)tiin jecha amantaa iyyattoota kanaa yammuu fuudhu, akkaataa keewwata kanaa keewwata siqqa 2tiin iyyattoonni kun jecha amantaa isaanii kennuun dura mirga isaanii kabachiisuuf haaldureewwan dirqama isaaniitti himamuu qabu hubachiisuun jecha isaanii akka kennan kan taasise ta'uu iyyattoonni mataan isaanii jecha ragummaa kennataniin mirkaneessaniiru. Shakkamaan tokko mirgi heeraan eegamee yoo jalaa sarbame ta'e akkuma haala isaatti M/Murtiitti iyyannoo dhiyeeffachuuf mirga kan qabu waan ta'eef, iyyattoonni kun poolisiin miidhaa adda addaa isaan irraa gahee M/Murtiitti kan dhiyeesse yoo ta'e illee jecha amantaa isaanii kennuun dura M/Murtichaa haala mirga isaanii yammuu isaanii abeekkachiisu dhiibbaa fi miidhaa isaan irra gahe M/Murtiif ibsachuun jecha dhugaadha jedhan

M/Murtichaaf kennachuu wanti isaan dhorku otoo hin jirre, waajjira poolisii keessatti miidhaan nurra waa gahee jiruuf, bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin jecha amantaa kennine akka ragaatti nurratti fudhatamuu hin qabu jechuun falmiin isaan dhiyeessan deeggarsa seeraa hin qabu. Iyyattoonni kun jecha amantaa isaanii kennuuf M/Murtiitti yoo dhiyaatan haala bilisa ta'een jecha isaanii akka kennanii fi boru jechi isaanii kun akka ragaatti kan isaan irratti dhiyaatu M/Murtii akeekkachiisee bakka poolisiin hin jirretti, haala barbaadaniin bilisa ta'anii jecha isaanii kennachuu haala danda'an keessatti jecha amantaa kana waan irraa fuudheef, jecha amantaa kana bilisa taanee hin kennine jechuun komiin dhiyeessan deeggarsa seeraa hin qabu.

Iyyattoonni kun M/Murtiitti dhiyaatanii bu'uura S/D/F/Y/kwt.35tiin jecha amantaa isaanii yammuu kennan abbaan seeraa mirga seerri isaanii eege otoo hin eegnee fi dhibbaa itti uumuun jecha isaanii akka kennan kan taasise ta'uu fi M/Murtiitti dirqamanii jecha amantaa isaanii kana kan kennan ta'uu ragaan wanti hubachiisan waan hin jirreef komiin gama kanaan dhiyeessan fudhatama hin qabu.

Kanaafuu, iyyattoonni gocha yakkaa hanna cimaa raawwachuun isaanii jecha ragaa namaa A/Alangaa fi jecha amantaa isaaniiin waan itti mirkanaa'ee fi, isaan ammoo wanti of-irraa ittisan waan hin jirreef S/Y/kwt.32 (1A) fi 669 (3B) jalatti murtiin balleessummaa isaan irratti kenname seera qabeessa dha. Gama biraan, iyyattoonni kun adabbiin hidhaa isaan irratti murtaa'e akka salphatuuf haa gaafatan

malee M/Murtii jalaa bu'uura qajeelfama adabbii yakkaan ilaaluun haala seera qabeessa ta'een adabbii isaan irratti kennamuu qabu herreeguun kan murteessan waan ta'eef, iyyattoonni kun sababni ammas adabbii isaaniif salphisu waan hin jirreef gaaffiin isaan dhiyeessan deeggarsa seeraa tokko hin qabu.

Walumaagalatti, Manneen Murtii jalaa iyyattoonni kun gocha yakkaa hanna cimaa raawwataniif keewwata seeraa jalatti himataman jalatti murtii balleessummaa kennuun adabbii hidhaa akka adaban murtiin isaan irratti kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa hin qabu.

Ajaja

- ❖ Murtiin M/M/A/Sabbataa Hawaas galmee lakk.28072 ta'e irratti guyyaa 19/09/2003 kennee fi ajaja M/M/O/Addaa Oromiyaa Na/Finfinnee galmee lakk.04997 ta'e irratti guyyaa 17/10/2003 kennee fi murtiin M/M/W/Oromiyaa galmee lakk.123237 ta'e irratti guyyaa 03/04/2004 kennan bu'uura S/D/F/Y/kwt.195 (2, B, 2)tiin **cimeera.**
- ❖ Garagalchi murtii kanaa M/Murtii jalaa, M/Sirreessaa fi iyyattootaaf haa gahu.
- ❖ Galmee cufnee gara mana galmeetti deebifneerra.

Guyyaa-19/01/2007

Abbotii Seeraa

1. Bojaa Taaddasaa
2. Naasir faaris
3. Qana'aa Qixxaataa
4. Abdusalaam Sirraaj
5. Tashoomaa Shifarraa

Iyyattootni: 1.Kindee Kaasahuun-Bakka bu'aan
dhiyaateera

2.Asmallaash Ashabbir-hindhiyaanne

3.Tamasgeen H/Sillaasee-hindhiyaanne

Waamamaan-Dhaabbata Dajan Aveeshinii-
hindhiyaanne

Galmeen Qoratamee Murtiin Kanaa Gadii Kennameera

MURTII

Iyyanni komii kun dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e,murtii manni murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa gal.lakk.366108 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/08/2006 ooleen kenneen murtii mana murtii aanaa Ada'aa gal.lakk.38550 ta'e irratti dhaddacha gaafa 28/02/2006 ooleen himannaa hojjataa fi hojjachiisaa ilaalchisee iyyatoonni ammaa waamamaa ammaa irratti akka kaffaltii adda addaa sababa hojii irraa geggeeffamaniif qarshii 91,191.26/100 gaafatan kufaa taasisee womti argattan hinjiru jedhee murteesse

dhayannoodhaan ilaalee murtii mana murtii aanichaa hojii miindaa ji'a keessa iyyatoonni ammaa hojii gadi kaffalan utuu hinkaffalaniif hafe walumatti qarshii 38,87.45/100 waamamaan akka kaffaluuf waan murteesseef kanas komachuudhani.

Falatti manneen murtii jalaa gabaabinaan yoo baallu,iyyatoonni ammaa himannaa waamamaa ammaa irratti mana murtii aanaa Ada'aatti dhiyeessaniin gaafa 01/06/2000 irraa eegalanii dhaabbata waamamaa hojjataniif ogummaa mukaa fi sibiilaatiin qacaramanii hojjataa kan turan ta'uu fi isaan sadanuu mindaa walqisa ta'e qarshii 1264.00 argachaa turuu fi hojjatoonni kun jireenya jaraa fooyyeffachuuf sa'aatii hojii waamamaatiin ala yeroo jirutti bakka biraatti yeroo hojjatani adda addaa bahe qacaramnee akka nuti hin hojjannee fi jireenya keenya hinfooyyeffanne waan nu dhorkeef,sababa kanaanis nutis faayidaa adda addaa fi kaffaltii tajaajilaa akka nuuf kaffalu gaafannaan waamamaan diduudhaan hojii keenya irraa iyyatoota 1ffaa fi 2ffaa gaafa 11/05/2005 fi 15/05/2005,iyyataa 3ffaa ammoo gaafa 30/05/2005 hojii irraa geggeesseera.

Kanaafuu,kaffaltii adda addaa jechuunis mindaa iyyatoota 1ffaa fi 2ffaa utuu hinkaffalamin hafe,kaffaltii tajaajilaa,kan yeroo boqonnaa hinfudhannee,kan hojii hojjataniif fandiif woggaa shaniif irraa kutee kuusaa hafe,durgoo oolmaa fiildii ittiin bahe kan iyyataa 4ffaa,sababa seeraan ala ari'eef beenyaa seeraan taa'ee fi kkf nuuf raawwatamuu qabu ida'amaan qarshii 31,191.26 waamamaan akka nuuf kaffalu jechuun gaafataniiru.

Waamamaan ammaas mana murtii aanaatti dhiyaatee deebii kennatee falmeeen, iyyatoonni kun isa biratti qacaramanii hojjataa turuun dhugaa akka ta'ee fi haala seeraan alaatiin utuu hintaane fedhii fi kaka'umsa mataa isaanitiin kan hojii gadi lakkisan waan ta'ee waamamaan badii waan hinqabneef kaffaltii isaan gaafatan kana hundaaf itti gaafatamummaa hinqabu jechuudhaan tokko tokkoon kaasee normee falmeeera.

Manni murtii aanichaa falmii bitaa fi mirgaa bu'uureffatee iyyatoonni ammaa fedhii fi kaka'umsa mataa isaanitiin moo gocha seeraan alaa waamamaan raawwateen hojii gadi lakkisan? joo jedhu gullulleffachuuf iyyatoonni ragaa namaa akka dhiyeeffatan ajaja kennulee jalqabuuma irraa iyyatoonni ragaa namaa himanaa isaanii waliin ibsanii waan hindhiyeessineef haala himannaa isaanitiin mirkanessuu hindandeenye jechuun himannaa isaanii kufaa taasisee galmee cufee geggeesseera.

Iyyatoonnis murtii mana murtii aanaa kana komachuu gara mana murtii olanaatti oliyyatanii manni murtii olaanaas falmisiisee murtii dhadadacha gadi 16/08/2006 oleen kenneen iyyatoonni dhaabbuun waamamaa keessa woggaa shaniif qacaramanii kan hojjataa turan ta'uu fi iyyata waamaaf barreessanii kaffaltii akka fooyyessuuf yoo hintaane ammoo hojii kan gadi lakkisan ta'uun waan hubatameef kaffaltii tajaajilaa kan iyyatootaaf raawwatamuu qabu bu'uun lab.lakk.377/96 kew.39 fi lab.494/98 kew.39(2/G)n yoo hojjataan fedhiidhaan hojii gadi lakkiseedha. Kanaatti iyyatoonni guraandhala 1/2000tti kan waamama biratti qacaraman ta'uu fi woggaa shan kan tajaajilaa ta'uun mirkanaa'ee utuu jiruu iyyatoonni 1ffaa fi 2ffaa

gaafa 18/06/2005, iyyataan 3ffaan ammoo gaafa 10/06/2005 kan hojii gadi lakkisan yoo ta'u waamamaan mindaa iyyatoota 1ffaa fi 2ffaa mindaa ganyoota 18 kaffaluufii gaba waan ta'ee murtii mana murtii aanaa fooyyessuun bu'uura lab/lakk.377/96 kew.40(1 fi 2n) mindaa J'aa garshii 1264n shallagee garshii 3370.65 sadeen isaanitiif haa kaffalu jechuun mirreessera. komiin ammaatis murtii kana hinqabuudhaani.

Haaluma kanaan, iyyatoonni komii gaafa 19/09/2006 qopheessanii dhadadacha kanaaf dhiyeessaniin:

1/ Uoon dubbii falmii kanaaf ka'umsa ta'ee iyyatoonni seeraan ala hojii irraa ari'amani moo fedhii isaanitiin hojii gadi lakkisan? Kan jedhu yoo ta'u MM Aanaa Ada'aa seera kana bira darbee himannaa keenya kufaa jechuun isaa dogongora seeraa waan tureef kana komannee gara mana murtii olaanaa godina Shawaa bahaatti oliyyannullee MMO tis joo kana gullulleffachuun utuu qabuu bira darbee kaffaltii gofa murtii kan xiyyeeffatee yoo ta'u isuma kaffaltii gofa murtii xiyyeeffateeniyuu nu sadaniif garshii 3370.65 qopheessatti akka argannu murtiin kenne dogongora seeraa bu'uuraati. Kaffaltin tajaajilaa raawwatamuu gaba yoo kan jedhamu ta'ee mataa mataa keenyaan garshii 3370.65 ta'ee sadan keenyaaf garshii 10,11,95n nuuf murtaa'uu gaba malee kan olitti nuuf murtaa'ee dogongora seeraa bu'uuraati.

2/ Hoodhumi manni murtii olaanaa ofii gabatee fi seera kaffaltii irratti xiyyeeffate mataan isaa sirrii qopheessatti hojii hinqabuudhaan isaanitiin hojii hinqabuudhaan J'aa Guraandhala bara 2005 sababa badii

waamamaatiin akka hinkaffalamne utuu beekamuu faallaa labsii lakk.377/96 kew.54(2)n kan ji'a guutuu nuuf murteessuu utuu qabuu miindaan nuti Ji'aa argannu qarshii 1264x2=qarshii 2528.00 nuuf murteessuu dhiisuun mata mataatti qarshii 758 qofa murteessuun dogongora seeraati.

3/ Nuti oliyyatoonni fedhii keenyaan hojii hindhaabne.Dhaabbatni waamamaan waardiyyaadhaan hojii irraa nu ari'ee akka waardiyyaadhaan hojii irraa nu hinariine ragaan akka mirkaneessu mana murteessu aanaatti ajajamulle sababa inni ragaa hindhiyeessinee callifamee iyyatoonni ammaa fedhiidhaan hojii gadilakkisan jechuu irra akka waamaan waardiyyaadhaan hojii irraa nu ari'e akka labsii lakk.377/96 kew.42 seeraan ala hojii irraa geggeeffaman jedhamee nuuf murtaa'uu utuu qabuu manneen murtii lamaanu kana bira darbuun murtiin kennan dogongora seeraa bu'uuraati akka nuuf jedhamu gaafanna.

4/ Himatoonni jalaa(iyyatoonni ammaa)fedhii keenyaan hojii gadi lakkisuun keenya hinmirkanoofta malee yommuu kun mirkanaa'eera kan jedhamu ta'e ammoo tajaajila keenya woggaa shanii ol waan ta'eef kaffaltii seeraa ka'ame qarshiin nuti mataa mataan argachuu qabuu bu'uura labsii lakk.377/96 kew.42(2)tiin kan tajaajila qarshii 3370.65x3 akkaataa labsii kana kew.36 fi 36 kaffaltiiwwan kanaa olitti ibsaman waamamaan yeroodhaan kaffaluu dhabuun bifa adabbiitiin mindaa Ji'a 3 qarshii 1264x3 walitti qarshii 3792.00/100,proovidanti fandii woggaa shan guutuu mindaa keenya irraa %12 waamamaan kutee of bira galii godhaa ture yommuu shallagamu qarshii 1264 yeroo 3 walitti qarshii 37452.00/100 akka nuuf

kaffalamu gaafannee bira darbamuun dogongora seeraa bu'uuraati.Kana malees,bu'uura lab.lakk.377/96 kew.77(5)n boqonnaa woggaa kan iyyataa 1ffaa guyyaa 10 qarshii 421.3, fi kan iyyataa 2ffaa 23x42.13(968..99) walumatti qarshii 1,390.29 nuuf murtaa'uu dhabuun dogongoradha.

5/ Iyyataan 2ffaan durgoo hojii ji'a Onkololeessaa bara 2005 sababa hanqina waamamaatiin utuu hinkaffalaminiif hafe qarshii 3555.00/100 yeroodhaan mana murtii jalaatti mirkanaa'ee utuu irraa manneen murtii lamaanuu bira darbuun dogongoradha. Nuti iyyatoonni fedhii keenyaan hojii gadilakkisuun hinmirkanoofta malee utuma mirkanaa'eera jedhamee ida'amaan qarshiin 3370.65x3(kuma jaatamii jahaa fi dhibba afurii fi qarshii 24/100)sadha sadii fi saantima 24/100)argachuu utuu qabnuu manni murtii olaanaa qarshii 4887.45 qofa nuuf murteessuun dogongora seeraa bu'uuraati. Habaalataanis waamamaan seeraan ala hojii irraa waan ta'eef geggeessuf beenyaa akka labsii 377/96 kew.43 fi 43 nuuf kaffaluu qabus qarshii 22,752.00 akka nuuf murtaa'uu gaafanna kan jedhuudha.

6/ Habaalataatti waamamaan qarshii 89,165.24(kuma jaatamii sagalii fi dhibba tokkoo fi jaatamii shanii fi saantima 24/100)akka nuuf kaffalu manneen murtii lamaanuu nuuf murtaa'uu dhabuun dogongora seeraa bu'uura waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaa jedhamee qarshiin nu olitti ibsine waamamaadhaan akka nuuf kaffalamu nuuf murtaa'uu gaafanna jechuun dhabuun.

Dhaddachi kunis iyyata komii fi garagacha murtii manneen murtii jalaa qorachuun qabxiin qulqullaa'uu qabu jira jedhee ni dhiyeessisa jechuun akka waamamaan dhiyaatee deebii kennatee falmatu ajajee waamamaanis dhiyaatee deebii gaafa 28/11/2006 qopheessee dhiyeesseera. Qabiyyeen deebii waamamaas

1/ Iyyatoonni ammaa himata mana murtii aanaa Ada'aatti dhiyeessaniin fedhii keenyaan hojii gadilakkisne kan jedhan utuu hintaane hojii keenya haala gaariin raawwataa utuu jirruu waamamaa guyyoota adda addaatti iyyatoota seeraan ala hojii irraa nu geggeesse jechuun haala dhugaa irraa fagaatee gaafataniiru. Kan iyyatoonni hojii gadilakkisuuf iyyanne jedhanii amanan eega mana murtii olaanaa gahanii booda. Komiin iyyatoonni ijoo dubbii adda addaa mana murtii jalaatti hinkaasin amma kaasanii dhuga fakkeessanii dhiyeessaa jiran fudhatama hinqabu, ijoo dubbii manneen murtii jalaa qabatani ilaalaa turan murtii kennan dogongora seeraa hinqabu.

2/ Komiin iyyatoonni ammaa mana murtii olaanaa dhiyeeffatanii turan fedhii isaaniitiin hojii gadilakkisuuf iyyata gaafa 15/05/2005, 08/05/2005 fi gaafa 10/05/2005 galfannus waamamaan yeroo mana gaafanne keessatti nugeggeessuu didee, kaffala tajaajilaas nu dhowwatee hojii irraas nu dhaabeera kan jedhuudha. Kun ammoo himannaa mana murtii aanaa dhiyeessaniin kan walfaallssuudha. Iyyatoonni qabatani falmii mana murtii jalaatti hinkaasne mana murtii oliyyannoo dhagahutti kaasuun dhorkaa waan ta'uu MMO keessa seenee ilaalee murtii irratti kennan dogongora ta'ullee isaaniif murteesse utuu jira

dogongora seeraa qaba jedhanii iyyanni dhiyeessan bu'ura seeraa kan qabuu miti.

3/ Manni murtii aanaa Ada'aa iyyatoonni seeraan ala hojii irraa ari'amani moo fedhii isaaniitiin hojii gadi lakkisan? Ijoo dubbii jedhu qabatee ragaan qabulleessuuf akka iyyatoonni ragaa dhiyeeffatan ajajullee jalqaba ragaa ibsan waan hinqabneef bira darbee guyyaa adda addaatti akka iyyatoonni hojii gadilakkisuuf iyyatan waan mirkaneeffateef murtiin inni kenne dogongora seeraa bu'uraa kan qabuu miti.

4/ Iyyatoonni komiin mana murtii olaanaa fi dhaddacha ijibbaataatti dhiyeessan adda addaa fi kan walfaallssuudha. Innis MMOtti hojii gadilakkisuuf fedha keenyaan iyyanne yoo jedhan ijibbaata irratti ammoo akka waan waamamaan seeraan ala hojii irraa isaan geggeesseetti kaasaa waan jiraniif falmiin walfaallssuudha bu'ura seeraa kan qabuu miti.

5/ Komii iyyatoonni fedhii isaaniitiin hojii gadi lakkisuuf iyyata gaafa 15/05/2005, 08/05/2005 fi 10/05/2005 murteessanii hojii gadilakkisaniif guraandhala 1 bara 2000 keessa waamamaa biratti qacaramne waan ta'eef tajaajila woggaa shanii waan qabnuuf kaffaltiin tajaajilaa bu'ura lab.lakk.377/96 kew.39n nuuf kaffalamuu qaba jedhan ilaalchisee lab.lakk.494/1998(39/2/G) tiin manni murtii olaanaa haalee waan isaan argachuu qaban kan murteesseef dogongora herregaa qafa qabaachuun ala dogongora seeraa bu'uraa hinqabu. kunis tajaajilli woggaa shanii akka lab.lakk.377/96 kew.40(1) fi (2)n mindaa isaanii kan baatii tokkoo jechuunis 1264+1264x1/3x4 yoo ta'u ta'anni isaas qarshii 2949.3 dhufa malee qarshii

3370.65 waan hintaaneef dogongorri kun qofti akka nuuf sirraa'u gaafanna.

6/ Iyyatoonni fedhiin hojii gadilakkisuuf iyyata gaafa 15/05/2005,08/05/2005 fi 10/05/2005 wamamaaf barreessanillee iyyatoonni 1ffaa fi 2ffaan gaafa 18/06/2005 kan gadi lakkisan yoo ta'u 3ffaan ammaa gaafa 30/06/2005 gadilakkiseera.1ffaa fi 2ffaan utuu guyyaa akeekkachiisa dhaabbata waamamaaf kennan hinxmurin waan hojii gadilakkisaniif manni murtii olaanaan guyyuma isaan hojii irra turan herreguufiin dogongora seeraa hinqabu.

7/ Iyyatoonni dhaabbata waamamaa biratti guraandhala bara 2000 keessa kan qacaraman ta'uu fi tajaajila woggaa shanii waan qabanuuf MMO akka lab.lakk.377/96 kew.40(1) fi (2)n tajaajilli woggaa shanii haakaffalamuuf jedhe malee bu'uura kew.40(2) qof hinjenne.Akkasumas iyyatoonni akka lab.lakk.377/96 kew.36 fi 38tiin bifa adabbiitiin waamamaan ammaa mindaa ji'a sadii sababa yeroodhaan nuuf hinkaffalleen kan jedhan ilaalchisee,peerooliin mana murtii jalaa dhiyaate irraa akka hubatamutti mindaan hundaa hojjatamee kan jiru ta'uu fi iyyataan 3ffaan kan fudhatu ta'uu,iyyatoonni 1ffaa fi 2ffaan fedhii isaaniitiin kan dhiisan malee rakkina dhaabbatichaatiin akka hintaan kan mirkanaa'e waan ta'eef manneen murtii jalaa kanarratti murtiin laatan dogongora seeraa bu'uura hinqabu.

8/Komii iyyatoonni prooviident fandii woggaa shanii nuuf haakaffalamu jedhan ilaalchisee,dhaabbata waamamaan ammaa dhaabbata misooma mootumma osoo hinta'in dura labsii hojjatoota siivil sarvis

mootummaa federaalaa lakk.515/99tiin dhaabbata mootummaan hogganamaa tureedha.Buusii wobii sooramaa hojjataa irraa sassaabaa ture Ejensii wobii hawaasummaatiif galii taasisaa ture malee proviident fandii walitti qabaafii waan hinturreef gaaffii kana manneen murtii jalaa irra darbuun dogongora seeraa bu'uuraa kan qabuu miti.

9/ Gaaffii iyyatoonni 1ffaa fi 2ffaan boqonnaa woggaa utuu hinfudhatin hafan ilaalchisee dhiyeessan boqonnaa akka hinfudhannee fi isaan hafe mana murtii jalaatti waan mirkaneessan hinqaban,boqonnaan bara 2005 isaan jalaa ciccitee hafee qarshiitti jijjiiramee isaaniif kaffalamu waan hinjireef manneen murtii jalaa gaaffii kana kufaa taasisuun dogongora seeraa bu'uuraa hinqabu.

10/ Durgoo hojii iyyataa 2ffaa ilaalchisee jalqaba dhaabbatni waamamaan durgoo laaqanaa kennaa turuun isaa dhugaadha.Haata'u malee iyyataan 2ffaan fiidii yoomii hanga yoomiitti akka bahe ragaadhaan waan mirkaneesse hinqabu.Durgoo fudhachuu fi dhiisuu isaas hinmirkaneessine.Akka hojimaata dhaabbata waamamaatti durgoon kan hojjataaf kaffalamu fiidii utuu hinbahin durseeti malee fiidiiin hooda waan hintaaneef gaaffii gama kanaan ka'e manneen murtii jalaa kufaa taasisuun dogongora seeraa bu'uuraa hinqabu.

Walumaagalatti iyyataoonni fedhii fi kaka'umsa mataa isaaniitiin iyyata galfatanii hojii gadilakkisan ta'uun manneen murtii jalaatiin waan mirkanaa'eef bu'uura lab.lakk.377/96 kew.42tiin geggeefamni seeraan ala jedhamee bu'uura labsiidhuma kana kew.35,43,44tiin

kaffaltiin raawwatamuuf kan hinjirre waan ta'eef murtiin manneen murtii jalaa sirriidha. Kanaafuu, sababoota kanaa olitti ibsamaniif murtiin mana murtii olaanaa godina Shawaa bahaa nuuf diigamee, dogongorri ida'ama herregaa mana murtii olaanaa nuuf sirraa'ee murtiin MM aanaa nuuf cimee baasii fi kisaaraa nurra gahe akka nuuf murtaa'u gaafanna jechuun deebii kennachuun falmaniiru. Falmiin kanumaan xumuramee dhaddachi irra deebi'ee galmee qorateera.

Bu'uuruma kanaan, qabxii iyyatoonni dhaabbata waamamaa keessaa gocha seeraan alaa waamaan isaan irratti raawwateen moo fedhii ofiitiin hojii gadi lakkisani? Yeroo iyyatoonni hojii gadilakkisuuf iyyatanii fi eega isaan hojii gadi lakkisani waamamaan kaffaltiiwwan isarraa eegamu raawwateefii geggeessuu dhabuun akkamitti ilaalama? jedhan akka ijoo dubbiitti qabanneerra.

Akka falmii manneen murtii jalaa fi dhaddacha ijibbaataa kana irratti geggeeffame irraa hubatamutti, iyyatoonni ammaa gaafa 01/06/2000 dhaabbata waamamaa keessatti qacaramanii hanga gaafa hojii gadilakkisaniitti hojjataa kan turan ta'uun mirakanaa'eera, bitaa fi mirgis kana irratti wal hin waakkanne. Haala kanaan utuu jiranuu iyyatoonni iyyataa dhaabbata waamamaatti iyyataan 1ffaan gaafa 15/05/2005, iyyataan 2ffaan gaafa 08/05/2005 fi iyyataan 3ffaan ammoo gaafa 10/05/2005 barreessaniin hojii kan gadi lakkisan ta'uun hubatameera. Yeroo hojii gadi lakkisanitti iyyataan 3ffaan mindaa Ji'a Guraandhalaa bara 2005 fudhataa gaafa 30/06/2005 kan hojii gadi lakkise yoo ta'u,

iyatoonni 1ffaa fi 2ffaan ammoo utuu mindaa ji'a Guraandhalaa hinfudhatin gaafa 18/06/2005 kan hojii gadilakkisan ta'uunis mirkanaa'eera. Gama kanaan himannaa jalqaba dhiyeessan keessattis ta'ee dhaddacha kana irratti qabxiin iyyatoonni ammaa waamamaan seeraan ala hojii irraa nuu ar'e, waardiyyaadhaan mooraa akka hingalle nudhorke jechuun falmanii fi komiin isaan kaasaa turanii fi ammas kaasaa jiran ragaan kan hinmirkanoofta ykn hindeeggaramne waan ta'eef kufaa ta'eera. Haala kanaan iyyatoonni hojii gadilakkisuuf waamamaatti iyyatanii deebi'anii utuu ragaan barreeffamaa kun jiruu falmii dhugaa hinbu'uurefanne kana dhiyeessuun falmuun isaanii deeggarsa seeraa kan qabu miti. waan ta'eef qabxii kanas ta'ee mirga haala kanaan gocha seeraan alaatu nurratti raawwatame jechuun walqabaniisani dhiyeessanis kufaa baasaneerra. Kanaafuu, iyyatoonni sadanuu gochi seeraan alaa waamamaadhaan isaan irratti raawwatamee utuu hintaane fedhii isaaniitiin kan hojii gadi lakkisaniidha jenneerra.

Gama dirqama akka hojjachiisaatti waamamaa ammaa irraa eegamu ilaalchisee, Yeroo iyyatoonni kun hojii gadilakkisuuf waamamaatti iyyatan kana waamamaan ammaa callisee ilaalu qabamoo kaffaltii isaaniif malu haala seerri jedhuun raawwateefii geggeessuu ykn yoo rakkoon jiraate hiikuu qaba ture? qabxiin jedhu yoo ilaalamu dhaabbatni waamamaan ammaa yeroo isaan iyyatanittis ta'ee eega isaan hojii gadi lakkisani deemanii yeroo seerri ajaju keessatti bu'uura labsii lakk.377/96 kew.36tiin guyyoota 7(torba) keessatti mindaa isaanii fi kaffaltiiwwan kanaan walqabatan raawwateefii geggeessuu utuu qabuu callisee ilaaluun

isaa dirqama gama kanaan irra jiru kan hinba'anne ta'uu kan mirkaneessuudha.

Hojjachiisaan haala olitti ibsame kanaan yeroo seeraan ka'ame keessatti haala lab.lakk.377/96 kew.36tiin dirqama isarraa eegamu raawwateefii hojjataa hingeggeessine ammoo adabbii kan qabu yoo ta'u adabbiin isaas bu'uura labsii lakk.377/96 kew.38 jalatti tumameen dhaddachi dhimmicha ilaalu hanga mindaa Ji'a sadiitti akka hojjachiisaan kaffaluuf murteessuu kan danda'u ta'uun tumamee jira.Akkataa kanaan,yeroo iyyatoonni ammaa hojii gadi lakkisuuf iyyatanis ta'ee eega gadi lakkisanii guyyaa 7 keessatti mindaa isaaniis ta'ee kaffaltiiwwan isaaniif hayyamamu waan hinakaffalleef deebii dhaddacha ijibbaataa kana irratti kennee falmeen isaa waamamaan kaffaltii bu'uura labsii lakk.377/96 kew.40(1) fi (2)tiin waan isaaniif kaffalamuufii qabu heerregni isaa kan manni murtii olaanaa murteesse irraa sirraa'ee gadi xiqqaatee kaffalamuufii qaba kan jedhe yoo ilaalamu yaadni tumaa seerichaa haala waamamaan gadi bu'ee kaffalamuufii qaba jedhuun utuu hintaane haala seerichi kaffaltii hojjataaf raawwatamuu qabu kaa'een ilaalamee hiikamuun kan murtaa'u ta'a jenneerra.

Gama biraatiin hojjataan fedhii isaatiin hojii gadilakkise kaffaltii maal maal argachuu akka qabu labsiin lakk.494/98 labsii lakk.377/96 fooyyessuuf bahe fooyya'iinsa labsii lakk.377/96 kew.39(1/))jalatti qubee (F) irratti dabalee qubee G,H,I kan dabale yoo ta'u waa'een mirga kaffaltii hojjatoota fedhiidhaan hojii gadilakkisanii ilaalchisee labsiidhuma kana lakk.494/98(2/2(H))jalatti kan tumame waan ta'ee Haala olitti ibsameen kan manni murtii olaanaa murtii

mana murtii aanaa diigee mindaa Ji'a hojii gadilakkisan keessa hinkaffalaminiif qofa iyyatoota 1ffaa fi 2ffaaf haakaffalamu jechuun murteesse yoo ilaalamu haala seerichi jedhuun kan murtaa'e waan hintaaneef dogongora seeraa bu'uuraa qaba jenneerra.

Bu'uuruma kanaan kaffaltii iyyatoonni akka kaffalamuuf gaafatan keessaa kan waamamaan kaffaluufiin irra jiraatu:

1/ Iyyatootni 1ffaa fi 2ffaaf(Kindee Kaasahunii fi Amallaash Ashabbir)mindaa baatii Guraandhalaa bara 2005 keessaa hanga gaafa 18/06/2005 hojii gadilakkisanitti kan jiru mindaa ji'aan argataa turan qarshii 1264.00 keessaa kan guyyaa 18 shallagamee kan nama tokkoo qarshii 758.4(dhibba torbaa fi shantamii saddeetii fi saantima afur)kan iyyatoota lamaanii qarshii 1516.8(kuma tokkoo fi dhibba shanii fi kudha jahaa fi saantima saddeet)kaffaluufii dirqama qaba jenneerra.Iyyataa 3ffaaf mindaa ji'a gurraandhalaa bara 2005 fudhatee waan baheef bira darbameera.

2/ Haala labsii lakk.377/96 kew.36 jalatti ibsameen waamamaan guyyoota torba keessatti kaffaltii isarraa eegamu raawwachuufii waan dhabeef adabbii isaa bu'uura lab.kana lakk.377/96 kew.38 jalatti tumameen hanga mindaa Ji'a 3tti akka kaffaluuf itti murtaa'uu danda'a waan jedhuuf tokko tokkoon iyyatoota sadaniitiif waamamaan mindaa ji'aan isaan argataa turaniin kan shallagamu mindaa ji'a tokko tokkoo qarshii 1264.00 akka kaffaluuf jennee haaluma kanaan walumatti kan sadan isaanii qarshii $1264 \times 3 = 3792$ (kuma

sadii fi dhibba torbaa fi sagaltamii lama)waamamaan iyyatootaaf kaffaluuf dirqama qabaa jenneerra.

Haala labsii olitti ibsame lakk.494/98 kew.2(2-G)tiin hojjatoonni fedhiidhaan hojii gadilakkisan yoo xinnaate muuxannoo ykn tajaajila woggaa shanii qaban kaffaltiin tajaajila isaanii haala lab.lakk.377/96(39)tiin ta'uu akka qabu waan tumameef haala seera kanaatiin shallagamee iyyatootaaf kaffalamuu qaba jenneerra.Iyyatoonnis gaafa 01/06/2000 qacaramanii hanga guraandhala bara 2005(iyyatoonni 1ffaa fi 2ffaan gaafa 18/06/2005)kan 3ffaa hanga gaafa 30/06/2005tti waan hojii irra turaniif kun ammoo akka iyyatoonni tajaajila woggaa shanii qaban kan mirkaneessu waan ta'eef kaffaltii tajaajilaa isaanii haala labsii lakk.377/96 kew.39 jalatti mirgi tumameen haalli shallaggii isaa ammoo gara labsiidhuma kana 377/96 kew.40 jalatti waan cehuuf haala itti aanuun akka ta'u shallagaleera.

3/Haala kew.40(1)jalatti tumameen hojjataa woggaa tokkoo ol tajaajileef mindaan isaa guyyaa tokkoo guyyaa 30n baayyifamee kan guyyaa 30 jechuunis kan Ji'a tokkoo kaffalamaaf waan jedhuuf iyyatootaafis mindaan isaan gaafa hojii gadilakkisan argataa turan qarshii 1264 waan ta'eef mata mataan kana argachuu qabu jenneerra.walumatti kan sadan isaanii $1264 \times 3 = \text{qarshii } 3792.00$ (kuma sadii fi dhibba torbaa fi sagaltamii lama)ta'a jechuudha.

4/ Haala kew.40(2)jalatti tumameen ammoo kan tajaajila woggaa tokkoo ol jiruutiif mindaa ji'aa keessaa 1/3ffaatu kaffalamaaf waan jedhuuf kan woggaa 4(afurii)mindaa ji'a tokkoo keessaa harka **1/3ffaan** yoo shallagamu kan woggaa tokkoo qarshii 421.33 waan

dhufuuf kan hojjataa tokkoo qarshii $421.33 \times 4 = 1685.32$ kan dhufu ta'a. kan iyyatoota sadanii qarshii $1685.32 \times 3 = \text{qarshii } 5,055.96$ (kuma shanii fi qarshii shantamii shanii fi saantima sagaltamii jaha)waan ta'uuf waamaan tajaajila woggaa tokkoo ol jiruuf kan woggaa afurii qarshii ibsame kana kaffaluufii dirqama qaba jenneerra.Kaffaltii iyyatoonni mana murtii jalaattis ta'ee dhaddacha ijibbaataa kana irratti qarshiin **woggaa shaniif piroviident fandiitiin** nurraa kutamee kuufamaa tures nuuf haakaffalamu jedhanii falaman ilaalchisee akka deebii fi falmii waamamaa irraa dhiyaatetti dhaabbatni waamamaan duraan dhaabbata mootummaa kan ture ta'uu fi bara 2003 keessa gara dhaabbata misoomaatti kan deebi'eef ykn jijjiirame akka ta'ee fi kaffaltii ykn haalli maallaqni sooramaa iyyatoota irraa citaa jiru haaluma dhaabbatichi duraan humna ittisa biyyaa jalatti seera siivil sarvisiitiin buluun ammallee irraa cite mootummaa biratti galii ta'aa jirachuun hubatameera.Gama biraatiin kanumti kaffaltii hojjataa fedhiin hojii gadi lakkiseef haala olitti ibsameen labsii lakk.494/98(2-2/G)hordofee labsii lakk.377/96 kew.39 bu'uureffateen kew.40(1) fi 40(2)jalatti shallagamee akka kaffalamu murtaa'eeffis sababa kaffaltiin bifa piroviident fandiitiin kaffalamuuf waan hinjirree fi kaffaltii sooramaa argachuufis tajaajilli iyyatootaa mirga soorama itti fufiinsaan argachuuf waan hingenyeef akkasumas umuriin iyyatootaas soorama ta'uuf waan hingenyeef kaffaltii kew.40 jala jiruu fi piroviident fandiitiin bakka tokkottis gaafachuun waan hindanda'amneef komii gama kanaan iyyatoonni dhiyeeffatan kufaa goonee darbineerra.

Kanaan alatti,komii iyyatoonni boqonnaa woggaa nuhafa jedhanuu fi kaffaltii durgoo oolmaa dirree ittiin

bobbaane jedhanii dhiyeessan ilaalchisee, boqonnaan isaan gaafataa jiran kan bara 2005 yoo ta'u boqonnaa fudhatanii fi isaan hafe ragaan deeggaranii dhiyeessuu dhabuurrayyuu barri 2005 silaa isaan boqonnaa keessa bahuu qabanis utuu hindhumin waan hojii gadilakkisaniif akka waan boqonnaa malee bara hojii sana xumuraniitti kan gaafataa jiran fudhatama hinqabu jenneerra. kaffaltii durgoo oolmaa iyyataa 2ffaa ilaalchisee akkasuma ragaan deeggaramuu baatus yeroo hojii gadi lakkisu herrega isaa xumuratee bahuu utuu qabuu amma akka waan kaffaltii hojii idileetiin walqabatuutti kaasuun fudhatama hinqabu jennee bira darbineerra. Walumaagalatti, kaffaltiin waamamaan iyyatootaaf akka waliigalaatti raawwachuu qabu qarshii 14,156.76 (kuma kudha afurii fi dhibba tokkoo fi shantamii shanii fi saantima 76/100) yoo ta'u kana keessaa kan lakk. 1ffaa irratti ibsame qarshiin 1516.8 (kuma tokkoo fi dhibba shanii fi kudha jahaa fi saantima saddeet) mindaa baatii Guraandhalaa bara 2005 iyyatoota 1ffaa fi 2ffaa yoo ta'u kan hafe lakk. 2 hanga 4ffaa jalatti ibsame qarshiin 12639.96 (kuma kudha lamaa fi dhibba jahaa fi soddonii sagal fi saantimni 96/100) ammoo kan iyyatoota sadaniif qoodamu ta'a jechuudha.

Kanaan ala gaaffiin kaffaltii adda addaa iyyatoonni kaasanii nuuf kaffalamuu qaba jedhan deeggarsa seeraa hinqabu jennee murtii manni murtii olaanaa godina Shawaa Bahaa gal. lakk. 366108 ta'e irratti dhaddacha gaafa 16/08/2006 ooleen murtii mana murtii aanaa Ada'aa diiguun kenne dogongora seeraa bu'uuraa waan qabuuf bu'uura S/D/F/S/kew.348(1) fooyyessinee qarshii 14,156.76/100 waamamaan iyyatootaaf

kaffaluuf itti gaafatamummaa qaba jennee murtiessaaneerra.

Ajaja

- 1 Murtiin mana murtii ol, aanaa fooyya'ee waan murtaa'ef garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaa gahee akka murtii kanaatti akka raawwatan ajajameera.
- 2 Durgoo abukaatoo hanga qarshii iyyatootaaf murtaa'e kanaan shallagamee waamamaan iyyatootaaf %10 qarshii 1,415.67/100 haa kaffaluuf jenneerra.
- 3 Baasii fi kisaaraa biroo iyyatoota irra gaheef waamamaan muraadhaan qarshii 500 (dhibba shan) iyyatootaaf haa kaffalu.
- 4 Galmeen waan murtii argateef cufameera, mana galmeetti haadeebi'u.

Lakk. Gal. 16382
Guyyaa 30/10/2004

A/Seeraa: -

Bojaa Taaddasaa
Tuulii Baayisaa
Darajjee Mangistuu
Tashoomaa Shifarraa
Tolasaa Irkoo

Iyyataa...Waajjira Damee Bosonaa fi Bineensa Bosonaa
Iluu Abbaa Booraa

Yaamamaa...Obbo Buzaayyoo Zallaqaa

Galmee qorannee murtii itti aanu kennineerra.

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa manni murtii ol'aanaa godina iluu Abbaa Booraa Gal.Lakk.15706 irratti dhaddacha gaafa 02/11/2004 ooleen "Ragooliin iyyataa yaamamaa bakka bosonni uumamaa itti argamu keessa taa'ee caasoo qama'uu yoo gaafatamu 'Anatu cire' jedha dubbachuu isaa, bosona sana keessatti bunnii fi caasoo misoomee mannis ijaaramee kan jiru ta'uu dubbataniiru. Hanga bosona cirame jedhamees ragaan ogeessaa deeggaramee dhiyaateera. Ragaan yaamamaa ammoo bakka bosona cirame jedhame deemanii yeroo ilaalee bosonni cirame jiru akka hin jirre, yaamamaanis akka

kan danda'aa mucaa isaa keessa taa'ee turee fi qabeenyaa mucaa isaa kun waggoota torba dura misoomee kan misooma ta'uu fi daangaa bosona uumamaan ala kan jiruu fi qotee bultoonni biroos buna misoomaan akka jiran dubbataniiru. Kana malees uumamaan daangaa bosonaa keessatti ta'ee naannoo isaa qabeenyaa kan hin qabne ta'uu ragaan namaa fi misoomaan barreeffamaa bulchinsa gadnaa irraa ergame ni misoomaan akka waliigalaatti yaamamaan haala kanaan irratti ibsameen bosona uumamaa jedhame mancaasuun isaa hin mirkanoofne. Buna, murtii fi manni bosona keessa jirus kan yaamamaa ta'uu fi yaamamaan dhaabuu fi ijaaruu kan hin tokkoo ta'uu ragoonni mirkaneessaniiru. Kana malees yaamamaan dhimmuma kanaan yakkaan misoomamee mana murtii aanaa hanga mana murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddacha idileetti kan jedhame yoo ta'ellee mana murtii waliigalaa Oromiyaaatti dhaddachi Ijibbaataa Gal.Lakk.132337 irratti dhaddacha gaafa 02/11/2004 ooleen bilisaan geegesseera.

Kanaafuu falmiin gama yaamamaatiin jiru murtii galmee waliigalaatti bilisa itti bahee waliin yoo ilaalamu falmiin yaamamaa sirrii fi dhugaa ta'uu waan agarsiisuuf; misoomaan ammoo yaamamaan bosona kana ciruu isaa hanga tokko illee haala madaallii kaasuun waanti dubbachiise hin jiru. Kanaafuu yaamamaan bosona mancaasuutiin himannaa irratti dhiyaate kanaan itti misoomummaa hin qabu jechuudhaan himannaa iyyataa torba godhee kan murteesse iyyataan komatee iyyannoo mana murtii waliigalaa Oromiyaa

dhaddacha dhaabbii Lixaatti yoo dhiyeeffatu manni
murtii waliigalaas Gal.Lakk.153500 irratti
walfalmisiisaa turee dhaddacha gaafa 21/06/2008
ooleen:

Ragoonni iyyataa yaamamaan bosona kan cirsiisaa jirani
ana nuun jedhe; dhiifama gaafachuuf iddoo uummanni
walitti qabameettis marga qabatee dhiyaatee, maadhi
bosona cirta jennaan natti miidhageetan mure nuun
jedhe kan jedhu yoo ta'u ragoonni yaamamaa amma
inni 1ffaan keessattu dura ta'aa gandaa ta'ee bosona
jedhame kanas wardiyyummaan kan eegaa ture ta'u
isaa fi yaammaaan ammaa garuu daangaa kana
keessaa seene kan hin qabanne ta'uu dubbateera.

Ragoonni gama iyyataan dhiyaatan yaamamaan kun
bosona kana ofii osoo hin taane nama 3ffaa mursiisee
akka ture kan namatti argsiisu yoo ta'u ragoonni
yaamamaa garuu daangaa bosonaa keessa yaamamaa
kun kan hin seene ta'uu ibsaniiru. Murtiin dhaddacha
Ijibbaataan kennames mana murtii jalaatti kan ilaalamu
haqa baasuuf jedhame waan ta'eef komiin gama kanaa
dhiyaate fudhatama hin qabu. Murtiin dhaddacha
Ijibbaataa ammoo yaamamaan kun bosona mancaasuu
fi qabachuu dhabu isaa (kan hin qabanne) ta'uu waan
yaamamaa irraa ittiseef murtiin mana murtii ol'aanaa
dogoggora hin qabu jechuudhaan murtii mana murtii
ol'aanaa bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) irratti
mirkaneesseera.

Komiin amma dhiyaates murtiiwwaan kana lamaa
irraa yoo ta'u ijoon komii iyyataa gabaabinaan:

1. Yaamamaan bosona uumamaa kan daangeffama
'UNESCO' itti galmaa'ee 'Core Zone' jedhamu

keessa galee kana jiru mancaasuun isaa ragaa
namaa fi barreeffamaatiin mirkanaa'ee utuu
jiruu,

2. Bosonni kun daangeeffamuun isaa
taapheellaadhaan beeksifamee kan jiru ta'uu
ragoonni keenya mirkaneessanii utuu jiranii,
3. Bosona manca'ee fi eenyu akka mancaase
Viidiyoon agarsiisu waajjira haqaa aanaa
Yaayyootti waan argamuuf manneen murtii jalaa
dhiyeessanii akka nuuf ilaalan bu'uura
S.F.H.H.Kewt. 145 tiin gaafannee utuu jirruu
callisanii bira darbuun isaa fi
4. Yaamamaan mataan isaa deebii isaa keessatti
bosona kana keessa seenee mancaasuu dhabuu
isaa utuu ifatti hin waakkatiinii fi ragoonni gama
yaamamaatiin dhiyaatan yaamamaan bosona
keessa seenee mancaasuu dhabuu fi buna, caatii
fi mana dhaabuu fi ijaaru dhabuu isaa utuu hin
mirkaneessiin manneen murtii jalaa himannaa
iyyataa kufaa gochuun isaanii dogoggora seeraa
isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee:
- A. Deenyaa bosona manca'ee fi bosona kana iddootti
deebisanii misoomsuuf barbaachisu waliigalatti
qarshii 80,342.58 (Kuma saddeettamaa fi dhibba
sadii fi afurtamii lamaa 58/100) akka
yaamamaan iyyataaf kaffaluu,
- B. Bosona falmiif sababa ta'e keessaa yaamamaan
akka bahuu fi
- C. Caatii (Jimaa), bunaa fi mana bosona keessatti
dhaabee fi ijaare yaamamaan baasii ofiitiin akka
buqqisee kaasuu fi

D. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaabbata iyyata irra gahe yaamamaan akka kaffalu jechuudhaan gaafateera.

Dhaddach kunis galmee kana qorachuudhaan ajaja gaafa 28/12/2006 kenneen “akkaataan manneen murtii jalaa ragaa bitaa fi mirgaa itti madaalan sirrii dha mormiti” ijoo jedhu qabachuudhaan yaamamaan deebi akka kennu ajajee yaamamaanis deebii gaafa 25/01/2006 barreesseen falmiiwwaan manneen murtii jalaatti kaasaa ture irra deebi’ee kaasuudhaan akka waliigalaatti sababa murtiin manneen murtii jalaa lamaan dogoggora seeraa isa bu’uuraa hin qaban itti jedhu tarreessuudhaan akka waliiglaatti murtiin manneen murtii jalaa laman akka cimuu jechuudhaan cimsee falmeera.

Kanumaan falmii bitaa mirgaa, murtiin manneen murtii jalaa, galmee haadhoo mana murtii ol’aanaa godina Iluu Abbaa Booraa fi Gal.Lakk.13237 ta’e mana murtii waliigalaa kutaa raawwattoota galmeewwaan cufamaniitii baasuudhaan seera dhimmaa kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera.

Kanumaan galmee yakkaa kan hanga dhaddach kanatti dhiyaatee ilaalame yoo ilaallu galmee yakkaa irraatti mana murtii aanaatti gama abbaa alangaatiin ragoonni namoonni 12 dhiyaatanii jecha isaan kennaniiru. Isaan keessaa ragoonni 1ffaa fi 2ffaan nama sadii ta’anii (ragaa 3ffaa waliin) yaamamaadhaan guyyaatti qarshii 25.00 (diigdamii shaniin) qaxaraman bosona amma falmiif sababa ta’e keessa boolla bunaa 900 qotuu isaanii dubbataniiru.

Kana malees galmee hariiroo hawaassaa kan amma bosonaa jirurratti mana murtii ol’aanaa godina Iluu Abbaa Booraa irratti ragoonni namaa gama iyyataatiin dhiyaatan keessumaayyuu 1ffaa fi 2ffaan ganda bosonni falmiif sababa ta’e keessatti argamu keessatti dhimma bosonaa kunuunsuu irratti namoota barumsa qabanii fi mormoti biyyaa ta’uu ibsuudhaan haala walfakkaatuun wal utubuun “Bara 2001 (28/09/2001) bosonni kun ciramaa waardiyyaan bosonaa uummata walgahii taa’aa murtti yoo himu deemanii ilaaluu isaanii fi bosonni kunis nama Taazzabaa Wubee jedhamuun ciramaa kan jiru ta’uu fi namni kunis yaamamaan akka isaa fi namoota biroo lama cirsiisaa jiru kan itti hime ta’uu fi jiruu kana manni sharaa irraa hojjetamee fi bunii fi murtiin dhabamee kan jiru ta’uu mirkaneessanii gabaasa gochuu isaanii mirkaneessaniiru.

Kana booda ammas bosonni kun ciramaa kan jiru ta’uun gandatti gabaasa waan godhameef ganda ragoota kana waliin namoota 16 iddoo bosonni manca’e jedhame kanatti erguu isaa fi yeroo kana yaamamaan utuu bosona kana keessa taa’ee jimaa qama’uu arganii yoo qabatan “Natti bareednaan cire. Uummakoo, Biyyakoo, walitti naaf qaba dhiifaman gaafadha!” akka ittiin jedhe; kana booda yeroo biraa guyyaa Sanbata Xiqqaa iddoo uummanni walitti qabamee jirutti margaa fi nama dhiboo Ayyalaa Shibbiruu jedhamu qabatee dhufee dhiya koo dhiifama naa godhaa,, utuun isinitti hin hinatti caakkaa cire; qabeenyaa kootu keessa jiraa, naa qaxarama” jedhee jannaan uummanni diduu dubbataniiru. Kana malees gaafa nama 16 ta’anii iddoo bosona ciramee deeman namoonni afur bosona kana

ciran arganii yaamamaa kanaan maqaa namoota kana akka itti himu yoo gaafatan “isiinitti hin himu; garuu anatu cirsiise” jedhee akka itti hime mana murtii mirkaneessaniiru. Gaafa nama 16 ta’anii deeman ilaalan (bara 2003) bosonni kun caalaatti manca’ee manni abbaa qorqorroo baallee 40 of irraa qabuu fi bunnii fi caatiin dhaabamee kan jiru, hundeen mukoota gurguddoo akka goguuf sibiilaan kan qirqidame (Seerame ykn qoolli isaa irraa bahe) hedduu kan argan ta’uu mirkaneessaniiru.

Ragaan 3ffaan ammoo ogeessa bosonaa ta’uu ibse bosonni manca’uu gabaasni waan isa gaheef deeme ilaalee miidhaa bosona kana irra gahe mirkaneeffate ragaa fudhatee booda gara kaartaatti akka jijjiiru ibseera.

Kana booda manni murtii miidhaan ykn mancaatiin bosona kana irra gahe ogeessaan akka tilmaamu ajaje waajjirri Qonnaa fi Baadiyyaa aanaa Yaayyoo tilmaamisee xalayaa Lakk.280/mm-4/2004 gaafa 09/06/2004 barreesseen mana murtii ol’aanaa godina Iluu Abbaa Booraatiif ibseera.

Kumaan gama jecha ragoota yaamamaatti yoo ceentii ragoonni namaa jecha isaanii kennan lama yoo ta’u lamaan isaaniyyuu haala walfakkaatuun “Yaamamaan bosona uumamaa keessa seenee kan hin mancaafne ta’uu; bosonni manca’e jedhamee gabaasni waan dhiyaateef akka ilaalan bulchiinsa gandaatiin ergaman bosona keessa gahanii nama bosona manca’e irra agarsiisu dhabanii kan deebi’an ta’uu; ilmi yaamamaan daangaa bosona uumamaatiin ala misooma bunaa kana

qabu ta’uu dubbataniiru. Ragaan barreeffama ganda irraa yaamamaaf “Qaama dhimmi ilaaluuf” jedhamees yoo ilaallu qabiyyeen “Yaamamaan ganda bosonni falmiif sababa ta’e keessatti argamu keessa qabiyyee ta’ee qabeenyaa kan hin qabne ykn maqaa isaatiin galmaa’ee kan hin jire” ta’uu ibseera.

Kanumaan sababa gurguddaa manneen murtii jalaa humannaa iyyataa kufaa itti godhan yoo ilaallu ijoon inni ilaan ragoonni namaa gama dhaabbata iyyataatiin dhiyaatan yaamamaan bosona falmiif sababa ta’e yeroo mancaase hin agarre jedhaniiru kan jedhudha. Galmees haadhoo mana murtii ol’aanaarraa dhiyaates yoo ilaalamu dhuguma ragoonni gama iyyataatiin dhiyaatan yaamamaan ammaa bosona sana ofiin yoo ciru hin agarre jedhaniiru. Yaa ta’uu malee ragoonni kun namoota bosona sana ciran yoo gaafatan yaamamaan ammaa akka qaxaree isaan cirsiisaa ture dubbataniiru. Kana malees namoonni bosona kana ciraa turan mana murtii dhiyaatanii galmees yakkaarratti yaamamaan qayyaatti qarshii 25.00 nuuf kaffalee boolla bunnii keessa dhaabamu nu qofforsiisaa ture jedhanii jecha ragummaa isaanii kennaniiru. Kana malees yaamamaan bosona falmiif sababa ta’e keessa taa’ee jimaa qama’aa kan turee fi yeroo sana namoonni biroo afur bosona kana ciraa kan turan waan ta’eef eenyummaa isaanii yaamamaan akka namoota gandi bakka buusee bosona sana akka ilaalaniif ergetti akka himu yoo gaafatamu “Anatu cirsiise; garuu maqaa isaanii hin himu” jedhee kan dide ta’uun ragoota iyyataatiin mirkanaa’eera. Kana malees yaamamaan ammaa mataan isaa iddoo hummanni walgahii bahee taa’uu margaa fi jaarsa

qabatee deemuudhaan “Biyya koo, uummata koo, bosona kana anatuu cire dhiifama naaf godhal Qabeenya kiyiyatu keessa jira” jedhee dubbachuun isaa ragaa dhaabbata iyyataa ammaatiin haala shakkii hin qabneen dubbatameera. Ragaan tokko ammoo mana murtii fuula duratti kan mirkaneessu qabu waan arge, dhagahee ykn haala biraa kamiin iyyuu beeku malee waan arge qofa ta’uu hin qabu. Kanaafuu manneen murtii jalaa ragoonni dhaabbata iyyataa yaamamaan bunaa fi jimaa bosona keessa yoo dhaabuu, mana yoo ijaaru fi bosona yoo ciru ykn mancaasu hin agarre waan jedhaniif yaamamaan itti gaafatamummaa hin qabu jechuudhaan ejjennoon qabatan seera madaallii ragaa kan faalleessu dha.

Ragoota gama yaamamaatiin dhiyaatan yoo ilaallu ammoo akka waliigalaatti yaamamaan bosona falmiif sababa ta’e keessa seenee bosona hin mancaasine, ganda kana keessaa qabiyyee ta’e qabeenyaa hin qabu jechuu malee dhimmoota ragoota dhaabbata iyyataatiin yaamamaarratti mirkanaa’an hin fashaleessine. Fakkeenyaaf ragoonni dhaabbata iyyataa yaamamaan walgahii uummataa irratti dhiyaatee bosona ciruu isaa yoo dubbatan ragaan yaamamaa ammoo kun ta’uu dhabuu waanti dubbatan ykn agarsiisan hin jiru. Akkasumas ragoonni yaamamaa bosonni falmiif sababa ta’e yeroo dheeraaf ciramaa kan ture ta’uu gabaasni ykn odeeffannoon kan isaan gahaa ture ta’uu ibsanii ilaaluuf yoo deeman “Nama bosona cirame nutti agarsiisu dhabnee deebine” jechuudhaan kan dubbatan yoo ta’u manni murtii ol’aanaa ammoo murtii isaa keessatti “Ragoonni yaamamaa bosonni cirame kan hin jirre ta’uu

mirkaneessaniiru” jechuudhaan kan barreesse dhimma ragaa yaamamaatiin hin mirkanaa’iin akka mirkanaa’etti fudhachuu dha. “Nama nutti argariisu dhabne” jechuun bosonni cirame hin jiru jechuu ta’uu dhabuu ni mala. Ragaan barreeffamaa yaamamaan mana murtii ol’aanaatti dhiyeesses yoo ta’e akka manneen murtii jalaa jedhan utuu hin taane yaamamaan ammaa qabiyyee ykn qabeenyaa ganda bosona falmiif sababa ta’e keessaa hin qabu” kan jedhu qofa dha. Kun ammoo falmii dhaabbata iyyataa kan deeggeru malee falmii yaamamaa kan deeggeruu miti. Sababiin isaas dhaabbannii iyyataan himannaa isaa irratti kan ibse yaamamaan ammaa seeraan ala bosona yaamamaa keessa galee mancaasaa jiru kan jedhu yoo ta’u yaamamaan ganda kana keessaa qabiyyee ykn qabeenyaa hin qabu jechuun yaamamaan bosona ittiin himatame hin mancaafne kan jedhu waan hin agarsiifneef dha.

kana malees yaamamaan ammaa deebii mana murtii ol’aanaa irratti kenne keessatti bosona maca’e kana hin jirre jechuu malee bosona daangaan isaa himannaa keessatti ibsame kana irraa mirga qaba jedhee falmiin dhiyeesse utuu hin jiraatiin manneen murtii jalaa yaamamaan bosona falmiif sababa ta’e kana yaamamaan gadlakkisuu hin qabu jedhanii murtiin kennan faallaa falmii bitaa fi mirgaa ta’ee argameera. Haaluma walfakkaatuun manneen murtii jalaa yaamamaan ammaa yakkaan himatamee dhaddacha jibbaataa mana murtii waliigalaatiin bilisa bahuu isaa akka ragaa ol’aanaa tokkootti kan fudhatan yoo ta’u dhuguma namni tokko dhimma tokko irratti yakkaan

bilisa bahee; hariiroo hawaasaatiin ammoo itti gaafatamaa ta'uudhaaf carraan jiru dhiphaa yoo ta'ee garuu ammoo namni dhimma yakkaa tokkoon bilisa bahe, dhimmuma sanaan hariiroo hawaasaatiin itti gaafatamummaa hin qabu jechuu miti. Akka S.H.H.Kewt. 2149 jalatti tumamettis namni tokko dhimma tokkoon yakkaan himatamee bilisa jedhamuun isaa dhimmuma sana irratti falmii hariiroo hawaasaa taasifamu irrattis dirqama bilisa jedhama jechuu akka hin taane beekamaadha. Kana jechuun yakkaan bilisa jedhamuun yaamamaa dirqama falmii hariiroo hawaasaa irrattis itti gaafatamummaan hin qabu jechuu akka hin taane namatti agarsiisa.

Murtii manna murtii waliigalaa Oromiyaatti dhaddachi Ijibbaataa kennes yoo ilaallu yaamamaan bosona ittiin himatame macaasuun isaa shakkiidhaan ol itti hin mirkanoofne kan jedhu yoo ta'e gama biraatiin ammoo yaamamaan bosona keessatti namoota qaxaree boolla bunaa 900 qochisiisuu isaa dhaddachi Ijibbaataas fudhateera. Akka waliigalaatti ragaan falmii yakkaa mirkaneessuuf dhiyaatuu fi kan falmii hariiroo hawaasaa mirkaneessuuf dhiyaatu sadarkaan isaa garaagarummaa qabaachuu akka danda'u falmii yakkaa fi hariiroo hawaasaa irraa hubatamuu utuu qabuu manneen murtii jalaa yaamamaan falmii yakkaatiin dhaddacha Ijibbaataatiin bilisa waan baheef hariiroo hawaasaatiinis itti gaafatummaan hin qabu jechuudhaan ejjennoon qabatan faallaa hiikoo S.H.H.Kewt.2149 ta'ee argameera.

Kanaafuu akka waliigalaatti ragaan madaalamuu kan qabu ragaa bitaa fi mirgaan dhiyaatan falmii bitaa fi

hariiroo waliin ta'ee kunis kan ta'u madaallii waliigalaa ykn ragaa hunda iddoo tokkotti madaluun dirqama ta'ee utuu jiruu manneen murtii jalaa jecha ragoota namaa gama iyyataatiin dhiyaataniif iddoo utuu hin kenniin; gama biraan ammoo ragoonni yaamamaa ijoo isaan hin mirkaneessine mirkaneessaniiru jechuudhaan akkasumas dhaddachi Ijibbaataa yaamamaa falmii yakkaa irraa bilisaan geegessuu isaa akka ka'umsa murteessaa tokkotti fudhachuudhaan haala waliigalaa utuu hin madaaliin yaamamaan bosona manca'eef itti gaafatamummaa hin qabu akkasumas himannaan iyyataa kufaa dha jechuudhaan murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uura kan qabu waan ta'eef sirreeffamuu qaba jedhamee murtaa'eera.

Kanaafuu yaamamaan ammaa bosona uummamaa kan sadarkaa UNESCO itti galmaa'ee beekamu qabeenya biyyaa ta'uu bira darbee hambaa addunyaa kan ta'e keessa seenuudhaan gocha raawwateef itti gaafatamummaa qaba jedhameera. Beenya ilaalchisee dhaabbanni iyyataa yaamamaan tilmaama bosona manca'ee fi baasii bosonni sun deebifamee iddootti bakka buufamuun kan gaafatan yoo ta'u akkaataa yaamamaan ijoo kana irratti tilmaama irratti mormii baaseera. Mormii ka'e kana bu'uura godhachuudhaan manni murtii ol'aanaas waajjirri Qonnaa fi Baadiyyaa sanaa Yaayyoo bosona manca'e tilmaamee akka dhiyeessu waan ajajeef waajjirri kunis xalayaa Lakk.280/mm-4/2004 gaafa 09/06/2004 barreesseen manna murtiif ibseera.

Ijoo mormii kana ammoo labsii Magalata Oromiyaa Jabali Bosona Oromiyaa Lakk.72/1995 Kewt.14 fi 15

waliin ilaaluun barbaachisaa ta'a. Bu'uura labsii kanaa Kewt.14(2(b)) tiin **"Bosona Mootummaa Oromiyaa keessaa qabeenya bosonaa ciruudhaan buna fi caatii dhaabuunii fi hojiiwwaan qonnaa geeggeessuu fi kkf geeggeessuun dhowaadha"** akka ta'e tumameera. Namni gocha akkanaa raawwate ammoo bu'uuruma labsii kanaa Kewt.15(4) tiin itti gaafatamummaan isaa maal akka ta'e tumameera. Kanaafuu keewwata kana akkuma jirutti kaa'uun sirrii ta'a.

Kewt.15 (4):

*Keewwata 13 fi 14 akkasumas keewwaata kana keewwaata xiqqaa 1-3 itti gochaawwaan ibsaman kan raawwate, gochi yakkaan caalmaatti kan adabsiisu yoo ta'e malee, **GATII QABEENYA BOSONA MANCA'EE AKKA KAFFALU** gochuudhaan adabamuun akka jirutti ta'ee hidhaa waggaa 5 hanga 15 kan adabamu ta'a.*

Keewwata kanarraa ifatti hubachuun kan danda'amu namni qabeenya bosona mootummaa Oromiyaa ciruudhaan buna fi caatii akkasumas gochaawwaan kana fakkaatan raawwate yakkaan itti gaafatamuun akkuma jirutti ta'ee gatii qabeenyaa bosona manca'ee qofa akka kaffalu dirqama malee gatii deebisanii qabeenyaa manca'ee sana iddoo ittiin buusan akka kaffalu seerri kun kan hin dirqine ta'uu isaa namatti agarsiisa. Kanaafuu dhaabbanni iyyataan yaamamaan gatii bosona manca'ee fi gatii deebisanii qabeenyaa manca'ee ittiin iddoo ittiin buusan kan gaafate yoo ta'u kana keessaa isa yaamamaan isa 1ffaa malee isa 2ffaa kaffaluuf kan hin dirqamne ta'a jechuudha. Kanaafuu

bu'uura tilmaama waajjira Misooma Qonnaa fi haadiyyaa aanaa Yaayyootiin yaamamaan ammaa hanga gaafa tilmaamni kun hojjetamuutti gatii bosona mancaasee qarshii 34,094.72 (Kuma soddommii afurii fi sagaltamii afurii fi 72/100) dhaabbata iyyataaf kaffaluu qaba jedhameera.

Ajaja

1.Murtii manni murtii ol'aanaa godina Iluu Abbaa Booraa Gal.Lakk. 15706 irratti dhaddacha gaafa 02/11/2004 ooleen kennee fi murtii manni murtii Walligalaa Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Lixaa Gal.Lakk. 153500 irratti dhaddacha gaafa 21/06/2005 ooleen kenne bu'uura B.P.H.H.Kewt.348 (1) tiin **DIIGUUDHAAN** murtaa'eera.

2.Yaamamaan guyyaa murtiin kenname irraa eegalee bosona falmiif sababa ta'e kan daangaan isaa himannaa dhaabbata iyyataa keessatti ibsame akka gadlakkisee bahu,

3.Yaamamaan buna fi caatii bosona kana keessatti dhaabee fi mana qorqorroo ijaare baasii isaatiin haala dhaabbanni iyyataa ajajuun akka bosona kana keessaa kaasu,

4.Gatii qabeenyaa bosona mancaasee qarshii **34,094.72 (Kuma soddommii afurii fi sagaltamii afurii fi 72/100)** dhaabbata iyyataaf akka kaffaluu fi

6. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaabbata iyyataa ammaa irra gaheef yaamamaan qarshii **800.00 (Dhibba saddeeti)** akka kaffalu murtaa'eera.

7. Manneen murtii jalaa lamaan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.

8. Galmeen xummura waa argateef cufameera.

Lakk.Gal. 174414

Guyyaa-13/08/2007

A/Murtii:

Damoozee Maammee

Tuulii Baay'isaa

Alamaayyoo Dhaabaa

Tashoomaa Shifarraa

Seeyifuu Waarii

Waa'uun...Aadde Jamiilaa Abdaa-hin dhiyaanne

Yaamamaan...Obboo Aschaalaw Hayilemariyaam-hin dhiyaanne

Murtii

Waa'uun kun dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaachuu kan ta'e sababa iyyattuun ammaa iyyannoo gaafa 13/08/2006 dhaddacha kanaaf barreessiteen manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Kibbaa Lakk.145926 irratti dhaddacha gaafa 16/12/2005 irraa lafti falmiif sababa ta'e bara 1990 irraa eegalee qofa yaamamaa ammaa kan jiru ta'uun isaa murtaa'eera. Iyyattuunis himannaa ishee keessaatti yaamamaan yoom akka lafa ishee kana qabate wanti akka hin jiru. Kana taanaan ammoo manni murtii mormii sadarkaa duraa waa'ee "dhimma kana murtii kana dura murtiin dhuma kennameera moo hin kennanne" jedhu qofa irratti murtii kennee, manni

murtii aanaa ijoo dubbii irratti bitaa fi mirga falmii murtii akka kennu ajajuun isaa mormii sadarkaa dur yaamamaan kaase kan gatii dhabsiisu dha. Kanaas lafti kun waggaa 10 harka yaamamaa turuun isaa mirkanaa'e waan ta'eef himannaan iyyattuu bu'uura S.H.H.Kewt.1045 fi labsii magalata Oromia Lakk.130/99 Kewt.6(16) tiin darbiinsa yerootiin kun ta'uu qaba jechuudhaan murtii mana murtii ol'aanaa diiguudhaan; murtii mana murtii aanaa ammoo sabab isaa jijjiiruudhaan akn mirkaneesse dogoggora seena isaa bu'uuraa waan qabuuf diigamee sirreffamuu qabu jechuudhaan waan gaafatteef dha.

Ka'umsi falmii kanaas mana murtii aanaa Agaarfamaa irrataa yoo ta'u, mana murtii aanaarratti, iyyattuu ammaa himattuu; yaamamaan ammoo himatamaa akkuma turan seenaa falmii kanaa irra hutamameera. Iyyattuu ammaas himannaa gaafa 05/03/2005 barreesseera mana murtii aanaa Agaarfaatti dhiyeesseera gabaabinaan "Lafa qonnaa kan abbaan warraa kibba bara mootummaa Dargii irraa eegalee hanga bara 1990 itti fayyadamaa ture harka qalleettii ta'uu kun hubachuudhaan seeraan ala duroomuudhaaf waan wajjajjalee qabateef akka gadnaaf lakkisu" jechuudhaan himatteerti.

Yaamamaan ammaa deebii mana murtii aanaa kenneen:

1. Lafuma kanaa fi ijoodhuma kana irratti kana dura walfalminee hanga dhaddacha Ijibbaataa mana murtii waliigalaa geenyee Gal.Lakk.25863 irratti dhaddacha gaafa 29/01/1999 oolameen murtii dhumaa irratti kennameera,

2. Lafa kana bara 1990 Koreen Lafa Hirtuu Gandaa naaf kennitee hanga ammaa waggaa 15 guutuu gibira mootummaa itti kaffalee itti fayyadamaa kanan jiru waan ta'eef himannaan iyyattuu bu'uura S.H.H.Kewt.1845 tiin darbiinsa yerootiin hafa ta'uu qaba jechuudhaan falmeera.

Kana booda manni murtii aanaa Agaarfamaa bitaa fi mirga falmii irrataa Gal.Lakk.12758 irratti dhaddacha gaafa 05/03/2005 ooleen "**Kana dura bitaa**

fi mirgi lafuma kana irratti walfalmanii hanga dhaddacha Ijibbaataa mana murtii waliigalaa Oromiyaa gahanii dhaddachi Ijibbaataa Gal.Lakk.25863 irratti dhaddacha gaafa 29/01/1999 ooleen lafa kana yaamamaa ammaatiif kan murteesse ta'uu isaa waan hubanneef himannaa iyyattuu bu'uura S.F.H.H.Kewt.5 tiin lafa ta'uu qaba" jechuudhaan murteesseera.

Kana booda iyyattuun ammaa murtii mana murtii aanaa kana komachuudhaan ol'iyyannoo mana murtii aanaa godina Baaleetti yoo dhiyeeffattu manni murtii aanaas Gal.Lakk.15469 ta'e irratti dhaddacha gaafa 11/07/2005 ooleen "Falmiin bitaa fi mirgi kana dura walfalmanii mana murtii waliigalaa Oromiyaatti dhaddachi Ijibbaataa Gal.Lakk.25863 irratti dhaddacha gaafa 29/01/1999 ooleen murtii dhumaa irratti kenne ta'e falmii 'Jeequmsaa dhaabsisuuf' yoo ta'u falmiin ammaa ammoo falmii 'Abbaa Qabiyyummaa' waan ta'eef kan falmii ammaa fi kan duraa tokko miti" jechuudhaan murtii mana murtii aanaa diiguudhaan manni murtii aanaa irra deebi'ee ijoo dubbii irratti bitaa

fi mirga falmsiisee murtii dhuma akka kenne jechuudhaan bu'uura S.F.H.H.Kewt.341 tiin mana murtii aanaatti deebiseera. Kanatti aansuudhaan yaamamaan ammaa murtii mana murtii ol'aana komachuun ol'iyyannoo mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Kibbaatti yoo dhiyeeffaman manni murtii waliigalaa Oromiyaas bitaa fi mirga falmsiisee Gal.Lakk.145926 irratti dhaddacha gaafa 16/12/2005 ooleen "Ijoon falmii Gal.Lakk.25863 irratti dhaddacha gaafa 29/01/1999 ooleen murtii argate (Waa'ee falmii jeequmsi dhaabbachuu qabaa moo ta' qabu) fi falmiin amma gaggeeffamaa jiru (Abba qabiyyummaa lafa baadiyyaa) tokko miti jechuun murtiin manni murtii ol'anaa kenne dogoggora ta' qabu. Gama biraatiin garuu yaamamaan lafa kana bara 1990 irraa eegalee qabatee kan itti fayyadamaa jiru ta'uun isaa ragaadhaan mirkanaa'eera. Iyyattuun garuu yaamamaan lafa kana najalaa qabate jechuun murtii guyyaa inni qabatellee himannaa ishee keessatti ta' ibsine. Kanaafuu, himannaan iyyattuu bu'uura S.H.H.Kewt.1845 fi labsii magalata Oromiyaa Gal.Lakk.130/99 Kewt.6 (16) tiin darbiinsa yeroo waggaa 10 ta' hafaa ta'uu qaba" jechuudhaan murtii mana murtii ol'aanaa diiguudhaan; murtii mana murtii aana ammoo sababa isaa jijjiiruudhaan mirkaneesseera.

Komiin amma dhiyaates murtii mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Kibbaa kana irraa jecha ta'u ijoo komii iyyattuus gabaabinaan:

1. Falmii duraan adeemsifame keessatti himannaa qabiyyaa kiyya kufaa kan ta'e lafti kun kan yaamamaa wa

ta'ef utuu hin taane, jeequmsi uumame hin jiru waan jee dhamee qofa te'ee utuu jiruu fi Yaamamaan lafa kana waliigalteedhaan bara 1996 kan qabate ta'ee utuu jiruu fi mormii darbiinsa yeroo ilaalchisee yaamamaan mana murtii jalatti utuu hin kaasiin mana murtii waliigalaa irratti akka hin kaafne S.F.H.H.Kew.329(1) utuu dhorkuu manni murtii waliigalaa himannaan iyyattuu darbiinsa yerootiin hafaa ta'a jechuudhaan murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'ef dhigamee sirreeffamuu qaba kan jedhu dha.

Dhaddach kunis galmee kana qorachuudhaan ajaja dhaddacha gaafa 22/04/2006 ooleen kenneen "Lafti kana waliigaltee 'wallad aggidii' tiin abbaa qabiyyee qabaa bahee nama biraa harka yoo seenee abbaan qabiyyee himannaa lafti sun naaf yaa deebi'u jedhu jechuudhaaf darbiinsa yeroo waggaa meeqaatiin gaggeeffama? Falmiin kana dura bitaa fi mirga jidduutti fayyadamaa turee dhuma irratti dhaddacha Ijibbaataa mana murtii waliigalaa Oromiyaatiin Gal.Lakk.25863 irratti dhaddacha gaafa 29/01/1999 ooleen murtii argate darbiinsa yeroo addaan kuta moo hin kutu?" ijoo jechuun ildoo yaamamaan jirutti qulqulleessuuf jecha yaamamaan deebii akka kennu ajajamee yaamamaanis murtii gaafa 18/06/2006 barreeseen "Lafa kana bara 1990 lafa duudaa qabadhee kanan itti fayyadamaa jiru qabate lafti kun kan iyyattuu akka hin taane ragaadhaan mirkaneesseera. Mormii sadarkaa duraatiinis mana murtii aanaarratti deebii kenne keessaatti ifatti kaasee jechuun waan jiruuf komiin iyyattuun dhiyeessite akka waliigalaatti fudhatama kan qabu miti jedhamee murtiin

mana murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddacha dhaabbu Kibbaa cimuu qaba” jechuudhaan falmeera.

Kanumaan falmii bitaa mirgaa, murtiin manneen murtii jalaa fi galmee haadhoo mana murtii aanaa Agaardha irraa dhiyeessuudhaan seera dhimmaa kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera.

Bu’uura kanaan falmii bitaa fi mirgaa fi murtii dhaddacha Ijibbaataa mana murtii waliigalaa Oromiyaa Gal.Lakk.25863 irratti kenne irraa kan hubatamu, lafa amma falmiif sababa ta’e sababa waliigalaa “Walladaggidii” jedhamu kan gaafa 11/11/1990 bitaa fi mirga jidduutti mallatteeffameen yaamamaan waggaa sadiif lafa kana harka isaa kan galfate ta’uun, iyyattuun

ammaa yaamamaan lafa kana bara 1990 keessa jeequmsa uumee humnaan waan qabateef jeequmsa dhaabee lafa kana akka gadlakkisu jechuudhaan himachuu ishee fi dhaddachi Ijibbaataa kun ammoo lafti kun sababa waliigaltee ‘Walladaggid’ jedhamu kan harka yaamamaa seene malee, jeequmsa uumee humnaan waan hin taaneef himannaan iyyattuu kuba dha jechuudhaan kan murteesse ta’uu isaati.

Falmii amma geggeeffamaa jiru keessattis iyyattuun ammaa mana murtii aanaatti himannaa yaamamaa bu’uressitu “Yaamamaan lafa kana seeraan ala waan qabateef akka gadlakkisu” jechuudhaan yoo himannaa yaamamaan ammoo “Lafa kana bara 1990 Koreen lafa Hirtuu gandaa karaa seera qabeessa ta’een naaf kenne malee lafti kun kan iyyattuu miti. Lafa kana bara 1990 irraa eegalee seeraan qabadhee waanan jiru

himannaan iyyattuu darbiinsa yerootiin hafaa ta’uu qaba” jechuudhaan falmeera. Kanaafuu, falmiin himannaan iyyattuu darbiinsa yerootiin hafaa ta’uu qaba maa miti jedhu itti aanee kan ilaalamu ta’ee, iyyattuun komii ishee keessatti yaamamaan mana murtii jalaatti mormii sadarkaa duraa waa’ee darbiinsa kana uuu hin kaasiin mana murtii waliigalaa irratti lafa kana kan jettu dhugaa galmee keessa jiruun faallaa qabu ta’ef komii fudhatama qabu ta’ee hin argamne.

Yaamamaa kansuuudhaan namni tokko lafa baadiyaa naannoo baadiyaa sababa waliigaltee Walladaggidiitiin kan harka isaa galfate yoo ta’e lafa sana sababa darbiinsa waliigaltee gaafatamuu hin qabu kan jedhamu waggaa sadiif yoo darbe dha ijoo jedhu akka itti aanutti mallatteeffameera. Bu’uura labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Baadiyyaa Lakk.130/1999 Kewt.6 (5) tiin lafa waliigaltee Walladaggidiitiin walitti dabarsuun kan hin danda’amne iyyattuun tumameera. Kana jechuun ammoo waliigalteen gaafa 11/11/1990 bitaa fi mirga jidduutti taasifame lafa qabeessaa miti jechuudha. Kun akkuma jirutti lafa kana iyyattuun ammaa kan gaafataa jirtu bu’uura waliigaltee kanaatiin akka naaf raawwatamu kan jirtu miti. Gaaffiin ishee “Yaamamaan seeraan ala lafa kana waan qabateef akka gadnaaf lakkisu” kan jirtu dha. Yaamamaan ammoo lafti kun kan kiyya qabate kan iyyattuu miti jechuudhaan falmeera. Kana keessatti manni murtii waliigalaa Oromiyaa yaamamaan lafa kana bara 1990 keessaa kan of harka galfate waan ta’ef himannaan iyyattuu bu’uura S.H.H.Kewt.1845 fi labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa

Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.130/1999 Kewt.6 (16) tiin waggaa kudhaaniin hafaa ta'a jechuudhaan murteesseera. Yaa ta'uu malee S.H.H.Kewt.1845 raawwatiinsa kan qabaatu gaaffii ykn himannaa "Waliigalteen naaf yaa raawwatamu ykn gaafatiin waliigalteen naaf hin raawwatamne jedhu irratti hunda'ee dhiyaatuu fi waliigalteen akka diigamu" jedha akka ta'e tumni kun ni agarsiisa. Kana malees tumni labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.130/1999 Kewt.6 (16) jala jirus kan agarsiisu "Namni tokko lafa baadiyyaa sababa gahaa malee utuu itti hin fayyadamiin waggaa lamaa fi sanaa ol kan ture yoo ta'e mootummaa lafa sana fudhachuu akka danda'u" malee namni sababa lafa waliigaltee walladaggiddiitiin namatti kenne waggaa lama keessatti akka deebi'uuf utuu hin gaafatiin waan tureef ta'uu hin agarsiisu.

Kana malees, yaamamaan lafa kana bara 1990 irratti eegalee qabateera utuu jedhamees, iyyattuun amma yaamamaan lafa kana akka gadlakkisuuf himannaa mana murtii aanaa Agaarfatti yoo dhiyeessitu, falmii hanga dhaddacha Jibbaataa mana murtii waliigalaa Oromiyaatti deemuudhaan dhaddachi Ijibbaataa Gal.Lakk.25863 irratti dhaddacha gaafa 29/01/1999 ooleen murtii dhuma kan kenne ta'uun isa hubatameera. Erga murtiin kun kennamee booda ammoo iyyattuun ammaa himannaa falmii amma ilaalamaa jiru kana gaafa 13/03/2005 mana murtii aanaa Agaarfatti hundeesiteetti. Kanaafuu utuudhuma yaamamaan lafa kana karuma kamiinuu erga qabatee waggaa kudhan darbeera kan jennu utuu

himmoo himannaa fi murtiin aramaan olitti ibsaman kun bu'uura B.H.H.Kewt.1851 (b) tiin darbiinsii yeroo kan qabateera cite ta'a. Kanaafuu, guyyaa dhaddachi jibbaataa kun falmii isa duraa irratti murtii kenne (29/01/1999) fi guyyaa himannaan amma ilaalamaa jiru hundeeffame (13/03/2005) jidduu yeroon jiru waggaa kudhanii gadi ta'ee utuu jiruu manni murtii waliigalaa Oromiyaa himannaan iyyattuu bu'uura B.H.H.Kewt.1845 fi labsii Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.130/1999 Kewt.6 (16) tiin darbiinsa yeroo waggaa kudhaniitiin hafaa ta'a jechuudhaan murtiin kenne keewwaata seeraa firii dubbii rogummaa hin qabne irratti hojii irraa oolchuu ta'ee argameera. Kanaafuu, akka waliigalaatti himannaan iyyattuu darbiinsa yeroo waggaa 10n tiin hafa ta'a jechuudhaan murtiin manni murtii waliigalaa Oromiyaa kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan qabuuf diigamee sirreeffamuu qaba jechuudhaan murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddachi kibbaa Gal.Lakk.145926 irratti dhaddacha gaafa 16/12/2005 ooleen kennee dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu waan ta'eef bu'uura B.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin DIIGUUDHAAN murtaa'eera.

2. Bu'uura ajaja manni murtii ol'aanaa godina Baalee Gal.Lakk.15469 irratti dhaddacha gaafa 11/07/2005 ooleen kenneen manni murtii aanaa Agaarfaa bitaa fi mirga ijoo dubbii irratti walfalmisiisee murtii

barbaachisaa ta'e akka kennu bu'uura
S.F.H.H.Kewt.341 (1) tiin itti deebifameera.

3.Manneen murtii daka'a sadan akka beekanii
garagalchi murtii yaa qaqqabu.

4.Galmeen xummura waa argateef cufameera.

Lakk.Gal. 175695

Guyyaa-13/04/2007

A/Murtii:-

Damoozee Maammee

Tuulii Baay'isaa

Habiib Abbaajabal

Darajjee Mangistuu

Mokonnin Asaffaa

Iyyataan...Injinar Abdallaa Mahaammad-hin dhiyaanne.

Yaamamtuu...Aaddee Fooziyaa Ahimad-hin dhiyaanne.

Mormiin Iyyataan...Obboo Jamaal Aadam-hin
dhiyaanne.

Murtii

Galmeen kun dhaddacha gaafa 22/07/2006 erga
murtiidhaan cufameen booda deebii'ee dhaddacha
kanaaf dhiyaachuu kan danda'e sababa mormiin
Iyyataan ammaa iyyannoo gaafa 07/11/2006
barreesseen: - Mana iyyataa fi yaamamtuun irratti
walfalmaa jiran ani caalbaasi manni murtii ol'aanaa
geeggeesse irratti hirmaadhee gatii ol'aanaa
dhiyeessuudhaan qarshii 1,800,000.00 (Miliyoona
fukkoo fi Kuma Dhibba Saddeetiin) bitadhee utuun
jiruu sababa iyyataan ammaa caalbaasiin sun akka
diiqamuu gaafateef dhaddachi Ijibbaataa kun utuu ani
hin beekiin ykn falmiitti hin hirmaatiin caalbaasiin ani

mo'adhe akka diigamu murteesseera. Falmii kanatti utuu ani hin hirmaatiin caalbaasiin sun diigamuun isaa mirga kiyya kan miidhu waan ta'eef murtiin dhaddacha kanaan gaafa 22/07/2007 kenname ka'ee falmitti hirmaadhee caalbsiin duraan geeggeffame sun diigamuu hin qabu jedhamee akka murta'u jechuudhaan waan gaafateef dha.

Dhaddachi kunis iyyannoo mormiin iyyataa kana irratti hunda'uudhaan iyyataa fi yaamamtuun mormiin iyyannoo irratti deebii akka kennan ajajee iyyataan deebii gaagfa 07/11/2006 barreesseen caalbaasiin duraa kan diigame waan ta'eef akkasumas mormiin iyyataan ammaa sababa caalbaasiin duraan geeggeffame akka diigamu ajajameenis mallaqa qabsiisee ture akka fudhatu dhaddachi kun kan ajaje waan ta'eef murtiin dhaddacha kanaan kenname mirga mormiin iyyataa ammaa kan miidhu waan hin taaneef mormiin isaa kufaa ta'ee caalbaasiin dhaddacha kanaan ajajame akka itti fufu jechuudhaan gaafateera.

Yaamamtuunis iyyannoo mormii irratti deebii akka kennitu ajajamtee waraqa yaamichaa mallatteessitee fudhattee waan achumaan hafteef deebii kennuu akka hin barbaannetti fudhachuudhaan bira darbameera.

Kanumaan murtii dhaddacha kanaan gaafa 22/07/2006 kenname, iyyannoo mormii dhiyaatee, deebii iyyataan kennee fi seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera. Ijoon falmii ammaa keessatti furmaata argachuu qabus qabiyyeen ykn qabeenyaan abbaa warraa fi haadha

warraa walhiikiinsa booda caalbaasiin erga gurgurameen booda gareen tokko caalbsiin sun seera kan hin hordofne waan ta'eef akka diigamu jedhee gaaffi dhiyeessu irratti hunda'ee dhaddachi Ijibbaataa caalbaasiin sun diigamee caalbaasiin kan biraan akka geeggeeffamu murtii kennu irratti namni caalbaasii duraa mo'atee ture bu'uura S.F.H.H.Kewt.358 fi geeggeffame dogoggora cimaa kan qabu ta'uun dhaddacha kanaan hubataakkuma geeggeffameen utuu battalumatti mormiin irratti ka'ee caalbaasiin akka diigamu kan taasifamu yoo ta'e mirgi nama caalbaasii mo'atee sun hangas mara miidhamuu dhabuu ni danda'a. Kanaafuu, caalbaasiin geeggeeffamee qabeenyaan tokko erga gurgurameen booda caalbaasiin sun kan diigamu yoo ta'e akkaataan mirgi nama caalbaasii mo'atee sun itti dhiibamuu ykn xuqamuu danda'u itti uumamu jiraachuu ni mala waan ta'eef namni caalbaasii mo'ate; caalbaasiin sun akka diigamu ykn haqamuuf gaaffiin mana murtii yoo dhiyaatu manni murtii caalbaasii sana utuu hin haqiin ykn diigiin dura nama caalbaasii mo'ate sana beekisuu kan qabu ta'uu isaa dhaddachi kun itti amana. Garuu ammoo caalbaasiin geeggeeffame tokko mana murtiitiin kan diigamu yoo ta'e namni caalbaasii diigamu sana mo'ate deebi'uufii akka qabu S.F.H.H.Kewt.446 (5) jalatti tumameera.

Kanuma waliin walqabatee namni tokko bu'uura S.F.H.H.Kewt.358 fi kanneen itti aananiin mormii dhiyeessuuf ulaagaa maalii guutuu qaba ijoon jedhamus ilaalamuu qaba. Bu'uura S.F.H.H.Kewt.358

tiin namni falmii tokko keessatti hirmaachuu utuu qabuu hin hirmaatiin yoo hafee fi sababa falmii sana keessatti hirmaachuu dhabeen murtiin mirga isaa xuqu yoo kenname akkasumas murtiin mirga isaa xuqu kun utuu hin raawwatiin dura mormii dhiyeeffachuu akka danda'u tumameera. Haala kanaan iyyannaa mormii amma dhiyaate yoo ilaalamu manni amma falmii sababa ta'e caalbaasiin erga gurgurameen booda iyyataan (Injiinar Abdallaa Mahaammad) caalbaasiin sun akka diigamu jechuudhaan qarshiin ittiin bitate kenneen itti aananiitiin mormii dhiyeessuu ni danda'a moo hin danda'u ta'ee argameera.

Bu'uura kanaan akka S.F.H.H.Kewt.443 (1) jalatti tumametti namni qabeenyaa caalbaasiin akka gurguramu ajajame irraa mirga qabu caalbaasiin adeemsifame tokko seera kan hin hordofnee fi sababa kanaanis mirgi isaa kan xuqame yoo ta'e caalbaasiin sun akka diigamuuf mana murtiitti iyyannaa dhiyeessuu kan danda'u ta'uun tumameera. Iyyannaan ykn gaaffiin akkanaa mana murtiif yeroo dhiyaatus manni murtii caalbaasii sana utuu hin diigiin ykn hin haqiin dursee namoota caalbaasiin sun yoo haqame ykn diigame mirgi isaanii xuqamuu danda'an beeksisuu akka qabu seeruma kana Kewt.446 (4) jalatti tumameera. Kana irraa ka'uudhaan jechi "Namoota mirgi isaanii xuqamu" jechuun nama qabeenyaa sana caalbaasiin bitate ni dabalata moo hin dabalatu ijoo jedhu ilaalamu qaba. Namni tokko caalbaasiin qabeenyaa tokko yoo bitatu yeroo, humnaa fi mallaqa itti baasee kan mo'atu waan ta'eef hanga danda'ametti

caalbaasiin sun akka hin diigamne ni barbaada. Nama caalbaasii mo'ate sun yeroo tokko tokko battalumatti qabeenyaa sana of harkaan kan gahate yoo ta'e qabeenyaa biraa itti dabaluu (Ijaarsa biraa itti dabaluu) ni danda'a. Yeroo tokko tokko ammoo caalbaasiin sun mana murtii aanaa magaalaa Jimmaatti iyyannoo dhiyeeffateera. Kana booda manni murtii aanaa iyyataa fi yaamamtuu falmisiisee dhaddacha gaafa 22/11/2005 seera caalbaasiin sun diigamuu hin qabu jechuudhaan jala murtii kenneera. Kana booda iyyataan ammaa jala murtii manni murtii aanaa aramaan olitti kenne sana komachuudhaan ol'iyyannoo mana murtii ol'aanaa godina Jimmaatti yoo dhiyeeffatu manni murtii ol'aanaas murtiin mana murtii aanaa sirrii dha jechuudhaan komii iyyataa bu'uura S.F.H.H.Kewt.337 tiin kufaa godheera.

Ammas iyyataan murtii manneen murtii jalaa kana lamaan komachuudhaan iyyannoo dhaddacha jibbaataa kanatti yoo dhiyeeffatu dhaddachi jibbaataa kunis ajaja gaafa 25/03/2006 mana muurtii aanaa magaalaa Jimmaatii fi bulchiinsa magaalaa Jimmaatiif dabarseen raawwiin mana murtii aanaatiin eegalamee ture dhorkamee akka turu ajajeera. Kana booda raawwiin mana murtii aanaarra ture dhaabbatee iyyataa fi yaamamtuun walfalmaa turanii dhaddacha gaafa 22/07/2006 caalbaasiin manni murtii aanaa geegesse akka diigamu dhaddach kun murteessera. Mormiin iyyataan ammaas caalbaasiin inni mo'ate akka diigamuuf falmiin mana murtii aanaa irraa eegalee hanga dhaddacha kanaatti irratti adeemsifamaa kan

jiru ta'uu isaa kan beeku ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Sababiin isaas mormiin iyyataan ammaa caalbaasiin mana kana bitatee utuu jiruu sababa iyyataan mormii irratti kaaseef manicha of harkaan gahachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa ajaja mana murtii aanaa irraa eegalee dhaddacha kanaanis kennamaa ture irraa ni hubatama.

Akka waliigalaatti caalbaasiin akka diigamu iyyannaan yeroo itti dhiyaatu manni murtii aanaa mormiin iyyataan ammaa beeksisuu utuu qabuu bira darbuun isaa kan hubatamu yoo ta'ellee mormiin iyyataan ammaa bu'uura S.F.H.H.Kewt.41 tiin mana murtii aanaarratti falmii kana keessa seenuu utuu danda'uu calli jedhee ilaalaa turee kallattii falmiin itti deemu ykn bu'aa falmii sanaa ilaaluudhaan amma mormii dhiyeessuun isaa kaayyoo fi akeeka S.F.H.H.Kewt.358 fi kenneen itti aanaan galmaan ga'uuf dhaabbatan waliin kan deemuu miti. Gama biraatiin ammoo mormiin iyyataan ammaa manneen murtii jalaattis falmii kana keessa seencera utuu ta'ees murtii dhaddacha kanaan kenname jijjiirsisuu kan danda'uu miti. Sababiin isaas caalbaasiin kun akka diigamu sababa guddaa kan ta'e "Mana magaalaa Jimmaa keessati lafa m² 22,000 irratti qubatee argamu caalbaasiin gurguruuf beekisa mana murtii keessatti qofa maxxansuudhaan mana kana qarshii 1,800,000.00 (Miliyoona Tokkoo fi Kuma Dhibba Saddeetitti) gurguruun namni baayyeen caalbaasiin irratti akka hirmaatu gochuu dhabuu agarsiisa" jechuudhaan waan ta'eef dha.

isaa malees dhaddachi Ijibbaataa mormiin iyyataan ammaa mallaqa caalbaasii kanaan mana kana bituuf ta'ee akka deebisee fudhatu ajajameera. Kanaafuu akka waliigalaatti mormiin iyyataan ammaa mana murtii aanaarratti caalbaasii inni mo'ate irratti mormiin isaa ta'ee ta'uu beeksifamuu dhabuun isaa dogoggora ta'ee illee naanna'ee mormiin iyyataan ammaa kun mana falmii kanaa jijjiirsisuu waan hin dandanyef ammaa caalbaasiin kun akka diigamu falmiin irratti argameffamaa kan jiru ta'uu mana murtii aanaa irraa eegalee utuu beekuu amma kallattii falmii ilaaluudhaan mormii dhiyeeffachuun isaa faallaa kaayyoo S.F.H.H.Kewt.358 fi kenneen itti aanaanii ta'ee waan kaaseef mormiin isaa fudhatama hin arganne.

Ajaja

1. Mormiin iyyannaan bu'uura S.F.H.H.Kewt.358 tiin dhiyaate mormii manneen murtii jalaatti dhiyaachuu qabu ta'ee utuu jiruu mormiin iyyataan ammaa sadarkaa kanatti dhiyeessuun isaa ulaagaa S.F.H.H.Kewt.358 tiin ala waan ta'eef fudhatama hin arganne.
2. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaddacha kanatti gahe bitaa fi mirgi kan mataa mataa isaanii akka danda'an ajajameera.
3. Dhorkaan dhaddacha kana irraa mana murtii aanaa magaalaa Jimmaa tiif darbee tures ka'eera.
4. Galmeen xummura waa argateef cufameera.

A/Murtii:-

Damoozee Maammee

Tuulii Baay'isaa

Geetaachoo Takilee

Habiiba Abbaajabal

SeeyifuuWaarii

Iyyattoota:

1. Obboo Fiqiruu Mokonnin Tulluu
2. Mulunah Mokkonniin Tulluu

Yaamamtoota:

1. Obboo Tashoomaa Qananii
2. Bulchiinsa Magaalaa Incinnii-B/Bu'aa

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyattoonni ammaa iyyannoo gaafa 22/02/2005 dhaddacha kanaaf barreessaniin mana murtii ol'aanaa godina Shawaa lixaa Gal.Lakk.5516 irratti dhaddacha gaafa 12/02/2006 ooleen murtii manni murtii aanaa Ada'aa Bargaa Gal.Lakk. 2477 irratti dhaddacha gaafa 22/12/2005 ooleen:

Mana murtii waliigalaa Oromiyaatti dhaddachi Ijibbaataa kana dura Gal.Lakk.111162 irratti yaamamaa 1ffaan mana mana falmii kaase kana bara 1995 erga bitee qabatee waan itti fayyadamaa jiruuf gadlakkisuu qabu jechuudhaan murteesseera. Iyyattoonni ammaa Gal.Lakk.18792 fi 18882 irratti yaamamaa 1ffaa waliin mana murtii aanaarratti walfalmaa turanii booda Gal.Lakk.111162 bu'uura godhachuudhaan yaamamaa kanaaf murtaa'eera. Manni murtii ol'aanaa godina Shawaa lixaas murtiiwaan kana Gal.Lakk.54037 fi 43483 irratti cimseera. Walumaagalatti manni falmii kaase kun dhaddacha Ijibbaataatti Gal.Lakk.111162, 18792, 54037 fi 43483 irratti yaamamaa 1ffaatiif kan murtaa'e waan ta'eef iyyattoonni ammaa murtii galmee kana irratti gaafa 19/11/2005 kenname diigsisuuf mirga waan hin qabneef murtii gaafa 19/11/2005 galmee kana murtii murtaa'e bu'uura S.F.H.H.Kewt.360 (2) tiin qabamu hin qabu jechuudhaan murtii kenne bu'uura S.F.H.H.Kewt.337 tiin mirkaneessuun mana murtii aanaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef galmee sirreeffamu qaba jechuudhaan waan qabataniif dha.

Mani falmii kanaas mana murtii aanaa Ada'aa Bargaa irraa yoo ta'u falmiin kan eegalame himannaa yaamamaa 1ffaan, yaamamaa 2ffaa ammaarratti qabeesseen akka ta'e hubatameera. Ijoon himannaa yaamamaa 1ffaa ammaas "Mana falmiif sababa ta'e kana waliigalteedhaan bitadhee utuun jiruu yaamamaa 2ffaan ammaa maqaa abbaa qabiyyummaa mana kanaa gara

maqaa kiyyaatti akka naanneessu/jijjiiru gaafadhee waan ana dideef dirqamee akka naaf naanneessu/jijjiiru jechuudhaan himateera. Kana booda manni murtii aanaa yaamamaa 1^{ffaa} fi yaamamaa 2^{ffaa} walfalmisiisee dhuma irratti dhaddacha gaafa 19/11/2005 oolee “Yaamamaa 1^{ffaan} mana falmiif sababa ta’e nama Obbo Mokonnin Tulluu jedhaman irraa waliigaltee gaafa 18/08/1995 taasifameen kan bitate waan ta’eef yaamamaa 2^{ffaan} dirqamee maqaa abbaa qabeenyummaa kanaa gara maqaa yaamamaa 1^{ffaatti} akka jijjiiru jechuudhaan murteesseera.

Kana booda iyyattoonni ammaa murtiin manni murtii aanaa galmee kana irratti dhaddacha gaafa 19/11/2005 ooleen kenname mana dhaalaan abbaa keenya irraa nutti darbuu qabu irratti waan ta’eef falmii kan keessatti utuu nuti hin hirmaatiin murtiin kenname mirga keenya kan xuqe waan ta’eef bu’uura S.F.H.H.Kewt.358 fi kenneen itti aananiin ni mormii jechuudhaan dhiyaataniiru. Kana booda manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisee dhuma irratti murteessensa murtii kanaa irratti ibsame kenneera. Kana booda iyyattoonni murtii mana murtii aanaa kan komachuudhaan ol’iyyannoo mana murtii ol’aanaa godina Shawaa lixatti yoo dhiyeeffatan manni murtii ol’aanaa murtiin mana murtii aanaa dogoggora seera ta’ee kan firii dubbii hin qabu jechuudhaan komarii iyyattootaa bu’uura S.F.H.H.Kewt.337 tiin kufaa godheera.

Komarii amma dhiyaates murtiwwaan manneen murtii jalaa kana lamaan irratti yoo ta’u ijoon koomii iyyattootaa gabaabinaan “Murtiin Gal.Lakk.111162 irratti dhaddacha Ijibbaataatiin kenname waliigalteen yaamamaa 1^{ffaan} qabatee falmaa jiru ulaagaa S.F.H.H.Kewt.1723 jalatti tumaman kan hin guutne waan ta’eef gaaffiin yaamamaa 1^{ffaa} fudhatama hin qabu kan jedhu ta’ee utuu jiruu fi himannaan yaamamaa 1^{ffaa} darbuusa yeroo waggaa 10 tiin haffaa ta’uu qaba jennee utuu falminuu manneen murtii jalaa mormii sadarkaa jalaa kana irratti jalmurtii utuu hin kenniin bira darbuun isaanii dogoggora seeraa isa bu’uuraa waan ta’eef diigamee sirreeffamuu qaba” kan jedhu dha.

Dhaddach kunis galmee kana qorachuudhaan ajaja dhaddacha gaafa 22/02/2006 oole kenneen “Mana murtii waliigalaatti dhaddachi Ijibbaataa Gal.Lakk.111162 irratti manni amma falmiif sababa ta’e kan yaamamaa ammaati jedhee murteesseera moo miti, himannaan iyyattoonni ammaa mana murtii aanaa jalaa Bargaa irratti yaamamaa 1^{ffaan} ammaa mana mana falmiif sababa ta’e humnaan qabatee waan jiruuf akka gadlakkisu jechuudhaan himatanii manni murtii jalaa Gal.Lakk.19882 himannaa isaanii kufaa jechuun, iyyattoonni falmii amma gaggeeffamaa jiru irratti bu’uura S.F.H.H.Kewt.358 tiin mormii dhiyeessuu fi dhorka moo miti” ijoo jedhu iddoo yaamamtoonni irratti qulqulleessuuf jecha yaamamtoonni deebii akka hinnaan ajajamee yaamamaa 1^{ffaan} deebii gaafa 11/04/2006 barreeseen falmiiwwaan manneen murtii irratti kaasaa ture irra deebi’ee kaasuudhaan akka

waliigalaatti murtiin manneen murtii jalaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan hin qabneef cimuu qaba jechuudhaan falmeera.

Yaamamaa 2^{ffaan} gama isaatiin deebii gaafa 23/03/2000 karaa bakka bu'aa isaa barreesseen "Manni falmii irratti ka'e maqaa nama Obboo Mokonnin Tulluuti galmaa'ee kan beekamu waan ta'eef, akkasuma dhaaltonni maqaa abbaa qabeenyummaa gara ofii erga naanneffataniin booda gurguruu kan danda' malee mana maqaa nama biraatiin jiru gara yaamama 1^{ffaatti} jijjiiruu/naanneessuu hin dandeeny jechuudhaan komii iyyattootaa deggeeruudhaa falmeera.

Kanumaan falmii bitaa mirgaa, murtiin manneen murtii jalaa fi Gal.Lakk. 111162 fi 164566 Kuusaa Galmeewwaan Raawwatamanii mana murtii waliigala Oromiyaa keessaa baasuudhaan seera dhimmaa kan waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanu qoratameera.

Bu'uura kanaan falmii fi murtii Gal.Lakk.111162 irratti taasifame yoo ilaallu; ka'umsi falmii galmee kana irratti taasifamee himannaa yaamamaa 1ffaan ammaa mana murtii aanaa Ada'aa Bargaatti dhiyeesseen yoo ta' qabiyyeen isaas "Mana falmiif sababa ta'e waliigala bittaa fi gurgurtaa gaafa 18/08/1995 abbaa iyyattootaa ammaa waliin taasifneen bitadheen jira. Yaa ta'uu mana abbaan isaanii utuu maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa gara kiyyatti hin naanneessiin waan danda' iyyattoonni ammaa ammoo maqaa naaf naanneessu

waan didaniif dirqamanii akka maqaa naaf naanneessan/jijjiiran" kan jedhu dha. Iyyattoonni ammoo deebii kennaniin Waliigaltee yaamamaan

ammaa dhiyeesse akka hin beeknee fi abbaan isaanii mana kana hin gurgurre jechuudhaan falmaniiru. Kana booda manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisee Gal.Lakk.10591 irratti dhaddacha gaafa 14/05/2002 booda "Waliigalteen bittaa fi gurgurta mana magaalaa Addis Ababa Incinnii ganda 01 keessatti maqaa abbaa iyyattootaatiin galmaa'ee jiru irratti yaamamaan fi mana isaanii jidduutti gaafa 18/05/1995 fi gaafa 08/12/1996 taasfame bu'uura S.H.H.Kewt.1723 tiin mana aangoo qabu biratti kan hin galmoofne waan ta'ef bu'uura S.H.H.Kewt.1808 (2) tiin kan diigamudha. Akkasumas manni kun maqaa abbaa iyyattootaatiin galmaa'ee kan jiru waan ta'eef waliigalteen kun bu'uura S.H.H.Kewt.1675 tiin diigamuu qaba. Iyyattoonni dirqamanii maqaa abbaa qabeenyummaa naanneessuu irratti qaban. Yaa ta'uu malee iyyattoonni mallaqa sababa bitaa fi gurgurtaa kanaatiin fudhatan qarshii 3000.00 (sadda sadii) yaamamaaf deebisanii; yaamamaan ammoo mana kana akka iyyattootaaf gadlakkisu" jechuudhaan murteesseera. Kana booda yaamamaan murtii mana murtii aanaa kana komachuudhaan iyyannoo mana murtii ol'aanaa godina Shawaa lixatti mana dhiyeeffatu manni murtii ol'aanaas murtiin mana murtii aanaa dogoggora seeraa ta'ee kan firii dubbii hin

qabu jechuudhaan komii yaamamaa ammaa bu'uura S.F.H.H.Kewt.337 tiin kufaa godheera.

Dhaddachi Ijibbaataa ammoo Gal.Lakk.111162 irratti dhaddacha gaafa 12/07/2003 ooleen "Iyyattoonni dirqamanii maqaa naannessuu hin qaban jechuudhaan murtiin manneen murtii aanaa fi ol'aanaa kennan sirrii yoo ta'eyyuu; yaamamaan mana kana akka gadlakkii ykn waliigalteen bittaa fi gurgurtaa akka diigamee seerummaan gaafatame utuu hin jiraatiin manneen murtii jalaa waliigalteen diigamee bitaa fi mirgi iddoo duraan turanittii akka deebi'an; keessumaa ammoo yaamamaa lffaan mana kana akka gadlakkii jechuudhaan murtiin kennan sirrii miti" jechuudhaan murtii manneen murtii jalaa sababa isaa jijjiiruudhaan himannaan yaamamaa ammaa kufaa ta'uun isaa gara sirriidha jechuudhaan murteesseera.

Kun kanaan utuu jiruu iyyattoonni ammaa himannaan gaafa 22/01/2004 mana murtii aanaa Ada'aa Bargaatiif barreessaniin "Yaamamaa lffaan ammaa mana abba keenya irraa dhaalaan nu gahuu qabu gaafa 10/01/2000 nu jalaa qabatee keessaa jiraachaa waan jiruuf tilmaama mana kanaa qarshii 45,000.00 (Kun afurtamii shan) akka nuuf kaffalu" jechuudhaan himataniiru. Kana booda manni murtii aanaa Gal.Lakk.19882 irratti bitaa fi mirga falmisiisaa ture dhaddacha gaafa 10/04/2005 ooleen "Yaamamaa ammaa gaafa 10/01/2000 seeraan ala mana kanaa galee qabachuu isaa iyyattoonni ammaa bu'uura mirkaneessine. Gama biraatiin, yaamamaan mana kana

waliigaltee bittaa fi gurgurtaa bara 1995 abbaa iyyattootaa waliin taasiseen mana kana qabate waan ta'ef himannaan iyyattootaa fudhatama hin qabu" jechuudhaan murteesseera. Iyyattoonni ammaa murtii mana murtii aanaa kana komatanii ol'aanaa kan fudhatan yoo ta'u manni murtii ol'aanaa godina shawaa lixaa Gal.Lakk.54037 irratti dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigalaa Oromiyaa ammoo Gal.Lakk.164566 irratti komiin iyyattootaa fudhatama hin qabu jedhanii kufaa godhaniiru.

Kana booda yaamamaan ammaa ammoo himannaan bara 2005 keessa mana murtii aanaa Ada'aa Bargaatiif ibhiyesseen "Mana amma falmiif sababa ta'e kana waliigaltee gaafa 18/05/1995 taasifameen bitadhee utuun maqaa abbaa qabeenyummaa gara kiyiyatti hin jijjiirraatiin/naanneffatiin abbaan iyyattootaa waan du'eef yaamamaa 2ffaan ammaa dirqamee abbaa qabeenyummaa gara kiyiyatti akka naaf naannessuu" jechuudhaan yaamamaa 2ffaa amma himateera. Kana booda manni murtii aanaa Gal.Lakk.24776 irratti yaammatoota ammaa falmisiisee dhaddacha gaafa 19/11/2005 ooleen "Yaamamaa 2ffaan dirqamee maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa gara yaamamaa jiruu akka naanneessu" jechuudhaan murteesseera. Iyyattoonni ammaas murtii kana bu'uura S.F.H.H.Kewt.358 tiin mormuudhaan falmii kanaatti makamaniiru. Seenaan falmii kanaa kanuma aramaan olitti ibsame yoo ta'u dhaddachi kunis ijoo aramaan olitti qabatee ture akka itti aanutti xiinxaleera.

Bu'uura kanaan qabiyyeen murtii dhaddachi kun Gal.Lak.111162 irratti gaafa 12/07/2003 kenne kan agarsiisu, waliigalteen bittaa fi gurgurtaa gaafa 18/05/1995 yaamamaa 1^{ffaa} ammaa fi abbaa iyyattootaa jidduutti taasifameera jedhame ulaagaa S.H.H.Kewt.1723 jalatti tumame waan hin guutneef fudhatama hin qabu. Iyyattoonnis bu'uura waliigaltee kanaatiin maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa yaamamaa 1^{ffaa} ammaatti dabarsuu hin qaban jedhameera. Kun ammoo kan agarsiisu yaamamaa 1^{ffaa} ammaa waliigaltee gaafa 18/05/1995 irratti hunda'ee maqaa abbaa qabeenyummaa mana falmiif sababa ta'ee kana gara ofiitti jijjiirsuu kan hin dandeenye ta'uu isaati.

Gama biraatiin iyyattoonni ammaa yaamamaan mana amma falmiif sababa ta'ee kana gaafa 10/01/2000 waan nujalaa qabateef gatii mana kanaa akka nuuf kaffalu jedhanii himatanii himanni isaanii sababa "Yaamamaa 1^{ffaan} ammaa mana kana gaafa 10/01/2000 seeraan ala kan qabate miti. Waliigaltee bittaa fi gurgurtaa irratti bara 1995 taasifame irratti hunda'ee mana kana qabate jedhamee himannaan isaanii kufaa ta'ee jechuun yaamamaa 1^{ffaan} abbaa qabeenyaa mana kanaa ta'ee jechuu miti. Kanaafuu, iyyattoonni dhaaltota abbaa isaanii (Obboo Mokonnin Tulluu) ta'uun hanga hin waakkatamnetti, manni falmiif sababa ta'es ulaagaa seerri dirqisisu guutee bittaa fi gurgurtaadhaan yaamamaa 1^{ffaa} ammaatti hin dabarre jedhamee dhaddacha Ijibbaataa kanaan murtaa'ee utuu jiruu yaamamaan waliigaltee bittaa fi gurgurtaa gaafa

18/08/1995 taasifame irratti hunda'ee abbaan qabeenyummaa mana kanaa gara isaatti akka jijjiiramu gaafachuu hin danda'u jedhamee dhaddacha Ijibbaataatiin murtaa'ee utuu jiruu, yaamamaan murtii dhaddacha Ijibbaataa kana booda sababa himannaa dhaddacha kanaan kufaa ta'ee qabatee dhimma tokko irratti yaamamaa 2^{ffaan} dirqamee maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa gara kiyyatti akka naanneessu jechuun himannaan dhiyeesse faallaa murtii dhaddachi Ijibbaataa kun Gal.Lakk.111162 irratti kenne ta'ee argameera. Manni murtii aanaas Gal.Lakk.111162 irratti manni kun yaamamaa 1^{ffaa} ammaatiif murtaa'eera jechuudhaan ejjennoon qabate faallaa qabiyyee murtii galmee kana keessaa jiruu ta'ee argameera. Manneen murtii jalaa yaamamaa 1^{ffaan} murtii mana murtii waliigalaatti dhaddachi Ijibbaataa Gal.Lakk.111162 irratti kenne keessatti mana kana irratti mirga argateera jechuudhaan yaamamaa 2^{ffaan} dirqamee maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa gara yaamamaa 1^{ffaatti} akka naanneessu/jijjiiru jechuudhaan murtiin manneen murtii jalaatiin kenname mirga yaamamaa 1^{ffaan} Gal.Lakk.111162 irratti dhabe dhibaanii kennaafii kan jiran ta'uu agarsiisa. Namni tokko waliigaltee tokko irraa hunda'uudhaan mirga waliigaltee sanaan argatu mana murtiitti gaafatee murtii mana murtiitiin erga dhabeen booda, carraan namni kun waliigaltee sana irratti hunda'uudhaan mirguma sana nama biraa irraa itti argatu kan jiraatu yoo ta'ee ergaan isaa ijoo tokko irratti manni murtii tokko murtii adda addaa kennuu isaa agarsiisa.

Akkasumas manni murtii aanaa manni amma falmiif sababa ta'e kun Gal.Lakk.19882 irratti yaamamaa 1ffaatiif murtaa'eera jechuudhaan kan ibse ammaa faallaa qabiyyee murtii galmeen kana irratti kennamee ta'ee argameera. Sababiin isaas akkuma aramaan olitti ibsuuf yaalametti Gal.Lakk.19882 irratti himannaa iyyattootaati kufaa ta'e malee yaamamaa 1ffaan abbaa qabeenyaa mana falmiif sababa ta'eeti jedhamee murtiin kenname hin jiru. Yaamamaanis manni kun kiyya jedhee iyyattoota waliin ta'ee nama biraa waliin falmii taasisee murtiidhaan argachuu isaa ragaan dhiyaate hin jiru.

Akka waliigalaatti, iyyattoonni ammaa sababa himannaan isaanii Gal.Lakk.19882 irratti dhiyeesaan kufaa jalaa ta'eef qofa mana amma falmiif sababa ta'e irraa mirga hin qabdan jedhamee yaamamaa 2ffaan, dirqamee maqaa abbaa qabeenyummaa mana kanaa yaamamaa 1ffaatti akka naannessuu jechuudhaan murtiin manneen murtii jalaatiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee argameera.

Ajaja

5. Murtii manni murtii ol'aanaa godina Shawaa lixaa Gal.Lakk.55164 irratti dhaddacha gaafa 12/02/2006 oleen kennee fi murtii manni murtii aanaa Ada'aa Bargaa Gal.Lakk. 24776 irratti dhaddacha gaafa 22/12/2005 fi gaafa 19/11/2005 ooleen kennee dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qaban waan ta'aniif bu'uura

S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin **DIIGUUDHAAN** murtaa'eera.

6. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaddacha kanatti gahe bitaa fi mirgi kan mataa mataa isaanii akka danda'an ajajameera.
7. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaa yaamamaa 1ffaan qabatee abbaan qabeenyummaa mana falmiif sababa ta'ee gara kiyatti akka jijjiiramu jechuudhaan gaafatu ulaagaa seeraa isa dirqisiisaa ta'e kan guute waan hin ta'eef yaamamaa 2ffaan maqaa abbaa qabeenyummaa gara yaamamaa 1ffaatti naannessuuf/jijjiiruf hin dirqamu jechuudhaan ajajameera.
8. Manneen murtii jalaa sadan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
9. Dhorkaan galmees kana irratti kennamee tures ka'eera.
10. Galmeen xummura waa argateef cufameera.

Guyyaa 27/04/2007

A/Seeraa: Damoozee Maammee

Tuulii Baayisaa

Mahammaad Aliyyii

Habiib Abbaajabal

Mokonnin Asaffaa

Iyyataan...Faantahuun Yimar Abagas-mana sirreessaa godina Qellema Wallaggaa Waan jiruuf hin dhiyaanne abukaatoon isaanii-Takkaa Dhaabaa-dhiyaate Yaamamaa...A/A-Habiib Amaan-dhiyaatan

Murtii

Galmee qorannee murtii itti aanu kennineerra

Iyyannoon kun dhaddacha ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan iyyannaa gaafa 17/07/2007 barreesseen murtiin manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Lixaa Gal.Lakk.176557 irratti dhaddacha gaafa 04/06/2006 ooleen murtii manni murtii ol'aanaa goinda Qellem Wallaggaa iyyataan ammaa labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 Kewt.20(4) irra darbuudhaan bosona mootummaa hektaara 21.981 qarshii 280,725.00 (Kuma dhibba lamaa fi kuma saddeettamaa fi dhibba torbaa fi diigdamii shan) itti tilmaamamu mancaasee midhaan gosa addaa addaa irra facaasuun isaa ragaa abbaa

alangaatiin mirkanaa'ee of irraa ittisuu waan hin daandeenyeef hidhaa cimaa waggaa 4 tiin akka adabamu jechuudhaan murteesse mirkaneessuun isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee sirreeffamuu qaba jechuudhaan waan gaafateef.

Ka'umsi falmii kanaa mana murtii aanaa Daallee Waabaraa irraa yoo ta'u Abbaan Alangaa aanaa himannaa gaafa 29/11/2005 barreessee mana murtii aanaatti dhiyeesseen Iyyataan ammaa Labsii Bosona Haannoo Oromiyaa Hudeessuuf bahe Lakk.72/1995 Kewt.14(1(A fi B)) fi 15(4) irra darbuudhaan aanaa Daallee waabaraa ganda mandara 7 bakka Kombocha jechamutti bara 2001 investimentiidhaaf lafa hektaara 30 qofa fudhatee osoo jiruu daangaa isaaf kennameen ala bahuudhaan bara 2001-2005 bakka laga Qexoo jechamutti bosona daangaa maasii isaatti aanee jiru bosona mootummaa kan ta'e seeraan ala seenuudhaan mancaase lafa hektaata 21.981 ta'u irraa bosona kanneen akka Odaa, Waddeessaa, Baddeessaa, Hanbabeessaa fi mukeen adda addaa ciree gubee barbadeessee oomisha kanneen akka Caatii, Boqolloo, Boloqqee, Bishingaa, Barbaree fi kkf, irra dhaabeera jechuudhaan himateera. Filannoodhaan ammoo seeraan ala daangaa bosona mootummaa keessa seenanii bosona mootummaa qonnatti jijjiirruutiin labsii Lakk.72/1995 Kewt.14 (1(B (5))) fi 15(4) jalatti himateera.

Kana booda iyyataan ammaa mana murtii aanaatti dhiyaatee gocha ittiin himatame hin raawwanne

jechuudhaan waakkatee falmeera. Manni murtii aanaa ragaa Abbaa Alangaa dhagahuudhaan ragaa barreeffamaas xiinxalee iyyataan akka of irraa ittisu ajajeera. Iyyataanis ragaa namaa fi barreeffamaa dhiyeessee of irraa ittisuuf yaaleera. Kana booda manni murtii aanaa Abbaan Alangaa bu'uura himannaa dhiyaateen kan mirkaneesse yoo ta'u; iyyataan ammoo ragaa ittisaa kan namaa fi barreeffamaatiin deeggeramee of irraa ittisuu hin dandeenye jechuudhaan iyyataa labsii magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 Kewt.14 (1(B (5)) jalatti balleessaa qaba jechuudhaan sadarkaa yakkichaa giddugaleessatti qabuudhaan iyyataan hidhaa cimaa waggaa saddeetiin akka adabamu murteesseera.

Kana booda iyyataan ammaa murtii mana murtii aanaa komachuudhaan ol'iyyannoo mana **murtii** ol'aanaa godina Qeellem Wallaggaatti yoo dhiyeeffatu manni murtii ol'aanaa ammoo bitaa fi mirga falmisiisee:

Mootummaan Naannoo Oromiyaa bosona ilaalchisee labsii Lakk.72/1995 baasee hojiirra kan jiru yoo ta'u mootummaan Federaalaas bosona ilaalchisee labsii Lakk.542/1999 baasee lachanuu hojiirra jiru Labsiiwwaan kun lamaan adabbiin tumon garaagarummaa qaba. Bosonni qabeenya uumamaa waan ta'eef bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa Kewt.51(5) tiin aangoon qabeenyaa uumamaa irratti seera baasuu kan mootummaa Federaalaati. Bosonni ammoo qabeenyaa uumamaati. Mootummaan naannoo ammoo bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa Kewt.51

tiin bu'uura seera mootummaa Federaalaa baasuun qabeenyaa uumamaa kan bulchan ta'uun tumameera. Labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 bara 1995 yoo bahu labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 kan bara 1986 bahe irratti hunda'ee akka bahe labsii Lakk.72/1995 irraa ni hubatama.

Mootummaan Federaalaa ammoo labsii Lakk.542/1999 bara 1999 baaseen labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 kan haqe ta'uun tuma labsii Lakk.542/1999 Kewt.22(1) irraa hubachuun ni hunda'ama. Labsii kana Kewt.22 (2) jalatti ammoo Heera kamuu kan labsii kanaan walitti bu'u qabuwwatiinsa akka hin qabne" tumameera. Erga labsiin bu'uuraa haqamee (Labsii Lakk.94/1986) ammoo labsiin isa irratti hunda'ee bahe (labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995) hafee hojii irra oola jechuun tumala dhama qabeessa hin fakkaatu. Mootumooleen naannoo bu'uura labsichaatiin bosona mootummaa naannicha keessa jiru bulchuuf aangoon labsichaan naannameeraaf (labsii Lakk.542/1999). Kana irra kan bahe bosona irratti labsii akka baasan hin aangessine.

Kanaafuu falmii kanaaf kallattiin raawwatiinsa kan qabu labsii boodarra mootummaa Federaalaan bahe akka ta'e dhaddachi mana murtii aanaa kun itti amana. Kani iyyataan murtii balleessummaa irratti kenne ilaalchisee garuu iyyataan gocha ittiin himatame qabuwwachuu isaa ragaan namaa fi barreeffamaa gama Abbaa Alangaatiin dhiyaate mirkaneesseera. Iyyataan ammoo ragaa namaa fi barreeffamaa yaa dhiyeeffatuu

malee bu'uura falmii isaatiin irraa hin ittifne. Kanaafuu seera himannaan ittiin dhiyaatee fi manni murtii aanaa jalatti balleessaa taasise bu'uura S.F.A.Y.Kewt.119/1995 tiin gara labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1995 Kewt.20(4) jalatti jijjiiruudhaan sadarkaa yakkichaa gadaanaa qabachuudhaan iyyataan guyyaa dhimma kanaan harki isaa qabame irraa eegalee hidhaa dhaabbuu waggaa afuriitiin akka adabamu murteesseera.

Kana booda iyyataan ammaa murtii mana murtii ol'aanaa kana komachuudhaan ol'iyannoo mana murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Lixaatti yoo dhiyeeffatu manni murtii waliigalaas murtiin mana murtii ol'aanaa dogoggora seeraas ta'ee kan firii dubbii hin qabu jechuudhaan komii iyyataa bu'uura S.F.A.Y.Kewt.195 (1) tiin kufaa godheera.

Komiin amma dhiyaates murtiiwwaan manneen murtii jalaa sadan irraa yoo ta'u komiin iyyataas gabaabiname "Bosona ittiin himatame kana ciree mancaansuun kiyya ragaa rogummaa qabuun utuu hin mirkanaa'ne akkasumas ani misooma kanaan geegesse lafa seeraa investimentiif naaf kenname qofa irratti ta'u mirkaneessee utuun jiruu manneen murtii jalaa murtii balleessummaa fi adabbii ulfaataa narratti darbarsuu isaanii dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'ee diigamee bilisaan akkan geegeffamu; kun ta'uu yoo baate ammoo adabbiin narratti kenname bu'uura S.F.A.Y.Kewt.190 tiin akka narraa daangeffamu jechuudhaan gaafateera.

Dhaddach kunis galmees kana qoratee dhaddacha gaafa 09/10/2006 ooleen "Manni murtii ol'aanaa godina Wallaggaa labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 irratti hunda'ee waan baheef labsiin mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 ammoo labsii Lakk.542/1999 tiin waan bakka bu'eef labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii Federaalaatiin falmeera jechuudhaan bosona mootummaa naannoo Oromiyaa irratti raawwattiins labsiin qabu labsii mootummaan Federaalaa baase malee kan mootummaa naannoo Ormiyaa miti" jechuun isaa fi murtiin kun mana murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddacha dhaabbii isaatiin cimuun isaa sirriidha moo miti ijoo jedhu Abbaan Alangaa jirutti qulqulleessuuf jeecha Abbaan Alangaa deebii akka kennu ajajeera. Abbaan Alangaa deebii gaafa 09/10/2006 barreesseen waa'ee jechuudhaan dhaddacha kanaan qabamee irratti deebii utuu hin qabuun; iyyataa irratti murtiin balleessaa fi adabbiin manneen murtii ol'aanaa fi waliigalaatiin kennaman murtoon qabu jechuudhaan falmeera.

Bu'uura kanaan murtii manneen murtii jalaa sadan, murtii bitaa fi mirgaa seera dhimma kana waliin rogummaa qabu waliin akka itti aanutti galmeen jechameera.

Itti kanaan iyyataan ammaa komii isaa keessatti akka waliigalaatti "Yakka ittiin himatame kana raawwachuu guyyaaf Abbaan Alangaa ragaa rogummaa qabuun hin mirkaneesse" jechuudhaan kan komate yoo ilaallamu

akkuma murtii mana murtii aanaa fi ol'aanaa irratti mul'atutti iyyataan ammaa bara 2001 lafa hektaara ta'u investimentiidhaan fudhachuu isaa fi bara 2005 itti ammoo lafa kana bosona mootummaa danda'amaasii isaatti argamutti babbalifachuudhaan bosona mootummaa hektaara 21.981 mancaasee kan midhaan adda addaa kan irra facaase ta'uun namaa fi barreeffamaatiin mirkanaa'eera. Bosonni kana irraa manca'es qarshii 280,725.00 (Kuma dhalamaa fi kuma saddeettamaa fi dhibba torbaa diigidamii shan) akka baasu ogeessaan mirkanaa'ee iyyataan ammaa bosona mootummaa kan ciruudde mirga seeraan argate kan qabu ta'uu isaa namaatiin ta'ee barreeffamaatiin wanti inni of irraa hin jiru. Kanaafuu akka waliigalaatti komii iyyata murtii balleessummaa ilaalchisee dhiyeesse dhaddaa kanaanis fudhatama hin arganne.

Kanumaan gara ijoo dubbii yakka ykn badii bosona mootummaa naannoo Oromiyaa keessatti argamu irratti yeroo ammaa labisiin raawwatiinsa qabu isa kamatti ta'e akka itti aanutti xiinxalameera. Akka waliigalaatti "Lafaa fi Qabeenyaa uumamaa irratti seera baasaa aangoo mootummaa Federaalaa akka ta'e Heera Mootummaa Federaalaa Kewt.51 (5) jalatti tumameera. Mootummoonni Naannolee ammoo bu'uura Heera Kewt.52 (2(d)) tiin "Lafaa fi qabeenyaa uumamaa bu'uura seera mootummaan Federaalaa baasuun babbalifachuudhaan bulchan" akka ta'e tumameera. Kana waliin walqabatan bosonni qabeenyaa uumamaa qofa moo namaa misoomuu danda'a ijoo jedhu yoo ilaalamu jiru.

bosonni uumamaan jiru ykn uumamaan gara gara duraa biqilee margu qabeenyaa uumamaa akka ta'e tumameera. Gama biraatiin akka labsii magalata Oromiyaa Lak.72/1995 Kewt. 3 jalatti tumametti bosonni qabeenya bosona naannoo Oromiyaa keessatti misoomuu, mootummaa, uummata ykn nama dhuunfaa akka danda'u tumameera.

"Bosona Uummataa" jechuun ammoo "Uummatni namaa'ee bosona mootummaan mirgi itti babbalifachuudhaan kennameefii kan kunuunsuu fi lafa ta'uu itti fayyadamu irratti kan misoomse ykn misoomuu" akka ta'e labsii magalata Oromiyaa Lak.72/1995 Kewt.2 (6) jalatti tumameera. Haala babbalifachuudhaan labisiin kun Kewt.2 (4) jalatti **"Bosona dhuunfaa"** jechuun "Bosona namni kamiyyuu lafa dhuunfaa dhuunfaa isaa irratti misoomse ykn investara dhuunfaa, dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa, babbalifachuudhaan amantootaa fi waldaalee hojii gamtaa ykn kkf ta'uu misoomsan" akka ta'e tumameera. Hiikoowwaan kana irraa hubachuun akka danda'amutti bosonni qabeenyaa uumamaa qofa utuu hin taane nama dhuunfaan ykn gareedhaan illee kan misoomu akka ta'e tumameera. Kanaafuu akka waliigalaatti bosonni akka babbalifachuudhaan ykn bishaanii uumama qofaan malee misoomuu hin danda'u jedhanii jala muranii ejjennoo babbalifachuun waan danda'amu ta'ee hin arganne.

Gama biraatiin ammoo qabeenyaa bosonaa ilaalchisee mootummaan Federaalaa seera baasuun isaa akkuma ta'ee mootummoonni naannolee adda addaa fkn

mootummaan Sabaa fi Sablamootaa fi Uummattaa Kibbaa labsii Lakk.147/2004 baasanii hojiirra oolchaa jiru. Labsiin kun akkuma labsii Magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 gochaawwaan bosonaa fi bu'aa bosonaa waliin walqabatee dhorkaa ykn yakka ta'arra tarreessuudhaan gosa addabbii adda addaa kan ta'u yoo ta'u manneen murtii Mootummaa Naannichaa labsiin mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 utuu hojiirra jiruu labsii naannichaa hojiirra oolchaa jiru. Kana malees manni murtii ol'aanaa murtii isaa keessatti labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 irratti hundaa'aa waan baheef labsiin mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 tiin waan bakka buufameef labsii magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 waliin haqamee jechuudhaan ejjennoon qabatame yoo ilaalchisuudhaa hiikoo seeraa (Rules of Interpretation) waliin ilaaluun barbaachisaa ta'a. Innis seerri booda bahe seera isa dura bahe waliin kan walitti bu'u ykn walqabateemuu kan hin dandeenye yoo ta'e seerri inni booda bahe seera isa dura bahe kan haqe ykn fooyyesse akka ta'etti kan fudhatamu ta'uun isaa beekamaa dha. Yaa ta'uu malee duudhaan kun hojiirra kan oolu seeronni sun lama qaa qama aangoo walfakkaataa ykn walqixxee qabuun yoo aangoon qama seera isa boodaa baase aangoo qama seera isa duraa baasee kan caalu yoo ta'e qofa dha. Fi Danbiin Kaabinee Mootummaa Naannoo Oromiyaa bahe tokko utuu jiruu Caffeen Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii qabiyyee danbii sanaatti bu'uu yoo

baase qabiyyee danbii sanaa labsii Caffeen baaseen akka bakka bu'etti ni fudhatama.

seerroota mootummaan Federaalaa Baasee fi Mootummaalee Naannoo baasan jidduutti walitti walqabatee yoo uumame isa kamtuu hojiirra oola gaaffiin jedhu Heera Mootummaa Federaalaatiin deebii dhimma argate miti. Haala kanaan akkaataa labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 itti caqases yoo ilaalamu labsiin magalata Oromiyaa kun seensa irratti "Labsiin kun bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.39(3(a)) fi labsii bosonaa Federaalaa Lakk.94/1986 tiin labsameera" kan jedhu qofa of keessatti hammaateera. Bu'uura kanaan labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 yoo ilaalamus mootummaan naannoo Oromiyaa bosona ilaalchisee labsii akka baasu kan aangessu miti. Gama biraatiin ammoo utuudhuma labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa madde ta'ees yeroo ammaa labsii mootummaa Federaalaa kun fooyya'ee labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999n bakka bu'eera. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 1995 ture Lakk.46/1994 Heera Mootummaa Naannoo Fooyya'ee Lakk.108/1998 tiin fooyya'ee jira. Kana waliin walqabsiisee seerri ykn heerri seerri biraa irratti hunda'ee bahe tokko yeroo fooyya'utti seerri seera ykn heera fooyya'e ykn haqame irratti hunda'ee bahe hundi isaa dirqama walumaan haqama ykn fooyya'a jechuu akka hin taane haala itti

aanuun fakkaanya tokko tokko dhiyeesaamu barbaachisaa ta'a.

1. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa kan amma hojii irra jiru Lakk.108/1998 utuu hin labsamiin dura labsiileen mootummaa Naannoo Oromiyaa Heera kana dura bahan hundi isaan Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa isaan duranii Lakk.46/1994 irratti hunda'anii kan bahan ta'uun beekamaa dha. Yaa ta'uu malee sababa heerri mootummaa naannoo Oromiyaa Lakk.46/1994 Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.108/1998 tiin fooyya'aa labsiwwaan heera mootummaa isa duraa irratti hunda'anii labsaman hundi isaanii haqamanii ykn hojiirra oolaa hin jiran jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Garuu ammoo labsiileen keewwattoota fooyya'an irratti hunda'anii bahan yoo jiraatan keewwattoota fi yaadota fooyya'an waliin kan fooyya'an ykn haqaman ta'a.
2. Haala walfakkaatuun seeroonni bara mootummaa Hayile Sillaasee bahan tokko tokko (Heerri bara mootummaa Hayile Sillaasee bahan kan haqame yoo ta'ellee) amma iyyuu hojiirra kan jiran ta'uun isaa beekamaa dha.
3. Bara mootummaa Dargiis Heerri Mootummaa jiraachuu yoo baatellee seeroonni bara mootummaa Dargii bahan ammas kan hojiirra jiran jiru. Kun hundi kan agarsiisu seerri ykn labsiin tokko Heera Mootummaa ykn labsii tokko bu'uureffatee yeroo bahu Heerri ykn Labsiin

seerri ykn labsiin sun bu'uureffate bahe sababa fooyya'eef ykn haqameef qofa seerronni ykn labsiin Heera ykn seera sana bu'uureffatanii bahan dirqama walumaan haqamu ykn sana booda gatii hin qaban jechuu akka hin taane agarsiisa.

Kana malees bosonni qabeenyaa uumamaan ykn namaan misoomee argamuu danda'u waan ta'eef utuudhuma mootummooleen naannoo qabeenyaa kana bu'uura seera mootummaa Federaalaatiin bulchuuf aangoo qabu jedhameellee qabeenyaa bulchuun seera irra baasuu hin dabalatu jedhanii ejjennoo isa dhumaa qabachuunis yaada sirrii ta'ee dhaddacha kanatti hin argamne.

Kanumaan gara dhimma ilaalaa jirruutti yoo deebinu, manneen murtii ol'aanaa fi waliigalaa qabeenyaa bosonaa irratti mootummaa Federaalaa malee mootummoonni naannoo seera baasuuf aangoo hin qaban; labsiin magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 labsii mootummaa Federaalaa Lakk.94/1986 waliin labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 tiin haqameera jechuudhaan bosona naannoo Oromiyaarratti yeroo ammaa labsiin kallattiidhaan raawwatiinsa qabaatu labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 malee labsii magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 miti jechuudhaan murtiin kennan faallaa hiikoo Heera Mootummaa Federaalaa Kewt.51(5) fi Kewt.52(2(d)) fi labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 fi labsii magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 ta'ee waan argameef kallattii kanaan diigamee sirreeffamuu qaba jedhamee murtaa'eera.

Adabbii ilaalchisee, iyyataan bosona mootummaa lafa hektaara 21.981 irraa mukeen gosa akka Odaa, Waddeessaa, Baddeessaa, Hanbabweessaa fi kanneen biro adda addaa ciree barbadeessee oomihsa kanneen akka Caatii, Boqolloo, boloqqee, Bishingaa, Barbaree fi kkf, irra dhaabuun isaa mirkanaa'eera. Gatiin bosona maca'ees qarshii 280,725.00 (Kuma dhibba lamaa fi kuma saddeettamaa fi dhibba torbaa fi diigdamii shaal kan baasu ta'uun isaa ogeessaan mirkanaa'eera. Keewwatni gocha ykn balleessaa iyyataa waliin rogummaa qabu ammoo labsii magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 Kewt.14 (1(b) fi 15(4) yoo ta'u bu'uura keewwattoota kanaatiin adabbiin kaa'ame gatii bosona maca'ee kaffaluu fi hidhaa cimaa waggaa 5-15 tiin kan adabsiisu ta'uu dha. Kun utuu kanaan jiruu manneen murtii ol'aanaa fi waliigalaa Oromiyaa ammoo iyyataan hidhaa cimaa waggaa afuriitiin qofa akka adabamu kan murteessaan ta'uun hubatameera. Kanaafuu adabbiin iyyataa irratti kenname daangaa seerichi tumuu gad-bu'amee waan ta'eef akka waliigalaatti gama adabbiitiinis dogoggorri seeraa inni bu'uuraa manneen murtii ol'aanaa fi waliigalaatiin kan raawwatame ta'ye hin argamne.

Ajaja

1. Murtiin manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddach dhaabbii Lixaa Gal.Lakk.176557 irratti dhaddacha gaafa 04/06/2005 ooleen kennee fi murtiin mana murtii ol'aanaa godina Qellem Wallaggaa Gal.Lakk.08928 irratti dhaddacha

gaafa 24/03/2006 ooleen "Qabeenyaa bosona mootummaa naannoo Oromiyaa irratti yeroo ammaa labsiin kallattiidhaan raawwatiinsa qabu labsii mootummaa Federaalaa Lakk.542/1999 malee labsii magalata Oromiyaa Lakk.72/1995 miti" jedhu fooyyessuudhaan **Bosona Naannoo Oromiyaa irratti Yakka ykn Badii Raawwatamuuf Yeroo Ammaa Labsiin Kallattiin Hojii irra Oolu Labsii Magalata Oromiyaa Lakk. 72/1995 Dha** jechuudhaan murtaa'eera.

2. Murtii balleessummaa fi Adabbii manneen murtii ol'aanaa fi waliigalaa Oromiyaa tiin kenname dogoggora seeraa isa bu'uuraa dhaddacha kanaan sirreeffamu hin qabu jechuudhaan cimeera.
3. Manneen murtii jalaa sadan akka beekaniif garagalchi murtii kanaa yaa qaqqabu.
4. Iyyataan mana sirreessaa godina Qellem Wallaggaa waan jiruuf murtiin manneen murtii waliigalaa Oromiyaa fi ol'aanaa godina Qellem Wallaggaa kan cime ta'uu akka beekuuf; manni sirreessaas bu'uura murtii manneen murtii waliigalaa Oromiyaa fi ol'aanaatiin akka raawwachiisuuf garagachi murtii kanaa mana sirreessaa godina Qellem Wallaggaa yaa qaqqabu.
5. Galmeen xumura waan argateef cufameera.

Guyyaa-27/04/2007

A/Murtii :- Bojaa Taaddasaa
 Tuulii Baay'isaa
 Fayyisaa Tolasaa
 Darajjee Mangistuu
 Tashoomaa Shifarraa

Iyyataan...Koollejji Barnoota Barsiistota Asallaa-Namni
 dhiyaate hin jiru.

Yaamamtuun...Aaddee Kaloo Ismoo-dhiyaatte

Murtii

Iyyannoon kun dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'e sababa iyyataan ammaa iyyannoo gaafa 22/01/2007 dhaddacha kanaaf barreesseen manni murtii aanaa Xiyyoo fi manni muriti waliigalaa Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Bahaa Biiroo Sivil Servisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa mindaan yaamamtuu Koollejji iyyataatiin irraa dhaabbachuun isaa seeraan ala waan ta'eef akka kaffalamu kan murteesse waan ta'eef iyyataan guyyaa mindaan yaamamtuu dhaabbate irraa eegalee mindaa ishee akka kaffaluuf jechuudhaan murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee murtiin mana murtii ol'aanaa godina Arsii "manni murtii idilee murtii Biiroo Sivil Servisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa kennu kallattiin

raawwachiisuuf aangoo hin qabu" jechuudhaan kenne akka cimii jechuudhaan waan gaafateef.

Ka'umsi falmii kanaas mana murtii aanaa Xiyyoo irraa yoo ta'u dhimmichis mindaan yaamamtuu Koollejji iyyataatiin seeraan ala waan irraa dhaabbateef akka kaffalamu jechuudhaan murtii Biiroo Sivil Servisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa kenne raawwachiisuuf kan dhiyaate akka ta'e falmii bitaa fi mirgaa fi murtii manneen murtii jalaa irraa hubatameera. Yaamamtuun ammaa mana murtii aanaatti raawwiin himattuu yoo taatu; iyyataan ammaa ammoo raawwiin himatamaa ture. Yaamamtuun ammaa himannaa mana murtii aanaatti gaafa 25/09/2006 iyyataa ammaarratti dhiyeessiteen "Koollejjiin iyyataa xalayaa Lakk.KBBA/1/565/ka-1 ta'e gaafa 03/01/2006 naaf barreesseen seeraan ala Fulbaana bara 2006 irraa eegalee mindaa kiyaa narraa dhaabeera. Dhimma kana Biiroo Sivil Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaatti iyyadhee Biiroo kunis xalayaa Lakk.BEUL/K-14290/1/1 gaafa 22/04/2006 Koollejji iyyataaf barreesseen 'Hojjettuun kun qabeenyaa harka isii jiru seeraanodiitiigochiisuu gabaasni bu'aa oditii osoo hin beekamin jijjiirraan hojjettuu iddoo/gara seektara biratti raawwatamuun isaa qabeenya fi hojii mootummaa irratti rakkoo guddaa kan uume ta'uu' ibsuudhaan 'Mindaan hojjettuu guyyaa dhaabbate irraa eegalee akka kaffalamuuf yoo ajajame illee Koollejjiin iyyataa ammaa aangoo isaa garmalee iyyadamuun minda kiyya waan na dhowwateef mindaa fi faayidaalee adda addaa bu'uura murtii Biiroo Sivil Servisii Oromiyaa fi qaamolee mootummaa adda

addaatiin akka naaf kaffalu akka naaf ajajamu jechuun gaaffatteerti.

Iyyataan ammaa deebii mana murtii aanaatti kenneen “Yaamamtuun ammaa bu’uura haalduree Biiron Sivil Servisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa kaa’een (Yaamamtuun herrega ishee odiitii taasiftee mindaa ishee akka fudhattu) herrega ishee odiitii taasisuu waan diddeef mindaa ishee kaffaluufii hin dandeenyu” falmii jedhuu fi falmiiwwaan adda addaa dabalee dhiyeesseera.

Kana booda manni murtii aanaa bitaa fi mirga falmisiisee dhuma irratti “Biiron Sivil Sarvisii fi Bulchiinsa Gaarii Oromiyaa Koollejjiiin iyyataa haalduree tokko malee mindaa yaamamtuu jalaa qabee ture akka kaffaluuf kan murteesse waan ta’eef Koollejjiiin iyyataa mindaa yaamamtuu seeraan ala irraa qabee ture akka kaffaluuf” jechuun murtii kenneera. Kanatti aansuun Koollejjiiin iyyataa ammaa murtii mana murtii aanaa komachuun ol’iyyannoo mana murtii ol’aanaa godina Arsiitti yoo dhiyeeffatu manni murtii ol’aanaa ammoo “Bu’uura labsii Bulchiinsa hojjetoota mootummaa Lakk.61/1994 Kewt.71 (3) tiin hojataa mootummaa mindaan isaa jalaa qabame mana murtii bulchiinsa ilaalu aangoo kan kannameef ta’uu ifaan tumame osoo jiruu manni murtii idilee dhimma hojjetaa mootummaa ilaaluuf aangoo hin qabneen ofitti fuudhee milaaluun murtii kenname deeggarsa seeraa kan qabu miti” jechuudhaan murtii mana murtii aanaa diigee murteesseera.

Kana booda yaamamtuun ammaa murtii mana murtii ol’aanaa komachuun ol’iyyannoo mana murtii waliigalaa

Oromiyaa dhaddacha dhaabbii Bahaatti yoo dhiyeeffattu manni murtii waliigalaa bitaa fi mirga falmisiisee dhuma irratti:

BSSBGO yaamamtuun odiitii akka goosistuu iyyataan guyyaa mindaa irraa dhaabe kaasee mindaa akka kaffaluuf kan jedhu malee yoo odiitii goosiste qofa akka mindaan kaffalamuuf kan jedhu hin murteessine. Bu’uura labsii Lakk.61/1994 Kewt.73 jalatti tumameen ammoo haalli murtiin kenname raawiidhaaf dhiyaachuu miti qabu kan tumame yoo ta’u innis murtiin manni murtii bulchiinsaa kenne manni hojii muritchi itti kenname kamiyyuu raawwachuuf dirqama qaba jedhee yoo naaf hin raawwatamne jedhee mana murtii bulchiinsaatti iyyatee manni murtichaa mana murtii aanaa idileetti qajeelchaaf kan jedhu yoo ta’u yaamamtuun tun adeemsa labsiin jedhu kana hordoftee yaa deemuu baattuu malee murtiin BSSBGO tiin naaf kenname naaf raawwatamu dide jettee BSSBG, Biiron Presidaantii fi Ministara Barnootaa, akkasumas Komishinii Naamusaa fi Farra malaamaltummaa fi kkf miti iyyachaa kan turte ta’uun hubatameera. Kanaafuu yaamamtuun adeemsa labsii Lakk.61/1994 Kewt.73 jalatti tarreeffaman hordofuu yaa baattuu malee hanga qaama ol’aanaatti deemtee iyyachaa kan turte ta’uun ishee hubatameera. Gaaffiin yaamamtuus mindaan seeraan ala narraa qabame akka gad naaf lakkifamu kan jedhu utuu hin taane; mindaan seeraan ala najalaa qabamee ture qaama aangoo qabuun akka naaf kaffalamu murtaa’ee utuu jiruu Koollejjiiin iyyataa waan naaf kaffalu dideef akka naaf kaffalu kan jedhu dha.

Gaaffiin yaamamtuu erga murtii qaamni ol'aanaa kenne raawwachiisuuf ta'ee ammoo manni murtii ol'aantummaa seeraa kabachiisuuf aangoo fi dirqama kan qabu waan ta'eef manni murtii ol'aanaa haala kanaan hubatee dhimmicha ilaalu osoo qabuu akka waan falmii mindaan seeraan ala najalaa qabame naaf yaa gadlakkifamu jedhuutti ilaaluun aangoo hin qabu jechuun isaa sirrii waan hin taaneef jechuudhaan murtii mana murtii ol'aanaa diiguudhaan manni murtii ol'aanaa irra deebi'ee ijoo dubbiirratti akka murteessu bu'uura S.F.H.H.Kewt.343(1) tiin qajeelfamaan itti deebiseera.

Komiin amma dhiyaates murtii mana murtii waliigalaa Oromiyaa kana irraatti yoo ta'u, komiin iyyataa gabaabinaan:

1. Dhimmi kun aangoo mana murtii idilee waan hin taaneef manni murtii aanaa fi manni murtii waliigalaa mormii garee falmitootaa utuu hin eegluu bu'uura S.F.H.H.Kewt.9(1 fi 2) tiin kufaa gochuu utuu qabaniijoo dubbii keessa seenuudhaan murtii kennuun isaanii fi
2. Murtii BSSBGO kennu raawwachiisuuf manni murtii aanaa kan danda'u bu'uura labsii Lakk.61/1994 Kewt.73(2) tiin dhimmi raawwii mana murtii bulchiinsaa irraa yoo qajeelfameef akka ta'ee tumamee utuu jiruu manneen murtii aanaa fi waliigalaa dhimma kana ilaaluuf aangoo utuu hin qabaatiin aangoo qabna jechuudhaan murtiin kennan dogoggora seeraa isa bu'uuraa waan ta'eef diigamee murtiin mana murtii ol'aanaa cimuu qaba kan jedhu dha.

haadach kunis galmee kana qorachuun ajaja gaafa 14/01/2007 kenneen "Murtii BSSBGO labsii magalata Oromiyaa Lakk.61/1994 irratti hundaa'uudhaan kenne raawwachiisuudhaaf manneen murtii idilee aangoo kan kaatan ulaagaan maalii yoo guutame dha" ijoo jedhu labsii kana Kewt.73 waliin iddoo yaamamtuun jirtutti qabulleessuuf jecha yaamamtuun komii iyyataa irratti jechii akka kennitu ajajee yaamamtuunis deebii gaafa 14/02/2007 barreessiteen sababa murtiin mana murtii waliigalaa Oromiyaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa itti hin qabu jettu ibsuudhaan akka waliigalaatti murtiin mana murtii waliigalaa cimuu qaba jechuudhaan baay'iteerti.

Kanumaan falmii bitaa mirgaa, murtiin manneen murtii aanaa, galmee haadhoo mana murtii waliigalaa Oromiyaa seera dhiyeessuudhaan seera dhimmaa kana waliin kaantummaa qabu waliin akka itti aanutti qoratameera.

Bu'uura kanaan ijoo qabamee murtii mana murtii aanaa fi waliigalaa Oromiyaa waliin akka itti aanutti qoratameera. Haala kanaan akka waliigalaatti badii kaajataan mootummaa raawwatu ilaalee murtii kennuuf aangoon kan kenname "Koree Naamusaa" fi "Mana Murtii Bulchiinsaa" akka ta'e labsii magalata Oromiyaa Lakk.61/1994 walduraa duubaan Kewt.65 fi 70 jalatti qoratameera. Akkaataan tarkaanfiin itti fudhatamus murtii Koreen Naamusaa kennu irratti gareen komii qabu ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Bulchiisnaaf dhiyeeffachuu akka danda'uu fi murtiin mana murtii aanaa kennamus isa dhumaa akka ta'e labsiidhuma kana Kewt.72 (2) jalatti tumameera. Murtiin kun murtii dhumaa ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee garee

walfalman keessaa tokko “Falmii Seeraa” kan kaase yoo ta’e guyyaa murtiin kenname irraa eegalee guyyaa keessatti mana murtii waliigalaa Oromiyaa ol’iyyannoo dhiyeeffachuu akka danda’ama keewwatuma armaan olitti ibsame jalatti tumameera. Kana jechuun falmii hojjetaa mootummaa fi waajjira hojjetaa sana hojjechiisu jidduutti waa’ee mindaa walqabatee ka’u irratti manni murtii idilee aangoo kan qabaatu sadarkaa mana murtii waliigalaa Oromiyaa ol’iyyannoodhaan qofa ta’a jechuudha.

Kun akkuma jirutti ta’ee murtiin manni murtii Bulchiinsa kennu waajjira murtiin sun irraa kennameen guyyaa soddoma keessatti raawwatamne akka qabu labsii Lakk.61/1994 Kewt.73 (1) jalatti tumameera. Namni manni murtii Bulchiinsaa murteesseef; yoo murtiin sun guyyaa soddoma keessatti naaf hin raawwatamne kan jedhu ta’e deebisee manni murtii Bulchiinsaatti iyyachuu akka qabu keewwatamne kana keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameera. Manne murtii Bulchiinsaas iyyannaan akkanaa yoo dhiyaatuuf manni murtii aanaa idilee murtil manni murtii Bulchiinsaa sana akka raawwachiisuu kan qajeelchuuf ta’uun Kewt.73 (2) jalatti tumameera. Kana jechuun manni murtii aanaa idilee murtil manni murtii Bulchiinsaa raawwachiisuuf aangoo kan argatu manni murtii Bulchiinsaa manni murtii aanaa murtil manni murtii Bulchiinsaa akka raawwachiisu yoo itti qajeelche qofa ta’a jechuudha. Garagalchi hima kanaa, manni murtii idilee aanaa murtil manni murtii Bulchiinsaa raawwachiisuu kan danda’u manni murtii Bulchiinsaa

kan gara mana murtii aanaatti qajeelche qofa jechuun
manneen gara dhimma amma ilaalaa jirutti yoo
kanneen, BSSBGO xalayaa Waajjira Bulchiinsa godina
kanneen barreesseen mindaan yaamamtuu guyyaa
kanneen irraa eegalee akka kaffalamuuf kan barreesse
kanneen isaa galmee haadhoo irraa hubatameera.
kanneen kunis “Daayirektera Daayirektoorettii
kanneen moota Bulchiinsaa Iyyannoo fi Komii Uummataa”
kanneen barreeffamee kan mallatteeffame ta’uun yoo
kanneen xalayaan kun murtii mana murtii Bulchiinsaa
kanneen hin taane namatti agarsiisa. Xalayaan kunis
kanneen yaamatuun herrega harka ishee jiru akka odiitii
kanneen taasiftus erga jedhu of keessaa qaba. Manni murtii
kanneen yaamamtuun herrega akka odiitii taasiftu
kanneen murtiin kenne akka ragaatti mana murtii aanaatti
kanneen hubateera. Yaa ta’uu xalayaan kun murtii mana murtii
kanneen Bulchiinsaa miti malee utuma murtil manni murtii
kanneen Bulchiinsaatti jedhameeyyuu bu’uura murtil manni
kanneen murtii Bulchiinsaatiin mindaa yaamamtuu kaffaluuf
kanneen taasisuun haalduree ta’ee akka hin murtoofne
kanneen haddachi kun hubateera.

Kun akkuma jirutti ta’ee bu’uura armaan olitti
kanneen yaamatuun ammaa murtiin manni murtii
kanneen Bulchiinsaa ykn Xalayaan BSSBG naaf barreesseen
kanneen guyyaa soddoma keessatti Koollejjii iyyataa ammaatiin
kanneen naaf hin raawwatamne kan jettu yoo ta’e eessatti
kanneen guyyaa qabdi ijoon jedhu yoo ilaalamu bu’uura labsii
kanneen Lakk.61/1994 Kewt.73(2) tiin mana murtii
kanneen Bulchiinsaatti ta’uu akka qabu haala ifa ta’een
kanneen tumameera. Yaamamtuun garuu murtiin manni murtii

Bulchiinsaa naaf kenne Koollejji iyyataatiin naaf ha raawwatame jettee mana murtii Bulchiinsaatti iyyachuu ishee ragaa ta'ee falmiin dhiyeessite hin jiru. Mana murtii Bulchiinsaas murtiin isaa mana murtii aanaa Xiyootiin akka raawwatamu murtii isaa gara mana murtii kanaatti kan qajeelche ta'uun ragaadhaan ha mirkanoofne. Kaayyoon manni murtii Bulchiinsaas murtii isaa raawwiidhaaf mana murtii aanaatti ykn qajeelche malee manni murtii aanaa ofii isaatiif murtii mana murtii Bulchiinsaa simatee raawwachiisuun ha qabu kan jedhamus manni murtii Bulchiinsaa ha waajjirri mootummaa murtiin irratti murtaa'e ha raawwachuu diduu fi dhiisuu isaa adda baasee, murtii dhuguma raawwatamuu danda'us kennamuu fi dhiisuu isaa qulqullessee akka erguuf akkasumas dhimmooti ofii isaa raawwachiisuu danda'u yoo ta'e ammoo ofuu akka raawwachiisu yaadamee akka ta'e caaseffamee labsii Lakk.61/1994 irraa hubachuun ni danda'ama.

Manni murtii waliigalaa murtii isaa keessatti yaamamtuun ammaa murtiin mana murtii Bulchiinsaatiin kenname raawwatamuufii akka dhiisuu BSSBGO, Biiroo Pirezidaantiitti, Ministara Barumsaa KNFMO fi kkf itti iyyateetti yaa jedhuu malee yaamamtuun kun mana murtii Bulchiinsaatti iyyataati manni murtii Bulchiinsaa Oromiyaa bu'uura murtii isaa isaatiin ofii isaa raawwachiisuu ykn gara mana murtii aanaatti qajeelchuufii dide jettee iyyannaa ta'ee ragaa dhiyeessite hin jiru. Utuu manni murtii Bulchiinsaas murtii ofii kenne raawwachiisuu ykn gara mana murtii aanaatti qajeelchuu dides falli yaamamtuun qabdu garuu mana murtii waliigalaa Oromiyaatti ol'iyyannuu

labachuu ta'a malee kallattiidhaan mana murtii aanaarratti raawwii banachuun faallaa hiikoo labsii Lakk.61/1994 Kewt.73 (2) ta'a.

Duraan Falmii Hariiroo Hawaasaa isa waliigalaa keessattis manni murtii, murtii tokko raawwachiisuu kan danda'u ha qabu murtii sana ofii isaa kan murteesse ykn manni murtii murtii murteesse yoo mana murtii sana akka buuse qofa akka ta'e S.F.H.H.Kewt.371 (1) fi 372(1) jalatti tumameera. Falmii amma ilaalamaa jiru keessatti ammoo murtiin raawwiif sababa ta'e mana murtii aanaa Xiyootiin kan hin kennamne ta'uun isaa fi manni murtii aanaa Xiyoo mana murtii Bulchiinsaa isaa murtii manni murtii Bulchiinsaa kenne akka raawwachiisuuf kan qajeelfameef ta'uun hin mirkanoofne. Manni murtii waliigalaa Murtii isaa keessatti yaamamtuun adeemsa labsii Lakk.61/1994 Kewt.73 jalatti taa'an akka hin hordofne ibsee garuu ammoo manni yaamamtuun qaamolee mootummaa danda'atti iyyachaa waan turteef, akkasumas murtiin mana murtii bulchiinsaatiin kennameef waan hin raawwatmneef manni murtii aanaa ol'aantummaa keessatti mirkaneessuuf aangoo fi dirqama qaba qabuudhaan ejjennoon qabate akka itti aanutti tumameera. Duraan dursee namni tokko mirga keessatti akka hin fayyadamne qaamni mootummaa tokko ha dhorku mirga isaa akkamiinii fi eessatti kabachiifachuu akka qabu seeraan deebii kan argate ha ta'e seera sana hordofee mirga isaa kabachiifachuu qaba. Namni mirgi isaa xuqame tokko mirga isaa mana murtiin alatti karaan itti kabachiifatu yoo seeraan keessatti dursee iddoo kanatti fayyadamuu qaba.

Qaamolee iyyattuun itti iyyatteerti jedhaman keessa dhimma kanaaf furmaata kennuuf aangoon seeraan kan kenneef mana murtii Bulchiisaa qofa. Yaamamtuun garuu qaama kana biratti utuu hin iyyatiin qaamolee mootummaa adda addaatti iyyachaa turuunni qaamoleen sunis mirgi ishee akka kabajamu xalaysa adda addaa

barreessuun isaanii yaamamtuun kallattiidhaan murtii manni murtii bulchiinsaa kenne mana murtii idileetti akka raawwachiifatu mirga kan kennisiisuuf ta'ee kan argamne. Manni murtii ol'aantummaa seera kabachiisuuf aangoo fi dirqama qabaachuun isaa hundee seera mootummaa Federaalaa fi kan naannoo keenyaas kan qabu ta'uun isaa dhimma falmii kan ka'uu miti. Garuu ammoo namni tokko mirga isaa garuu mana murtii idileetti utuu hin dhiyeeffatiin dura qaamolee biraatiin mirga isaa akka kabachiifatu seerri ifatti tumamu utuu jiruu manni murtii idilee seera ifatti tumamee jiru bira darbee sababa ol'aanatummaa seeraa kabachiisuuf jedhuun qofa aangoo qaamilee mootummaa hin kennaman keessa seenuu ykn qaamolee kana itti aangoo kana fudhachuun seera qabeessa hin ta'u.

Dhimma amma ilaalaa jirru irrattis qaamni mootummaa (Manni murtii Bulchiinsaa) mirga yaamamtuun kabachiisuuf fedhii kan hin qabne yoo ta'e ajaja ykn murtii manni murtii bulchiinsaa kun kennuun yaamamtuun komii kan qabdu yoo ta'u dhimma isaa mana murtii waliigalaatti ol'iyyannoo dhiyeeffachuu manni murtii ol'aantummaa seeraa akka kabachiisu taasisuu ni dandeessi ture. Akka waliigalaatti manni murtii aanaa murtii manni murtii Bulchiinsaa kenne

tokko raawwachiisuuf aangoo kan argatu manni murtii bulchiinsaa murtii ofii kenne manni murtii anaaa akka raawwachiisu yoo itti qajeelche qofa akka ta'e labsii Lakk.61/1994 Kewt.73(2) jalatti tumamee utuu jiruu manni murtii aanaa fi waliigalaa ulaagaaleen kun utuu hin guutamiin dhimma aangoo bu'uura (Material Jurisdiction) irratti hin qabne irratti bita fi mirga kennisiisanii ijoo dubbiirratti murtii kennuun isaa ballaa hiikoo labsii Lakk.61/1994 Kewt.73(2) fi S.F.H.H.Kewt.371(1) fi 372(1) ta'ee waan argameef digamee sirreeffamuu qaba jechuudhaan murtaa'eera.

Ajaja

1. Murtii manni murtii ol'aanaa godina Arsii Gal.Lakk. 65282 irratti dhaddacha gaafa 30/11/2006 ooleen kennee bu'uura S.F.H.H.Kewt.348 (1) tiin **CIMSUDHAAN** murtii manni murtii waliigalaa Oromiyaa dhaddachi dhaabbii Bahaa Gal.Lakk. 188830 irratti dhaddacha gaafa 04/13/2006 oleen fi murtii manni murtii aanaa Xiyoo Gal.Lakk.29252 irratti dhaddacha gaafa 23/10/2006 ooleen kennee **DIIGUUDHAAN** murtaa'eera.
2. Dhorkaan dhaddacha kanarraa kannamee tures ka'eera.
3. Baasii fi kisaaraa sababa falmii kanaatiin dhaddacha kanatti gahe bitaa fi mirgi kan mataa mataa isaanii akka danda'an ajajameera.
4. Manneen murtii jalaa sadan akka beekaniif garagalchi murtii yaa qaqqabu.
5. Galmeen xummura waa argateef cufameera.

Abbootii Seeraa:-

- 1/ Bojaa Taaddasaa
- 2/Naasir Faaris
- 3/ Tuulii Baayyisaa
- 4/Laggasaa Birraasaa
- 5/Fiixaa Dachaasaa

Iyyataan-Kaamil Abbaa Boor-

Waamamaan-A/Alangaa

Galmeen qoratamee murtiin kanaa gadii kennameera

Murtii

Iyyanni komii kun dhaddacha kanatti dhiyaachuu kan danda'e murtii manni murtii waliigala Oromiyaa dhaddachi Lixaa gal.lakk.139667 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/09/2004 oolen kenneen murtii mana murtii olaanaa godina Jimmaa gal.lakk.22822 ta'e irratti dhaddacha gaafa 12/08/2004 ooleen iyyataan ammaa buna seeraan alaa kuntaala 52 ta'e konkolaataa qabatee(konkolaachisaa) ture irratti fe'ee Jimma irraa gara Finfinnee utuu geessuu qabameef hidhaa waggaa 3 fi qarshii 5000 (kuma shaniitiin) akka adabamu murtii

murteesse ture oliyyannoodhaan ilaalee waan cimseef komachuudhaani.

Falmiin manneen murtii jalaa gabaabinaan yoo ilaalamu,wamamaan ammaa (A/Alangaa) himannaa yakkaa iyyataa ammaa dabalatee nama lama irratti dhiyeessee tureen,himatamtoonni jalaa labsii to'annoo, qulqullinaa fi daldala bunaa naannoo Oromiyaa lakk.162/2002 keyy.23(4,6)seeraan ala buna iddoodhaa gara iddootti dabarsuutiin gaafa 25/04/2004 halkan keessaa sa'a 5:00 yoo ta'u godina Jimmaa aanaa Sokorruu bakka kellaa Gibeetti buna qishira kuntaala 82 (kg 4006) ta'e qulqullina isaa hin eegganne konkolaataa iyyataan ammaa konkolaachisaa ture lakk.gabatee isaa 3-15948 A/A.ta'e irratti muka jalatti fe'amee Jimma irraa gara Finfinnee utuu deemuu waan qabameef himatameera kan jedhu ture.Himatamaan biraa 2ffaa jalaa kan ture akka abbaa qabeenyaatti himatamullee mana murtii jalaatti waan bilisa ba'ee falmii ammaa keessatti bira darbameera.

Manni murtii aana Sokorruu eega falmisiiseen booda gal.lakk.05441 ta'e irratti dhaddacha gaafa 24/07/2004 ooleen murtii kenneen iyyataa ammaa (himatamaa 1ffaa jalaa) irratti murtii balleessummaa eega kenneen booda hidhaa waggaa 3 fi qarshii 10,000(kuma kudhaniin) akka adabamu murteesseera.iyyataan ammaa gara mana urtii olaanaa godina Jimmaatti oliyyatee gal.lakk.22822 ta'e irratti dhaddacha gaafa 12/08/2004 ooleen manni murtii Olanichaa murtii balleessummaa mana murtii aanaa cimsee adabbii ilaachisee kan hidhaa waggaa 3 raggaasisuun adabbii immoo qarshii gara 5000 (kuma shaniitti) fooyyeessuun

murteesseera. Ammas iyyataan ammaa komataa gara mana murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha Lixaatii oliyyatulle m/m/w/O/garuu gal.lakk.139667 ta'e irratti dhaddacha gaafa 02/09/2004 ooleen murtii m/m/O/raggaasiseera. Komiinis murtii kana irrattidha.

Iyyataanis komii gaafa 10/10/2004 barreessaa dhiyeesseen,

1/ Konkolaataa lakk.gab.3-15948 ta'e utuu konkolaachisuu buna seeraan ala jedhame kana irratti fe'ee harkaa harkatti qabame haa jedhamu malee an yeroo sana konkolaataa jedhame kana waliin kanin qabame utuu hintaane ji'a tokko booda shakkiidhaan isa ta'aa laata? jechuu qofaan seeraan kanin qabame ta'uu fi konkolaataa waliin qabamte jedhame kana irratti nammi Kaasahuun Shifarraawu jedhamu hayyama qabuun maqaa isaatiin xalayaa darbii(bolleettaa kutatee) muka fe'atee kan deema ture ta'uu utuu beekamu namni muka fe'atee bunas yoo jalatti fe'eera ta'e ittigaafatamuu utuu qabuu, ragaan ittisaa kiyyas kanuma utuu naaf mirkaneessuu manni murtii jalaa bira darbee natti murteessuun dogongora seeraa bu'uuraati.

2/ An iyyataan ammaa guyyaa yakki kun raawwatame jedhame konkolaataa ittiin himatame kana qabatee kan hinturree fi konkolaataa lakk.gabatee isaa 3-33943 ta'e qabadhee gaafa 01/04/2004 hanga gaafa 30/04/2004tti akkan konkolaachisaa jiru ragaa(ajaja fe'iinsaa) qaama seera qabeessa irraa naaf kenname utuun dhiyeeffadhuu akkasumas gaafa 25/04/2004 halkan keessaa sa'a 5:00 yoo ta'u an bakka Kellaa Gibee

irraa yoo xinnaate km100 bakka fagaatu magaalaa Baajaa jedhamtu irra kanin jiruu fi konkolaataan ajaja fe'iinsaa itti baafadhe (lakk.gab.3-33943) qabadhee Fiifinne irraa gara Jimmaa kanin deema ture ta'uu ragaan ittisaa kiyyas jecha garaagarummaa hinqabneen utuu naaf mirkaneessanuu manni murtii kana bira darbee natti murteessuun dogongora seeraa bu'uuraati.

3/ Abbaan alangaa eega ragaan ittisaa dhagahamee akka narraa ittisan hubatee moobaayilii eega gochi raawwatamee ji'a tokko booda (gaafa 01/06/2004) yeroo shakkiin naqaban narraa Fuudhee akka waan gaafuma gochi kun raawwatame narraa fuudheetti ragaan dabalataa naaf haa dhiyaatu jechuun adeemsa seeraan alaatiin utuu an mormadhuu manni murtii jalaas bira darbee akka ragaatti narratti fuudhee natti murteessuun dogongora waan ta'eef akka naaf ilaalamu jechuun gaafateera.

4/ Jecha ragaa ilaalchisee, gargaaraa konkolaataa lakk.gab.3-15948 ta'e Fu'aad Ahimad jedhamu jecha isaa waajjira poolisiitti kenneera jedhamee utuu nammi kun biyya keessa jiruu akka waan inni dhabameetti jechi kenname kan isaa waan hintaane fi jecha sobaa waan ta'eef barrffama qophaa'e jecha isaati jechuun utuun mallattoon isaan laabiraatooriitti naaf haqoratamu jedhuu bira darbuun murtiin kenname dogongora seeraa kan qabuudha.

5/ Gaafa gochi kun raawwatame jedhame an konkolaataa lakk.gab.3-33943 akkan qabadhee turee fi kan konkolaataa lakk.gab.3-15948 ta'e qabatee ture nama maqaan isaa Kamaal Booranaa jedhamuu akka ta'e

ragaadhaan sirriitti mirkanaa'ee utuu jiruufi ragaan 3ffaan dabalataa mootummaa kibbaa biiroo hojii gamtaa jedhu irraa dhiyaate ajajni darbii lakk.022397 ta'e kan guyyaa fi chaappaa akkasumas mallattoo abbaa taayitaa kan hin qabne ragaa sobaa ta'uun utuu beekamuu bira darbamuun dogongoradha.

Walumaagalatti haala ballinaan olitti ibsameen gocha kana akka an hinraawwanne utuu ragaan A/A.narratti hinmirkaneessinii fi ragaaleen ittisaa koo sirriitti narraa ittisanii jiranuu bira darbamee murtiin balleessummaa fi adabbiin narratti murtaa'e dogongora seeraa bu'uuraa waan ta'eef murtiin mana murtii jalaa diigamee bilisaan akkan geggeeffamu jechuun gaafateera.

Dhaddachi ijibbaataas komii fi murtii manneen murtii jalaa qoratee ni dhiyeessisa jedhee akka waamamaan (A/Alangaa) deebii itti kennu ajajee A/Aalangaas deebii kanaa gadii kenneera.

A/Alangaa naannoo deebii lakk.01-13932 gaafa 04/12/2004 barreeffame dhiyeeseen, iyyataan ammaa gocha kana hin raawwanne haa jedhu malee gaafa gochi kun raawwatame yeroo kellaa Gibee irratti sakatta'uuf dhaabamu buna xiqqoon qabaa naaf dabarsaa jedhee kadhachuu fi yoo sakatta'amu bunni seeraan alaa qabame kun muka jalatti fe'amee kan jiru ta'uun hubatamee kan qabamee fi himatamaa 2ffaa jalaa kan ture kan kiyya jedhee kadhataa turuu fi konkolaataa lakk.gab.3-15948 konkolaachisaa kan ture ta'uu booda ammoo poolisii harkaa bade booda kan qabame ta'uu ragaa himtaa kan irrattii mirkaneessee fi ragaan ittisaa isaa waan irraa hin ittisneef murtiin balleessummaa

ta'ee adabbiin mana murtii jalaatiin kenname dogongora seeraa isa bu'uuraa waan hinqabneef komiin dhiyaate kufaa ta'ee murtiin mana murtii jalaa akka nuuf cimuu gaafanna jechuun gaafateera.

Dhaddachi dabalataan qabxiwwanii fi ragaalee galmee jalaa keessa jiran waliin qorachuuf kooppiin galmee mana murtii jalaa irraa akka dhiyaatu taasisee dhiyaatee galmee kanaan walqabatee argama. Falmiin kanumaan xumuramee dhaddachi irra deebi'ee galmee qorateera.

Haaluma kanaan ijoo dubbii, "murtiin balleessummaa fi adabbiin mana murtii jalaatiin iyyataa ammaa irratti kenname dogongora seeraa bu'uuraa qabamoo miti? Qabxiin qulqullaa'uun irra ture jiramoo miti?" jedhan qabanneerra.

Akka falmii irraa hubatamutti haala himannaa fi falmii geggeeffameetiin konkolaataan bunni seeraan ala jedhame irratti qabame kan lakk.gab.isaa 3-15948 ta'uu irratti shakkiinis ta'ee mormiin ka'e hinjiru. Haata'u malee kan iyyataan jalqabaa kaasee mormataa jiru an konkolaataa lakk.gab.isaa 3-33943 ta'e qabadheen Finfinnee irraa gara Jimmaa deemaa turee sa'aatii gochi raawwatametti kellaa Gibee irra utuu hin taane magaalaa Saajaa keessan jira kan jedhuudha. Jechi ragaalee abbaa alangaa yoo ilaalamu namoonni ragummaan dhiyaatanii jecha kennan kun poolisii fi namoota kellaa irra yeroo gochi kun raawwatame jirra, nutu qabe, argineerra jedhaniidha. Garuu ammoo hojii gochawwan seeraan alaa to'achuuf bakka sanatti ramadamanii gaafa 25/04/2004 halkan kanas

konkolaataa ibsame kana qabanii bunni seeraan alaa irra jiraachuu jalqabuma irraa gaaffii bunichi akka jiruu fi dabarsanuuf dhiyaateef irraa hubatanuu furtuu konkolaachisaa irraa fuudhanii nu harkaa bade booda qabame yaadni jecdhuu shakkii keessa kan nama galchuudha. Hanga ittigaafatamummaa kanaaf bakka kella kana ta'anitti konkolaachisaan isaan harkaa baduun fi dhuguma iyyataan kun isumaa kan jedhu sirriitti ilaalamuu kan qabuudha. Gama biraatiin, bilbilli harkaa (moobaayiliin) gaafa gochi raawwatame utuu hintaane ji'a tokko booda na harkaa fuudhame komiin jedhus, dhuguma yoo jalqaba harkatti qabameera ta'e maaliif A/Alangaa himannaa irratti akka ragaatti hin caqasne? akka komataan jedhu taanaan maaliif akka ragaa dabalataatti fudhatame? qabxiin jedhus ammallee iyyataan akka komii tokkootti kaasaa jira waan ta'eef qaama ilaallatu irraa qulqullaa'uu qaba ture. Komii ragaa ajaja fe'insaa gaafa 01/04/2004 hanga 30/04/2004tti konkolaataa lakk.gab.isaa 3-33943 irratti baafadheera jedhu akkuma manni murtii jalaa jedhe ajaja kana qabaachuun konkolaataa biraa qabachuu waan nama dhorku waan hintaaneef akka dogongora ijootti kan fudhatamuu miti. Ragaa darbiinsaa lakk.022397 ilaalchisee, iyyataan kan sobaati jedhullee akka turjumaanni dhiyaate mullisutti gara jalaatti mallattoo qaba kan jedhuu fi guyyaanis bakka mallattoo biratti kan guutame ta'uun hubatamullee chaappaa qabaachuun waan ibsame waan hin qabneef yoo barbaachisaa ta'e orijinaala waliin cega madaalameen booda shakkii uuma taanaan qaama xalayaa kana kenne irraa qulqulleeffachuun ni danda'ama.

Akka waliigalaattii haala olitti ibsameen, konkolaachisinaan gaafa gochi raawwatame jedhame to'attoota kella caalmaatti poolisoota harkaa badee booda qabamuun, ragaan fe'insaa mudde 1 hanga 30/2004tti konkolaataa biraa irratti iyyataaf kennamuun, bilbilli harkaa (moobaayilli) ture na harkaa fuudhamee akka ragaatti dhiyaate jechuun murtii balleessummaa fi adabbii irratti shakkii kan uume waan ta'eef manni murtii jalaa dhimmoota shakkii uuman kana utuu hinqulqulleeffatain murtii dhumaa kennuun dogongora seeraa bu'uuraa ta'ee argameera. Kanaafuu murtii balleessummaa fi adabbii manneen murtii jalaa kennan bu'uura S/D/F/Y.lakk. 195 (2A) tiin diigneerra. Ajaja itti aanu kennineerra.

AJAJA

Murtiin mana murtii walii gala Oromiyaa gal.lakk.139667 irratti gaafa 02/09/2004 fi manni murtii olaanaa godina Jimmaa gal.lakk.22822 ta'e irratti gaafa 12/08/2004 kenne waan diigameef manni murtii olaanaa godina Jimmaa qabxiwwan itti aanan;

1/ Bilbila harkaa (moobaayila) iyyataa irraa fuudhamee akka ragaa dabalataatti dhiyaate jedhame poolisiin dhuguma gaafuma gochi kun raawwatame irraa fuudhee cufee tursee ragummaaf dhiyeesse moo ji'a tokko booda yeroo iyyataa qabe irraa fuudhee dhiyeesse? kan jedhu yoo kan gabaabinaan deebii argata ta'e A/A. irraa yoo gaafa iyyataan ji'a tokko booda qabamu fuudhame deebii jedhu hin arganne iyyataadhaan bilbilamaa turuu fi cufamee turuu teelee irraa akka gaafatamee qulqullaa'u,

2/ Yeroo konkolaataan lakk.gabatee isaa 3-15948 bunaa waliin qabametti konkolaachisaan konkolaataa kana qabatee ture eenyudha? qabxii jedhuuf abbaa qabeenyaa konkolaataa buna seeraan alaa waliin qabame lakk.gab.olitti ibsame(3-15948) kanaa dhiyeessisuun namni Kamaal Booranaa jedhamu hayyama konkolaachisummaa qabu jiraatee konkolaataa qabame kana gaafa kana qabachuu fi dhiisuu yoo danda'ame hanaga hayyama konkolaachisummaa dhiyeessisuutti deemuun akka qulqullaa'u,

3/ manni murtii olaanaa qabxiiwwan olitti ibsamaniin furmaata gahaa kan hin arganne yoo ta'e qaama hayyama darbiinsaa mukaa konkolaataa kanaaf lakk.022397 ta'een kenne irraa konkolaachisaan eenyuun akka ture qulqulleeffachuun murtii akka kennu bu'uura S/D/F/Y.lakk. 195 (2A) tiin qabxiin mana murtii olaanaa Jimmaatti akka deebi'u ajajameera.

-Turtii iyyataa ilaalchisee, gaaffii mirga wabii dhiyaatu irratti manni murtii olaanaan ajaja barbaachisaa kennuun qabxiiwwan qabaman qulqulleessuun murtii akka kennu ajajameera.

-Akka murtii kanaatti akka raawwatu garagalchi murtii kanaa mana murtii olaanaa Godina Jimmaatiif akka ergamu ajajameera.

_Galmeen cufameera, mana galmeetti haa deebi'u.

Guyyaa 20/08/06

Abbaatii Seeraa:-

Bojaa Taaddasaa

Tuulii Baayisaa

Tashoomaa Shifarraa

Geetaachoo Ida'aa

Alamaayyoo Dhaabaa

Yataa - Bassuufiqaad Admaasuu - hin dhiyaanne

Amamaa - Abbaa Alangaa Naannoo - dhiyaate

Galmeen qoratamee murtiin itti anu kennameera

Murtii

Murtii falmii murtii kanaaf ka'umsaa ta'ee dhimma kana kan ilaallatu dha. Ka'umsi dhimmichaas qabaniin, Abbaan Alangaa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Sh/Kibba Lixaa irratti iyyataa ammaa dabalatee namoota 4 irratti dhiyeeffateen, himata 1ffaan namoota jalaa hund irratti kan dhiyaate yoo ta'u dhiyeen isaas, miidhamaa dhuunfaa nama durahimaan Dhugumaa jedhamu mana Murtiitti qabadamta jedhanii Magaalaa Boongaa Hoteela Godina Kibba irratti jedhamu keessatti qabani konkolaataa Godina fidanii Magaalaa Walisoo erga gaahanii booda qabamee dhiyamaa dirqisiisanii qabeenya adda addaa irraa

fuudhuu fi fuusisuu dhaan hirmaataniiru jechuu dhaan seera yakkaa kan bara 1996 bahe keewwata 413(2) darbaniiru jechuu dhaan; himata 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} himatamaa 2^{ffaa} jalaa ykn iyyataa ammaa irratti dhiyaate yoommuu ta'u, qabiyyeen isaas; sanada baabu'insaa addaddaa kan miidhamaa fakkeessuu dhaan qopheessee mallatteesseera jechuu dhaan seera yakka keewwata 375(b) jalatti, akkasumas, cheekii Baankii Internashaanialii Oromiyaa sadii lakk. Addaddaa fi hama maallaqa addaddaa walumatti maallaqa qarshii 500 irratti guutee Baankii Internashaanialii Oromiyaa da Dirree Dawwaa irraa baafachuu dhaqera jechuu dhaan ammo seera yakkaa keewwata 382(1)n himatamaa Himatamtoonni jalaa hundi isaa gocha itti himatamaa waan ta'eef, keewwata xiqqaa tokko irratti ulaagaa ta'bu'uura godhachuu dhaan xiinxaluun barbaachisuun taa'a. Seera yakkaa keewwata kana jalatti tumama akkuma jirutti yoo ilaallu:- **413 - Appropriation and Misappropriation in the Discharge Duties**

(1). Any public servant who with intent to obtain for himself or procure for another an undue material advantage:

A. Appropriates to himself objects, legal instruments, securities, cash, chattels or any consumable thing whatsoever in the course of a search, seizure or process of confiscation, public auction, sequestration, distraint or during any similar procedure; or

B. Misappropriates such objects or securities which have been entrusted to him or which have come into his hand by virtue of or in the course of his duties,

kan jedhu dha. Kanaaf, namni tokko badii keewwata kana jalatti tumame raawwateera jedhamuu dhaaf; fakkoffaa, qabeenyi inni ofii isaatiif fudhateera jedhame sababa sakataa'insaan, qabinsaan, dhaalaan, gurgurataa caalbaasii dhaan, murtii raawwachiisuu fi kan kana fakkatu raawwachuu dhaan seera yabachiisuuf/hojii irra oolchuu dhaaf adeemsa deemamu keessatti qabeenya argame ta'uun isaa; lamaffaa, namni qabeenyichi harka isa gales hojjetaa mootummaa ta'ee dirqama hojii isaa baahachaa waayita jirutti ta'uun isaa mirkanaa'uu qaba jechuu dha. Kunis yakki keewwata kana jalatti tumame kuni amalumaa isaatiin, nama kamiinuu otoo hin taane, namoota murtaa'oo qofaan raawwatamuu kan dandaa'an (special offences) keessaa isa tokko ta'uu isaa nutti agarsiisa.

bu'uura kanaan, yakka falmii ammaatiif sababa ta'e yoommuu ilaallu, ajaja Mana Murtii dhaan himatamtoonni 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} jalaa miidhamaa dhuunfaa mootela inni keessa ture keessaa qabani waayita gara Finfinneetti deemanitti meeshaa inni qabatee turerratti yakki kan raawwatame ta'uu isaati, kun ta'uu isaas himanni Aabba Alangaa ni agarsiisa. Gama birootiin, bu'uura ajaja Mana Murtii dhaan nama dhuunfaa qabuun dhaafis ta'e, meeshaa nama dhuunfaa (seizure) qabuun ammo aangoo nama kamiyyuu otoo hin taane aangoo poolisii qofa akka ta'e, wal-duraa duubaan, seera deemsa filmii yakkaa keewwata 53 fi 32 jalatti kan tumamerraa ni hubatama. Iyyataan ammo hojjetaa mootummaa yoo ta'eyyuu poolisii miti; kanaaf yakki keewwata 413 jalatti raawwate jedhamee himata 1^{ffaa} Mana Murtii jalaa irratti ibsame iyyataan ammaa

waayita dirqama hojii isaa baahaa turetti raawwataman jechuu dhaaf kan dandaa'umu miti.

Dhugaa dha, himatamaan yakka namoota murtaasa qofaan raawwatamani (special offences) amaluma yakkichaa ta'ee ofii isaa raawwachuu dhaaf kan himateenye yoo ta'ellee, namoota yakkicha raawwachuu dhaaf ulaagaa seerichaan taa'e guutan wajjin gamtoomuu dhaan kan raawwate yoo ta'e, gaafatamuu kan danda'u ta'uu isaa seera yakkaa keewwata 33 jalatti kan tumamerraa hubachuun danda'ama. Kana dhimma amma harkaa qabatee bu'uura godhachuu dhaan yoo ilaalle, miidhaman Hootela inni keessaa jiru keessaa kan qabatee himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa (Poolisoota) ta'u isaa galmees qorannerraa hubanneerra. yakkicha raawwachuu dhaaf kallattii dhaan ulaagaa seerichaan gaafatu kan guutani ammo, sababa armaan ol-eerameen. Himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa jalaa qofa dha. Kanaaf, iyyataan ammaa gocha falmii ammaatiif sababa ta'e himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa (Poolisoota) waliin gamtoomee raawwachuun isaa yoo mirkanaa'e haalliin gaafatamuu danda'u ni jiraa jechuu dha. Abbaan Alangaas seera yakkaa keewwata 33 bu'uura godhachuu dhaan himata Mana Murtii Ol'aanaa irratti dhiyeessuun isaa kanuma tilmaama keessa galchuu dhaan akka ta'e ni tilmaama.

Haata'u malee, gochicha raawwachuu dhaaf kan isaan dandeessisu ulaagaa addaa warri guutani himatamtoota 3ffaa fi 4ffaa n jalaa gocha (yakka keewwata 413 jalatti ibsame) keessatti hin hirmaannee jechuu dhaan murtii kenne ammo, hanga ol'iyyannoo dhaan hin diigamne.

Murtii sirrii dha jedhamee tilmaamama. Bakka himaannaan isaanii keessa hin jirretti ammo amaluma isaa ta'ee haalli ittiin yakkichi raawwatamuu dhanda'u kan jiruu jechuu dha; sababni isaas, hirmaannaa isaanii malee iyyataan ammaa gochicha ofii isaa raawwachuu dhaaf bu'uura ulaagaa keewwata 413 jala taa'een yakkaa keewwata 413 (2) jalatti tumameen iyyataan ammaa yakka itti hirmatame kana hin raawwanne jechuu dha. Kanaaf jechas kanaan wal - qabatee murtiin Manni Murtii Ol'aanaa Godina Sh/K/Lixaa malee caalmaa dhaan kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee argameera.

Haata'u malee, iyyataan ammaa yakkoota seera yakkaa keewwata 375 (B) fi 382 (2) jalatti tumame raawwachuu isaa Manni Murtii Ol'aanaas raga bitaa fi mirgaa dhagahanii madaaluu dhaaf aangoo qabanitti fayyadamee qulqulleeffachuu dhaan iyyataan keewwattoota kan jalatti balleessaa kan isaa qabatee gocha raawwachuu isaa kan mirkanaa'e ta'uu jechuu dhaan murtii kenneera. Manni Murtii waliigalaa Oromiyaa raga bitaa fi mirgaa Mana Murtii Ol'aanaa jalatti kenname cimsuu dhaan murteesseera. Kun eerga male akkaataa heera Mootummaa keewwata 80(3), Akkasumas, akkaataa labsii lakk. 141/2000, aangoo qabanneen Murtii Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuu dhaaf labsii bahe, keewwata 31 jalatti akkaataa tumameen aangoo isaa dogoggora seeraa isa bu'uuraa hundeessuu dha. Aangoon kuni ammo aangoo madaallii raga hin dabalatu. Kanaafu, himata 2ffaa fi 3ffaa waliin wal-qabatee dogoggorri seeraa inni bu'uuraa dhaddacha kanaan sireaa'u waan hin jireef kanaan wal-qabatee murtii dhiyaate dhaddachi kuni hin fudhanne.

Adabbii waliin wal-qabatee, Manni Murtii Ol'aanaa bu'ura qajeelfama adabbii hordofeen keewwata hundaa adabbii mataa mataaf murteesse kan wal'itti ida' ta'uun isaa hubatameera. Kanaafu kan himannaa lffaa jecha itti dabalamee turre keessaa hir'isuu dhaan himata 2ffaa fi 3ffaa ilaalchisee adabbii murtaa'ee ture wal-duraa duubaan, adabbii waggaa lamaa fi baatii 6 qofa wal'itti ida'uu dhaan kanuma sireessinee ajaja ila' aanu kennineerra.

Ajaja

1. Manni \murtii Ol'aanaa Godina Sh/kibba Lixaa galmee lakk. 27623 ta'e irratti dhaddacha gaafa 14/05/05 ooleen ,murtiin kenne, akkasuma Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa murtii Manni Murtii Ol'aanaattin kenname cimsuu dhaan murtiin kenne bu'uura seera deemsa yakkaa keewwata 195 (2-b-ii) tiin fooyyeessineerra himannaa himata lffaa jala, keewwata 413/05 jalatti irratti dhiyaaterra iyyataan ammaa bilaa dha jenneerra.
2. Iyyataan ammaa himata 2ffaa fi 3ffaa jalatti guyyaa harki isaa dhimma kanaaf qabameera ka'ee kan lakkaawwamu, hidhaa cimaa waggaa lamaa fi baatii jaahaan akka adabamu jenneerra.
3. Bu'uura adabbii fooyya'een akka raawwachuu warabbiin murtii kanaa Mana Sireessaa Godina Sh/Kibba Lixaa akka qaqqabu ajajameera; haa barreeffamu.
4. Galmeen cufameera; Mana galeetti haa deebi'u

Murtii Seeraa;

- 1/Bojaa Taaddasaa
- 2/Naasir Faaris
- 3/Abdussalaam Siraaj
- 4/Balaayinash Taaddasaa
- 5/Geetaachoo Ida'aa

Iyyataan-ELSE Addis Industrial Development-

Waamamaan.Dirribaa Baqqalaa-

Galmeen Qoratamee Murtiin Itti Aanu Kennameera

MURTII

Iyyannii komii kun dhaddacha ijibbaataa kanatti dhiyaachuu kan danda'e ajaja Manni Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa gal.lakk.15747 ta'e irratti gaafa 19/06/2005 kenneen dhimma walfalmitoota kanaa malee murtii manni murtii aanaa Adaamaa gal.lakk.63916 ta'e irratti gaafa 28/05/2005 ta'e irratti kenneen iyyataan ammaa sababa waamamaan badii akka malee hojii irraa ariyateef beenyaa fi faayidaa adda addaa qarshii 8509.00 akka waamamaaf kaffalu dhufe ol'iyannoon ilaalee waan raggaasiseef namachuudhaani.

Iyyataan komii gaafa 27/06/2005 baarreesse dhaddacha ijibbaataaf dhiyeesseen mana murtii aanis Adaamaatti waamamaan ammaa himannaa gaafa 03/03/2005 barreessesse dhiyeesseen iyyataan ammas seeraan ala badii tokko malee gaafa 23/02/2005 irraa kaasee hojii kiyya irraa na geggeesseera jechuun kaffaltii adda addaa akka kaffalluuf na gafateera. Nuuf mana murtii aanichaatti dhiyaannee deebii kennannuun akka waamamaan ammaa jedhu utuu hintaane guyyee lama yoom akka ta'e ibsinee bakka hojiitti lolaa fi jeequmsa kaasuudhaan to'ataa isaa rukutuuf ari'een waan ta'aef akka lab.lakk377/96 kew.27(1/ha) akeekkachiisa malee geggeessineerra jechuun ragaalee keenya dhimma kana beekan ibsuun falmineerra.

Manni murtichaa eega falmii afaanii keenya dhagahen booda ijoo dubbuu, "himataan jalaa bakka hojiitti lolaa fi jeequmsa kaaseera moo miti eenyu waliin akka wollolee fi ka'umsi lolaa maal akka ta'e" qulqulleeffachuuf akka gareen lamaanuu ragaalee dhiyeeffannu ajajee nutis dhiyeeffanneerra. Haata'u malee ragaan 1ffaan keenya lammii biyya alaa waan ta'aef "amantaan koo musulimadha ilmoo tokkon qaba ilmoo koo kun haa du'u jedhee hin kakadhu amantaan koo na dhorka quraana qabeen akka manni murtii fedhetti kakadha" waan jedheef qofa manni murtichaa ragaan kun akka qajeelfamni sirna dhaddachaa ajajuu kakachuu waan dideef sababa jedhu qofaaf utuu nuuf hin dhagahin bira nu duraa darbuun mirga keenya dhiibee murtii hin taane nurratti kennisiiseera. Gama biraatiin qajeelfamni sirna dhaddachaa lakk.6/2005

kew.7(4) jalatti kakuun ka'ame akka filannootti malee ragaan keenya quraana qabatee kakachuun dhugummaan ragaa bahuu kan dhorku waan hintaaneef dhaddachi kun dhugaa kana hubachuuf galmee mana murtii jalaa dhiyeessisee ilaalee murtiin mana murtii jalaa dogongora seeraa bu'uuraa waan qabuuf diigee gadi deebisee ragaan irra darbame nuuf dhagahamee murtiin haqaa akka kennamu jechuun gaafateera.

Dhaddach ijibbataas komii fi murtii manneen murtii jalaa qorachuun qabxii iyytaan ammaa kaasu qulqulleeffachuuf nidhiyeessisa jedhee waamamaanis dhiyaatee deebii kennateera. Wamamaan deebii gaafa 12/09/2005 barreessesse dhiyeesseen komiin iyyataan kaasu dhugaa irratti kan hundaa'e miti. Manni Murtii jalaa akka ragaan iyyataa quraana qabatee kakatu ajaje malaa akka ilmoo isaatiin kakatu adda baasee waan ajaje hin qabu. Manni Murtii jalaa ammoo qajeelfama sirna dhaddachaa gubbaa irraa gadi bu'e kabajuuf dirqama qaba. Kanaaf ragaa iyyataa irra darbamuun dogongora seeraa bu'uuraa hin qabu. Kan jeequmsa uumte jedhee badii malee hojii irraa nageggeesse ragaa kakachuu dide kanadha, ragummaan kan dhufes isumadha, kun kan mullisu ragaa sobuuf dhiyaate ta'uudha. Ragaan 2ffaan kan garee lamaanii waan ta'aef iyyataan hin barbaadu kan jedhe waardiyyaa dhaabbatichaa kan ta'e jecha ragummaa isaa kenneen dhugaa jiru dubbateera. Manni Murtii jalaas kanuma galmeessee bira darbuun sirriidha jechuun qabxiwwan kan biroos kaasuun murtiin manneen murtii jalaa

dogongora seeraa bu'uuraa waan hin qabneef komiin iyyataa kufa ta'ee murtiin jalaa akka naaf cimuu jechuun gaafateera. Garagalchi galmee mana murtii jalaa lakk.63916 ta'e xalayaa gaafa 06/07/2005 barreeffameen fuulli 46 mana murtii aanaa Adaamaa irraa dhiyaatee galmee kanan walqabatee qoratameera. Falmiin kanumaan xumuramee dhaddachi irra deebi'ee galmee qorateera.

Haaluma kanaan qabxii, "manni murtii jalaa sababa qajeelfamni sirna dhaddachaa na dhorka jedhuun ragaa iyyataa irra darbuun deeggarsa seeraa qabamoo miti?" jedhu akka ijoo dubbiitti qabanneerra.

Akka galmee qorannetti falmii bitaa fi mirga gidduu jiru irratti mana murtii aanaa Adaamaatti gareen lamaanuu ragaa dhiyeeffatanii dhageesifachuutti seenamee kan iyyataa ammaa (himatamaa jalaa) irra yoo ga'u haala S/D/F/S/kew.261(1) ajajuun dursa ragaan lffaan iyyataa ammaa dhiyaate dhugaa dubbachuuf sirna kakuu raawwachuuf yoo jedhu dhaddachi haala Qajeelfamni sirna dhaddachaa manneen murtii Oromiyaa lakk.6/2004 ajajuun akka raawwatamu yoo gaafatu "amantaan kiyya musilimadha quraana qabeen kakadha malee ilmoo tokkon qaba ilmoo koo kun ha du'u jedhee hin kakadhu" jedheera jechuun qajeelfama kana ammoo kabajuun qaba jechuun kan utuu jecha ragaa kana hin fuudhin bira darbe ta'uun hubatameera. Komiin iyyataas qajeelfamni sirna dhaddachaa kun haala amma ragaan isaa nan kakadha jedheen kan kakachuu dhorku miti. Manni murtii jalaa

irra darbuun mirga keenya dhiibeera kan jedhuudha. Qajeelfamni sirna dhaddachaa haala amma ragaan iyyataa nan kakadha jedheen amantaa isaa hordofee kakatee ragummaa bahuu ni dhorka moo miti? qabxii jedhu yoo ilaallu Qajeelfamni sirna dhaddachaa kun sirna kakuu ilaalchisee kew.7(3 fi 4) jalatti utuu kakuu hinjalqabin dura amantaa ragaa adda baafachuun haaluma sanaan kakachiisuun barbaachisaa ta'uu ni ibsa. Gadi bu'ees dhuma keeyyata 7(4) irratti akkaataa qabatamaa naannootti--- fayyadamuun kan caalmaatti bu'aa buusa jedhuun dhaddachi kakachiisuu akka danda'u tumeera. Kun kan agarsiisu manneen murtii keenya bakka bakka jiranitti kakuu naannoo naannootti akka aadaatiinis ta'ee amantaa ragootaatti haqa baasuu danda'a jedhanitti akka fayyadamanii akka ta'ee fi kan naannoo naannoo manneen murtiitti aragamanuun jechuun nama biraa dhagahuuf jechi kakuu sun kan qajeelfama kana irra taa'ee gadi kan salphatu fakkaachuu kan danada'uu fi garuu ammoo akka amantaa ykn aadaa naannoo saniitti hunda caalaa kan dhugaa basu ta'uu waan danada'uuf yaadamee akka ta'e ni hubatama. Kan ragaa lffaa iyyataa ammaa kanattis yoo deebinu ragaan kun lammii biyya biraa ta'uu fi amantaa inni amma ittin amana haaluma saniinin kakadha jedhu caalaa adda baasnee beekuu dhabuu dandeenya. Akkuma haala qabatamaa ilaaluun jechuun qajeelfamichi kaa'een adeemsa keessa darbee darbee haalli akkasii yoo dhaddacha muudate duuchaan ragaa irra darbuu irra haqaaf jecha akkaatuma qabatamaa nu quunnamuun ilaaluun kakachiisnee dhagahuun gareen biraa ittiin

falmus ta'ee abbaan seeraa haqa baasuuf haala seerri hayyamuun gaaffii barbaachisaan qulqulleessaa deemuun barabaachisaadha. Kun ta'uu baannaan ammoo darbee darbee sababa akkasiitiin ragaa irra darbuun madaalliin falmii walqixa ykn haala eegamuun ala ta'ee murtii hineegamne kennisiisuu danda'a. Kaayyoon sirna kakuus haqa baasuuf malee waan biraa hin qabu. Dabalataanis yeroo haalli addaa akkasii quunnamutti qajeelffamni sirna dhaddachaa kunis haala qabatamaa tilmaama keessa galchuun haqaaf jecha raawwachuu kan dhokuu miti.

Kana jechuun ragoonni dhiyaatan dhugaa raguuf baqachuuf yoo kan kakuu didan ta'ee callisnee hadarbinu jechuu akka hintaane hubatamuus qaba. Haala kanaan kan ragaa iyyataa kanaa ilaalchisee akkataa amantaa isaatti quraana qabeen dhugaa dubbachuuf kakadha hanga jedhetti jechoota hunda naannoo naannoo keenyaaf ka'aman dirqama akka jedhu eegu baannus akkuma amantaa isaatti akka kakatau taasisuun jecha ragummaa isaa utuu hin fuudhin darbamuun deeggarsa seeraa kan qabu ta'ee hin aragamne. Falmiin waamamaan ammaa sababa adda addaa kaasuun ragaan iyyataa irra darbamuun sirriidha jechuun deebii kennate sababoota olitti ibsamaniin fudhatama hinqabu jennee bira darbineerra. Haala kanaan murtiin manni murtii aanaa Adaamaa gal.lakk.63916 ta'ee irratti gaafa 28/05/2005 kennee fi kan Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa gal.lakk.15747 ta'ee irratti gaafa 19/06/2005 kenneen ragaa iyyataa ammaa irra darbee akka iyyataan ammaa

(himatamaan jalaa) qarshii 8509.00 waamamaa ammaaf kaffalu murteesse dogongora seeraa bu'uuraa qaba jennee bu'uura S/D/F/S/kew.348(1) diigneerra.

Ajaja

-Murtiin manneen murtii jalaa waan diigameef manni murtii aanaa Adaamaa irra deebi'ee ragaa himatamaa jalaa (iyyataa ammaa) ELSE-Addis Industrial Development utuu hin dhagahamin darbame, haaluma amantaa isaatiin kakachiisuun jecha ragummaa isaa fuudhuun murtii akka kennu akkaataa S/D/F/S/lakk. 245(1/A),346(A)fi 343(1)n akka gadi deebi'u ajajameera.

-Akka murtii kanaatti akka raawwatanuuf garagalchi murtii kanaa mana murtii aanaa Adaamaatiif ergamuun isaa akka beekuuf ammoo Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Adaamaa tiif akka ergamu ajajameera.

-Dhorkaan kenname yoo jiraate ka'era.

-Baasii fi kisaaraa gareen lamaanuu ofhadanda'anuu.

-Galmeen cufameera, mana galmeetti hadeebi'u.

Abbootii Seeraa:

Bojaa Taaddasaa
Misgaanuu Mul'ataa
Darajjee Mangistuu
Tashoomaa Shifarraa
Warquu Magarsaa

Iyyattuu – Dammaa Obsee - b/bu'aa Jamaal dhiyaate

Waamamaa – Waajjira Bulchiinsa Aanaa Martii
b/bu'aa Mahaammad Husan

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Bu'uurri dubbii murtii kanaaf sababa ta'ee falmii qabiyyee lafaa kan ilaallatu dha. Ka'umsi dhimmichaa gabaabinaan, waamamaan ammaa himata Mana Murtii Aanaa irratti dhiyeeffateen gabaabinaan, iyyattuun ammaa ganda kan biroo keessa otoo jiraattuu lafa qabirii uummata Islaamaa ta'e dogoggorsisuu dhaan lafa bal'inni isaa hektaara 6.175 ta'e irratti bara 2000 keessa ragaa baafatte Waajjirri Lafaa fi Eegumsa Naannoo Aanaa Martii haqee kan jiru ta'uu ibsuu dhaan qabiyyee qabattee jirtu akka gadi dhiiftu jechuun

gaafateera. Iyyattuun ammaa gama isheetiin, qabiyyee falmii dhaaf sababa ta'e bara 1983 irraa eegaltee waggaa 22f qabattee kan itti fayyadamaa turtee fi humnaa kan hin qabanne ta'uu ibsuu dhaan himanni dhiyaate kufaa akka ta'uuf ibsuun deebii kenniteetti.

Manni Murtii Aanaa Martii bu'uura kanaan qabiyyee falmii dhaaf sababa ta'e iyyattuun qabirii uummataa seeraan ala qabattee ragaa irratti baafachuu ishee ragaa Waajjira Lafaa fi Eegumsa Naannoo irraa dhiyaate irraa kan mirkaneeffate ta'uu ibsuu dhaan lafa qabirii uummata musliimaa ganda Wataroo ta'e kana akka gadi lakkistu jechuun murtii kenneera. Iyyattuun ammaa murtii kana komachuu dhaan ol'iyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii itti kan dhiyeeffatte yoommuu ta'u, Manni Murtichaa galmee dhiyeessisee bitaa fi mirga erga wal-falmisiisee booda, murtii jalaa cimsuun murtii kenneera.

Iyyanni amma dhiyaates murtii kana irratti yoommuu ta'u iyyattuun ammaa iyyata gaafa 01/08/05 barreeffamee dhiyaateen kabxiiwwan dogoggora seeraa isa bu'uuraati jettu tarreessitee dhiyeeffatteetti. Qabiyeen isaas gabaabinaan: waamamaan ammaa uummata musliimaa bakka bu'ee bakka bu'ummaa tokko malee na himachuu dhaaf mirga hin qabu; Manni Murtii Aanaa deebbiin ani dhiyeeffadha irratti hundaa'ee ijoo qabatee ragaa dhagahuu otoo qabuu bira darbuu dhaan murtiin kenne qabiyyee lafaa kanan waggaa 22 qabadhee itti fayyadamaa ture kan na gadhiisise waan ta'eef akka naaf sirraa'uu kan jedhu dha.

Bu'uura kanaan galmeen qoratamee, dhimma falmii ammaatiif sababa ta'e ilaalchisee waamamaan ammaa himata dhiyeeffachuu dhaaf mirga qabaachuu fi dhabuu isaa bakka bitaa fi mirgi jiranitti qulqulleeffachuu dhaaf jecha dhimmichi dhaddacha murtii dhaaf dhiyaatee waamamaan deebii akka itti kennu ajajameera. Haaluma kanaan deebii gaafa 26/09/2005 karaa bakka bu'aa isaa barreeffamee dhiyaateen, qabiyyeen falmii dhaaf sababa ta'e maqaa uummata musiliimaatiin shallagamee otoo jiruu iyyattuun dogoggorsiftee ragaa abbaa qabiyyummaa irratti baafattee uummanni ammoo faffaca'ee waan jiruuf mirga isaa kabachiifachuu dhaaf kan hin dandeenyeef Bulchiinsi gandaa bakka bu'aa uummata bal'aa tahee mirga uummataa akka hin kabachiifne kan isa dhorku kan hin jirre ta'uu lafichis bara mootummaa Haayilee sillaaasee irraa kaasee kan uummataa malee kan iyyattuu ammaa akka hin taane ibsuu dhaan murtiin jalaa akka cimuuf gaafateera.

Gabaabinaan, haalli dhufaatii dhimmichaa kan armaan olii kana yoommuu ta'u, dhaddachi kunis dhimmicha dhiyeessisuu dhaaf kabxii qabame bu'uura godhachuu dhaan murtii jalaa seera roogummaa qabu wajjin wal-bira qabee akka itti aanutti qorateera.

Akkuma armaan oliin ibsame, waamamaan ammaa iyyattuu ammaa irratti himata dhiyeessuu dhaaf sababa kan godhate iyyattuun ammaa lafa owwaalcha musiliimaa kan ta'e qabachuu ishee bu'uura godhachuu dhaan akka ta'e galmee qorannerraa hubanneerra. Qabirii uummata musiliimaa ammoo bakka uummanni

musiliimaa qofa itti fayyadamu waan ta'eef tajaajila uummata bal'aa otoo hin taane dhimma amantaa bu'uura kan godhate akka ta'es hubachuun barbaachisaa taa'a. Gama birootiin, amantaa fi mootummaan garaagara ta'uun isaa qajeeltoowwan bu'uuraa Heera Mootummaa Federaalaa keessa isa tokko (one of the fundamental principles of the constitution) ta'uu dhaan heericha keewwata 11 jalatti tumamee akka jirus beekamaa dha. Bulchiinsi Aanaa ammoo qaama mootummaa gararraa irraa gadi (vertically) sadarkaa gidduu galeessaa irratti caaseffame akka ta'es kan wal-nama gaafachiisu miti. Kanaaf, gaheen Bulchiinsa Aanaa akka qaama mootummaatti hojii mootummaa hojjechuu irra darbee dhimma amantaa keessa galee, amantiwwan addaddaa biyyittii keessa jiran keessaa garee tokko bakka bu'uu dhaan, maqaa fayidaa uummataatiin, himata dhiyeessuun gahee isaa miti; kana gochuunis qajeeltoo armaan oliin serame waliin kan wal-falleessu akka ta'es hunbachuun barbaachisaa taa'a. Kanaaf, dhimma harkaa qabnu ilaalchisee dhuguma sababa iyyattuun ammaa laficha qabattee daantaan isaanii kan qabame yoo ta'e, uummanni musiliimaa qabirichatti fayyadamu nama bakka buufatee mirga isaa kabachiifachuu ni dandaa'a. Kun kallattii kanaan qabatamuu otoo qabuu, Manni Murtii Aanaa Mertii dhimma kallattii dhaan daantaa amantaa musiliimaa waliin wal-qabatu irratti Bulchiinsi Aanaa himata dhiyeesse bu'uura seera deemsa sivilii keewwata 231(1) tiin kufaa gochuu otoo qabuu ofitti fuudhuu dhaan murtiin kennee fi Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsila

kana sirreessuu otoo qabuu bira darbuu dhaan murtichuma cimsuu dhaan murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee argameera.

Ajaja

1. Manni Murtii Aanaa Martii galmee lakk. 12350 ta'e irratti dhaddacha gaafa 23/05/05 ooleen murtiin kenne, akkasumas, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Arsii galmee lakk. 60650 ta'e irratti dhaddacha gaafa 25/07/05 ooleen murtiin kenne bu'uura seera deemsa sivilii keewwata 348 (1)n diigameera.
2. Waamamaan ammaa iyyattuu ammaa irratti himata dhiyeeffachuu dhaaf mirga hin qabu jenneera.
3. Baasii fi kasaaraa waamamaan ammaa iyyattuu dhaaf qarshii 1000 akka kaffalu jenneerra.
4. Dhorki kennamee ture ka'eera; haa barreeffamu.
5. Galmeen cufameera; Mana Galmeetti haa deebi'u

Lakk.173775
Guyyaa 20/08/06

Abbootii Seeraa:

Bojaa Taaddasaa
Fiixaa Dachaasaa
Darajjee Mangistuu
Tashoomaa Shifarraa
Alamaayyoo Dhaabaa

Iyyataa – Qaasim Husan

Waamamtoota – 1. Caaltuu Burrayyuu

2. Naasir Abdiisaa

3. Huseen Kadir

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera

MURTII

Bu'uurri dubbii murtii kanaaf sababa ta'ee falmii qabiyyee bunaa kan ilaallatu dha. Ka'umsi isaas gabaabinaan, iyyataan ammaa Mana Murtii Aanaa Cooraa irratti himataa ta'uu dhaan himata waamamtoota ammaa irratti dhiyeeffateen, lafa bunaa bal'inni isaa hek. 0.8 ta'e waamamtoonni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ammaa seeraan ala kan jalaa qabatan ta'uu, waamamaa 3^{ffaa} ammoo aangoo isaatti fayyadamee qabiyyee kan dhuunfaa koo irratti murtii raawwachiiseera jechuun

himateera. Hiamatamtoonni jalaa ykn waamamtoonni 1^{ffaa} fi 2^{ffaan} jalaa deebii kennaniin, qabiyyee falmii dhaaf sababa ta'e irratti galmee addaddaa irratti bifa jijjiiruun kanaan dura yeroo lama isaan himatee murtii kan argate ta'uu ibsuu dhaan himatichi kufaa akka ta'uuf gaafataniiru; waamamaa 3^{ffaan} gama isaatiin bulchaa gandaa ta'uu ibsuu dhaan, haaluma ajajameen kan raawwate ta'uu ibsuu dhaan himanni kufaa akka ta'uuf gaafateera. M/Murtii Aanaa Cooraa bu'uuruma kanaan falmii fi raga bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda, daangaa iyyataan himata isaa keessatti ibsee fi kan ragaaleen isaa ibsani kan wal-hin simanne ta'uu isaarrayyuu, galmee lakk. 08840 ta'erratti iyyataan kanaan dura murtii argateera waan ta'eef jedhee himata dhiyaate kufaa gochuun murteesseera. Iyyataan ammaa murtii kana irratti komii ol'iyyannoo Mana Murtii Ol'aanaa Gdina Illuu Abbaa Booraa irratti kan dhiyeeffate yoo ta'ellee, Manni Murtichaa ol'iyyannoo dhiyaate bu'uura seera deemsa falmii sivilii keewwata 337n haq Iyyanni amma dhiyaates kanumarratti yoommuu ta'u, iyyataan iyyata gaafa 07/01/06 barreeffamee dhiyaateen kabxiwwan dogoggora seera isa bu'uuraa jedhu tarreessee dhiyeeffateen murtiin jalaa diigamee bu'uura himata isaatiin akka murtaa'uuf gaafateera. Haaluma kanaan galmeen qoratamee bakka bitaa fi mirgi jiranittii kabxiin qulqullaa'uu qabu waan jiruuf jedhee dhimmichi dhaddacha murtii dhaaf dhiyaatee waamamtoonni deebii akka itti kennani ajajameera. Bu'uuruma kanaan waamamtoonni deebii gaafa 13/02/06 barreeffamee bakka tokkotti dhiyaateen, himata iyyataan ammaa dhiyeeffate dhimma duraan murtiin irratti kenname ta'uun isaa mirkanaa'ee

himatichi kufaa kan ta'e ta'uu fi sababa kanaafis murtiin Mana Murtii jalaatti kenname dogoggora seera isa bu'uuraa kan hin qabne ta'uu ibsuu dhaan akka cimuuuf gaafataniiru.

Haalli dhufaatii dhimmichaa gabaabinaan kanuma armaan olii kana yoommuu ta'u, dhaddachi kunis kanumarratti hundaa'ee murtii jalaa seera rogummaa qabu aliin wal-bira qabee, akkasumas, dhimmicha caalmaatti qulqulleeffachuu dhaaf jecha galmeewwan Mana Murtii Aanaa irratti wal-falmitoonni ammaa yeroo addaddaa irratti wal-falmaa turani koppii isaa dhiyeessisuu dhaan dhimmicha akka itti aanutti qorateera.

Akka qorannettis, galmee lakk. 07676 ta'ee irratti abbaan waamamtuu 1^{ffaa} ammaa iyyataa ammaa kana hundee bunaa kan kiyya na jalaa qabateera jechuu dhaan himatee waamamtuu 1^{ffaan} ammaa kuni abbaa ishee bakka bu'uu dhaan iyyataa kana waliin wal-falmaa turanii iyyataan ammaa qabiyyee ittiin himatame akka gad-lakkisuuf murtaa'uu isaa; akasumas, galmee lakk. 08844 ta'e irratti iyyataan ammaa abbaa waamamtuu 1^{ffaa} ammaa fi nama kan biroo himatee himanni kufaa ta'uun kan murtaa'e ta'uu isaa hubanneerra. Himanni falmii ammaatiif sababa ta'e waayita ishee irratti dhiyaate irratti waayita deebii kennitetti, waamamtuu 1^{ffaan} ammaa galmeewan kana lamaan eeruu dhaan dhimmichi himata lammaffaa dhiyaate dha jechuu dhaan himanni kufaa akka ta'uuf kan gaafatte ta'uu, deebii dhaddacha kanaaf dhiyeessiteenis kanuma bu'uura godhattee kan falmaa jirtu ta'uus galmee qorannerraa hubanneerra. Iyyataan

ammaa gama isaatiin, galmeewwan kana lamaan irratti murtiin duraan kennamuu isaa otoo hin waakkatiin, qabiyyeen lafaa duraan murtiin irratti kennamee fi kan ammaa addadda ta'uu ibsuu dhaan kan falmaa jiru ta'uu falmii Mana Murtii Aanaatti godhamee fi iyyata dhaddacha kanaaf dhiyeesse irraa ni hubatama. Galmee lakk. 07676 taa'e irratti murtiin kenname raawwii dhaan xumura kan argate ta'uu isaas falmii bitaa fi mirgaa taasifamerraa hubanneerra. Gabaabinaan falmiin ijoo wal-falmitoota ammaa murtii galmeewwan eeraman kanarratti kennamanii fi kan ammaa tokko ta'uu fi dhabuu isaarratti akka ta'e hubanneerra.

Falmiin bitaa fi mirgaa kabxii kanarratti haa xiyyeeffatullee malee, iyyataan ammaa bu'uurumaan waayita himata isaa Mana Murtii jalaa irratti dhiyeeffatu, gaaffiin inni waamamaa 3^{ffaa} ammaa irratti dhiyeeffate waamamaan kuni ykn himatamaa 3^{ffaan} jalaa bulchaa gandaa ta'ee galmee lakk. 07676 ta'e irratti murtii kenname akka raawwachiisu kan ajajame dhiisee aangoo isaatti fayyadamuu dhaan lafa kan koo raawwachiiseera kan jedhu akka ta'e galmee qorannerraa hubanneerra. Kanarraas, lafa bunaa falmii ammaatiif sababa ta'e waamamtoonni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ammaa qabachuu dhaaf kan dandaa'ani himatamaa 3^{ffaan} jalaa ykn waamamaa 3^{ffaan} ammaa sababa raawwii dhaan qabiyyicha isaan harkaan waan gaheef ta'uu isaa himanni himataa mataan isaa kan kan agarsiisu ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'amaa.

Waan ta'eefis ijoo furmaata argachuu qabu, *himataan jalaa ykn iyyataan ammaa himata haaraa dhiyeessuu*

dhaaf ni dandaa'aa? Kan jedhu ta'ee argameera. Murtiin kan raawwatamu akkaataa murtiitti dhimma murtiin irratti kenname qofaa irratti akka ta'e seera deemsa falmii sivilii keewwattoota 371(1), 378 (1) irraa hubachuun ni dandaa'ama. Murtii kenname akkaataa murtiitti raawwachiisu dhaaf akka isa dandeessisuuf Manni Murtii murtii raawwachiisu adeemsa hordofuu qabu seera deemsa falmii sivilii *kitaaba torbaffaa* keessatti danbiwwan addaddaa kan tumamee jiru yoommuu ta'u, kunis adeemsa falmii idilee irraa haala adda ta'een, sirni adeemsa raawwii sirnaa fi danbii mataa isaa kan qabu ta'uu agarsiisa. Manni Murtii galmee raawwii qabate ykn murtii raawwachiisu bu'uura danbiilee ykn adeemsaawwan kutaa kana keessatti eeramanii jiraniin murtiin kenname akkaataa murtiitti akka raawwatamu gochuu dhaan ykn raawwiin akkaataa murtiitti xumuramuu isaa mirkaneeffachuu dhaan xumura irratti galmee raawwii kan cufu ta'uun isaas beekamaa dha. Kunis, raawwiin murtii raawwatame dhuguma bu'uura murtiitiin raawwatamuu fi dhabuun isaa kan mirkanaa'u galmee raawwii irratti ta'uu isaa nutti agarsiisa.

Gama birootiin, adeemsa raawwii keessatti ooggansa Mana Murtii raawwii raawwachiisuun qaamoleen mootummaa addaddaa kallattii addaddaatiin haalli itti qooda fudhatani ni jira. Waan ta'eefis, keessumattuu qabeenyi kan raawwaatamu Mana Murtii dhaan alatti yoo ta'e, kan murtaa'een gadi ykn kan murtaa'een ol'itti raawwachuu dhaan haalli itti murtiin akka murtiitti hin raawwatamne jiraachuu ni dandaa'a. Akkuma gubbaa irratti ibsame murtiin raawwatame bu'uura murtiitiin

ta'uu fi dhabuu isaa M/Murtii galmee qabate qulqulleessuu dhaaf dirqama qaba; kanaaf murtiin raawwatameera jedhamee gabaasa dhiyaate otoo hin mirkaneessiin dura dhuguma akkaataa murtiitti raawwatamuuf dhabuu isaa bitaa fi mirga irraa qulqulleeffachuu qaba. M/Murtii kana gochuu otoo qabuu, dhimma akka murtiitti hin raawwatamne haalli itti mirkaneessuu danda'u ni jiraata. Yoo kun ta'e murtiin akkaataa murtiitti raawwachuu dhabuu isaatiif qaamni miidhame jedhu carraan inni qabu galmee raawwii irratti ol'iyannoo gaafachuu qofa dha.

Bu'uura kanaan dhimma harkaa qabnu yoommuu ilaallu, lafti bunaa falmii dhaaf sababa ta'e kan murtti irratti ibsamee jiruu ol'itti daangaa iyyataa ammaatti dabamee raawwatameera yoo ta'e murtichi akkaataa murtiitti hin raawwatamne jechuu dha. Kan murtaa'ee ol'itti raawwatamuuf dhabuu isaa qulqulleeffachuu dhaan raawwiin akkaataa murtiitti raawwatamuu fi dhabuu isaa mirkaneeffachuun kan dandaa'amu ammoo galmee raawwii irratti qofa akka ta'e gubbaa irratti ilaalleerra. Kanaaf, iyyataan ammaa carraan inni qabu waamamaa 3^{ffaan} ammaa bulchaa gandaa ta'uu dhaan dhuguma qabiyyee kan isaa dabarsee raawwachiiseera yoo ta'e, gabaasa raawwii dhiyaate M/Murtii otoo hin mirkaneessiin dura mormii dhiyeessuu dhaan akka qulqullaa'u gochuu ykn kan mirkanaa'e illee yoo ta'egalmeera raawwii irratti ol'iyata dhiyeeffachuu dhaan akka sirraa'u gochuu ni dandaa'ate ture. Kuni erga hin taanee, galmeen raawwii bu'uura murtiitiin kan raawwatame ta'uu ibsamee kan cufame ol'iyannoo dhaan kan hin sirreeffamne yoo ta'e, kan

raawwatame bu'uura murtii kennameen akka ta'eetti tilmaamama. Kanaaf, qabiyyeen falmii dhaaf sababa ta'e raawwii dhaan harka waamamtoota 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ammaa galuu isaa ofuma isaayyuu amanee bakka jirutti, himata haaraa iyyataan ammaa dhiyeeffate kan deeggarsa adeemsa seeraa qabu miti. Kallattii kanaan waayita ilaalamu, himata iyyataan ammaa dhiyeeffate kufaa gochuu dhaan murtiin Manni Murtii Aanaa kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee hin argamne.

AJAJA

1. Manni Murtii Aanaa Cooraa galmee lakk. 11172 ta'e irratti dhaddacha gaafa 08/11/05 ooleen kenne, akkasumas, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Illuu Abbaa Booraa galmee lakk. 21446 ta'erratti dhaddacha gaafa 03/01/06 ooleen murtti Mana Murtii Aanaa mirkaneessuu dhaan ajajni kenne cimeera.
2. Baasii fi kasaaraa iyyataan ammaa waamamtoota 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ammaatiif tokko tokkoo isaaniif qarshii 500, 500; waamamaa 3^{ffaa} ammoo qarshii 300.00; walumaagalatti qarshii 1300.00 akka kaffalu jenneerra.
3. Dhorki kennamee ture ka'eera; haa barreeffamu.
4. Galmeen cufameera; Mana Galmeetti haa deebi'u.

Abbootii Seeraa:

Bojaa Taaddasaa
Misgaanuu Mul'ataa
Fiixaa Dachaasaa
Darajjee Mangistuu
Tashoomaa Shifarraa

Iyyattoota – 1. Heleen Rattaa

2. Hasan Shubee

Waamamaa – Yunversiitii Wallaggaa

Galmeen qoratamee murtiin itti aanu kennameera.

Murtii

Dhimmi murtii kanaaf ka'umsa ta'e waliigalteen naaf haa raawwatamuu kan ilaallatu dha. Ka'umsi isaas, waamamaan ammaa himata Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Bahaa irratti dhiyeeffateen; iyyattuu 1^{ffaa} ammaa barumsa digirii 2^{ffaa} akka barattuu fi barumsa ishee erga xumurtee booda waamamaa ammaa akka tajaajiltu, yoo ta'uu baate qarshii ittiin baratte waamamaa ammaatiif akka kaffaltu waliigalanii, iyyataa 2^{ffaa} ammaa ammoo dirqama wabummaa fudhatee waliigalanii, bu'uuruma kanaan, iyyattuu 1^{ffaa} yuunversiitii Maqqaleetti bara 2001 irraa eegalee

waggaa lamaaf barattee erga xumurtee booda bu'uura waliigalteetiin waan hin raawwanneef jedhee baasii barnootaaf bahe qarshii 106.568 dhala isaa dabalatee iyyattoonni 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} ammaa tokkummaa fi qeenxee dhaan akka kaffalani jechuu dhaan gaafateera. Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Baahaa iyyattoonni deebii akka itti kennu ajajee booda, iyyattoonni hin dhiyaatiin hafuu isaaniirraan kan ka'e dhimmicha bakka isaan hin jirretti ilaalee, waamamaan ammaa ykn himataan jalaa iyyattuu 1^{ffaa} ammaa ykn himatamtuu 1^{ffaa} jalaa barnoota xumuruu ishee fi erga beeksifni bahee booda hojii irraa hafuu isheetiif ragaa akka dhiyeeffatu ajajee garuu waamamaan dhiyeeffachuu kan dide ta'uu fi bakka kuni hin qulqulloofnetti ammoo murtii haqaa kennuun kan hin dandaa'amne ta'uu ibsuu dhaan himata dhiyaate kufaa godheera.

Murtii kana komachuu dhaan waamamaan ammaa ol'iyannoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaa irratti kan dhiyeeffate yoommuu ta'u, Manni Murtii galme dhiyeessisee bitaa fi mirga erga wal-falmisiisee booda, waamamaan ammaa iyyattuu 1^{ffaa} barsiisuuf, iyyattuu 1^{ffaa} ammoo barumsa xumurtee waggaa 6 waamamaa tajaajiluu dhaaf iyyataa 2^{ffaa} wabii ta'ee waliigaltee kan mallatteessan ta'uu fi iyyattuu 1^{ffaa} ammaa barumsa xumurtee booda bu'uura waliigalteetiin waamamaa kan hin tajaajille ta'uu ragaa dhiyaateraa mirkanaa'era sababa jedhuun murtii Mana Murtii Ol'aanaa irratti kenname diiguu dhaan, iyyattuu 1^{ffaa} ammaa ykn himatamtuun 1^{ffaa} jalaa hojii isheetti deebitee bu'uura waliigaltee isaaniin waggaa 6f iyyataa akka tajaajiltu

ykn ammoo qarshii ishee barsiisuu dhaaf bahe qarshii 106,568 waamamaa dhaaf tokkummaa fi qeenxee dhaan iyyataa 2^{ffaa} dhaaf akka kaffalani jechuu dhaan murteesseera.

Iyyanni amma dhiyaates murtii kanarratti dha. Iyyattoonni iyyata gaafa 06/02/06 barreeffamee dhiyaateen kabxiiwwan dogoggora seeraa isa bu'uura qaba jedhani tarreessanii dhiyeeffataniiru. Qabiyyeen isaas gabaabinaan: waamamaan ammaa bu'uura waliigalteetiin dirqama isarraa eegamu raawwachuu fi dhabuun isaa ragaa dhaan hin mirkanoofne; iyyattuu 1^{ffaan} hojiirra badde jechuu dhaan xalayaan waamamaan dhiyeeffate ofii isaa quubsaa miti; iyyattoonni waamamaan waliigaltee hin raawwanne jennee falmine malee waliigalteen hin raawwatamne jennee hin falmine waan ta'eef waliigaltee bu'uura 1731 fi xalayaa dhiyeessuun qofti gaahaa miti; waamamaan qarshii 106,568 baasee barsiisuu isaa bu'uura S/D/F/S 145 Yunversiitii Adaamaa irraa akka dhiyaatuuf gaafatee kanuma akka dhiyeeffatu ajajamee dhiyeessuu dhabuun isaa waadaa cabsuu isaa kan agarsiisu dha; yuunversiitichi bu'uura waliigaltee keenyaan qarshii 106,568 kaffalee na hin barsiifne waan ta'eef kuni otoo hin qulqullaa'iin murtiin kenname sirrii miti waan ta'eef jedhanii akka nuuf sirraa'u jechuu dhaan gaafataniiru.

Bu'uuruma kanaan galmeen qoratamee bakka bitaa fi mirgi jiranitti dhimmi qulqullaa'u waan jiruuf dhimmichi dhaddacha murtii dhaaf dhiyaatee waamamaan deebii akka itti kennu ajajameera.

Haaluma kanaan, waamamaan deebii gaafa 10/04/06 karaa bakka bu'aa isaa barreeffamee dhiyaateen: iyyattuu 1^{ffaan} barnoota xumuruu ishee hin haalla, garuu duuchumatti dirqama isaa hin baane jechuun ala qarshii meeqatu maaliif hin kaffalamiin akka hafe waanti falmani hin jiru, haalli akkasii yoo jiraate ammoo akkaataa S/D/F/S kwt. 80,83 fi 235 akka amananiitti kan lakkaawamu dha waan ta'eef M/Murtii ragaa dabalataa dhagahuu dhaaf hin dirqamu; iyyattuu 1^{ffaan} waliigaltee seenteen dirqama irraa eegamu hin baane waan ta'eef waliigaltee dhiyaate akka seeraatti lakkaa'ee bu'uura kanaan murtii kennuun isaa dogoggora kan qabu miti jechuu dhaan murtiin M/M/Waliigala Oromiyaatti kenname akka cimuuf gaafateera.

Haalli dhufaatii dhimmichaa gabaabinajan kanuma armaan olii kana yoommuu ta'u, dhaddachi kunis murtii jalaa seera rogummaa qabu wajjin wal-bira qabee akka itti aanutti qorateera. Akka qoratettis, waamamaan ammaa himata Mana Murtii Ol'aanaarratti dhiyeeffateen bu'uura kan godhate waliigaltee isaa fi iyyattoota ammaa gidduutti gaafa 30/01/01 taasifame yoommuu ta'u, waliigalteen kuni isaan gidduutti kan taasifame ta'uu isaa iyyattoonni ammaa hin waakkanne. Akkaataa waliigaltee kanaatti ammoo, waamamaan ammaa iyyattuu 1^{ffaa} ammaa kana baas addaddaa ishee danda'ee barsiisuu dhaaf, isheen ammoo barumsicha waayita xumurtutti waggaa 6f waamamaa ammaa kana ogummaa isheetiin tajaajiluu dhaaf, yoo kana gochuu baatte qarshii 106,568.00 waamamaa dhaaf kaffaluu dhaaf kan waliigalan ta'uu isaa murtii jalaa qorannerraa

hubannerra. Kunis iyyattoonni ammaa kuni akkaataa waliigaltichaatiin dirqama isaanirraa eegamu kan hin baane ta'uu agarsiisu dhaaf gaahaa dha.

Iyyattoonni ammaa bu'uura waliigalteetiin sababa raawwachuu dhaaf hin dandeenye ykn waamamaan ammaa dirqama waliigaltee dhaan isarraa eegamu bahuu dhabuu isaa dhaddacha Mana Murtii jalaa irratti dhiyaatanii deebii kennuu dhaan carraa falmachuu dhaaf qabanitti fayyadamanii waanti isaan falmani hin jiru; innumaayyuu, guyyaa deebii fi falmii dhagahuu dhaaf beellamamee turetti, iyyattoonni ammaa kuni dhiyaachuu dhabuu isaaniirraa kan ka'e, Manni Murtii Ol'aanaa mirga falmachuu isaanii fedhii isaaniitiin akka dhiisanitti fudhatee dhimmicha bakka isaan hin jirretti kan ilaale ta'uu isaa galmee qorannerraa hubanneerra. Gama birootiin, akkaataa seera sivilii keewwata 258 (1) fi 259 (1) jalatti tumameen, himatamaan falmii haaraa himata keessatti hin eeramne kaasuu dhaan kan falmu yoo ta'e (affirmative defence) falmii fi dirqamni ragaa dhiyeeffachuu himataa irraa gara himatamaatti kan naanna'u ta'uu isaa hubachuun ni dandaa'ama. Kuni ammoo kan ta'uu danda'u Mana Murtii dhimmicha sadarkaa jalqabaa irratti ilaalerratti akka ta'e afuura keewwataarraa kan hubatamu dha. Waan ta'eefis, iyyattoonni ammaa waamamaan ammaa bu'uura waliigalteetiin kan hin raawwanne ta'uu isaa kan falman yoo ta'e falmii kana M/Murtii Ol'aanaarratti dhiyeeffatanii ragaa ofiitiin hubachiifachuu dhaaf dirqama kan qabu isaani malee waamamaa ammaa miti; isaan ammoo haala kanaan hin deemne. Dhimmicha

kallattii kanaan ilaaluu otoo qabuu, Manni Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Baahaa, waliigalteen isaan gidduutti taasifamee jiru ragaa roga qabeessa ta'een deeggaramee kan dhiyaate ta'ee otoo jiruu fi bu'uura kanaan ragaan dhiyaate hanga falmiin irratti hin kaanetti sirrii akka ta'etti kan tilmaamamuu qabu ta'ee otoo jiruu, falmii iyyattoonni ammaa hin kaafne ofumaan kaasuu dhaan ragaa barbaachisaa hin taane ajajee himata dhiyaate kufaa gochuu dhaan murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu waan ta'eef, dogoggora kana sirreessuu dhaan murtiin Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddachi Lixaa kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraa kan qabu ta'ee hin argamne.

Ajaja

1. Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddachi Lixaa galmee lakk. 153642 ta'erratti dhaddacha gaafa 16/12/05 ooleen, M/Murtii Ol'aanaa Godina Wallagga Baahaa galmee lakk. 27149 ta'erratti dhaddacha gaafa 20/11/04 ooleen kenne diiguu dhaan, murtiin kenne bu'uura S/D/F/Sivilii keewwata 348tiin cimeera.
2. Baasii fi kasaaraa bitaa fi mirgi kan mataa ofii isaanii haa dandaa'atani jenneerra.
3. Galmeen murtii waan argateef cufameera; Mana Galmeetti haa deebi'u

Guyyaa 06/08/06

Abboottii Murtii :-

1. Bojaa Taaddassaa
2. Qana'aa Qixaataa
3. Legasaa Biraasa
4. Habiiib Abbaajabal
5. Warquu Magarsaa

Iyyataan : Shifarraawu Muluu

Waamamaan : 1. Darajjee Sambatuu

2. Aadde Fiqiree Sambatuu

Galmeen kan bellamameef qorachuuf. Qoratamee murtiin laatameera.

Murtii

Dhimmi kun dhaddacha ijibbaata kanaaf dhiyaachu kan danda'e iyyataan iyyanno gaafa 27/03/2004 bbarreeffameen ajaja |Murtii ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa galmee Lak. 29477 kennen Murtii Mana Murtii Aanaa Gambichuu galmee Lak. 12516 irratti kenne waan mirkanneesef dogoggora bu'uura seera qaba jechuun iyyannan waan dhiyaaseef.

Mana murtii jalaati iyyaataan amma himataa ta'uun, waamamaan immo himatamaa ta'uun jiddu isaanitti falmii taasfamee dha. Dhimmi isaa: qabeenyaa lafa

qonnaa qarxii 18 fi ½ fi lafa margaa qaarxii 4 fi lafa mana jireenya qarxii 1 kan haadha koo dhaalan argadhu ga'ee koo wamamaan(himatamaan) humnaan qabatee itti fayyaadama jira akka galakkisu kan jedhuu dha. wamamaan Aadde Xajjiituu Hayilee biratti kan guddatee fi ilmoo ta'uusa ibse lafti falmiif sababa ta'e kan abbaasa Obbo Sambatuu Aradoo kan ta'e ijollee sadi waliin kan qoodame itti fayyadama kan jiranu himatamaan himanna saa waliin walitti make kan dhiyeese eega keessa ba'ee booda kan Aadde Xajjiituu Hayilee ijollee sadiif akka qoodamu. Kun immo waliigaltee gaafa 26/7/2003 barreeffameen bulchiinsa gandaatti. Himmanni himataan dhiyaate soba jechuun flmeera. Gana biraatin giddu nlixsaan Aadde Fiqiree Sanbaatu lafti qonnaa qarxii sadi ta'uu fi lafti qonnaa qarxii tokko ta'u kan abbaa koottii kannaa waggaa kudha shan itti fayyadamaa ture himataan mirga irra hin qabu jechuun kan falmite yo ta'u himataan falmii ishii kanarratti mormee falmeera. Himatamaan garu kanarrati deebii kennu kan hin feene ta'u dhimma falmii mana murtii Aanaatti taasfame ni mul'isa.

Manni murtii aana raga nama eega dhaga'e booda qabiyyeen kan duutu Aadde Xajjii Hayilee fi abbaa himatamaa fi abbaa giddu seentu kan obbo Sanbataa Aridoo ti. Abbaan himatamaa fi guddun seentu fi himata gargar ta'uun haati tokko ta'uun akkasumas himatamaan akka maatiitti Aadde Xajjii biratti kan guddatee dha. Galii lafa kanarra argamuun kan jiraata jiru ta'uunsaa mirkanna'eera. Himatamaan ga'ee haadha saa akka qoodatu kan ammanamu waanta'eef

himatamaan bu'uura labsii lafa baadiyaatin himataaf giddu seenan fi himatamaan mirga waliqixxa waan qananuuf akka duraan waliif galaniin, waliif mallatteesanin ga'ee du'aa Obbo Sanbatoo aradoo himatamaa fi giddu seentuuf keessa ba'ee ga'ee Aadde Xajjii Hayilee bakka sadiiti akka walamadallutti akka qixxee qoodatanu kan jedhu dha. Manii murtii Ol'aanaas murtii kana kan cimse. Murtiin kun cimuuksa dogoggoora bu'uura seera qaba jechuun iyyanno dhiyaate yoo ta'u dhaddachi ijibbaata kunis dogoggoora jiru qulqulleesuf ni dhiyeesisa jechuun falmsiseera. Iyyataan iyyanno gaafa 27/03/2004 barreeffameen dogoggora bu'uura seeratti qabxii jedhu waamamaan 1 ffaan karaa kamiinu mirga dhaalu osoo hin qabaatin akka dhaalu murtiin kenname dogoggora qaba, waamamaan 1 ffaan waamamatuu 2 ffaa ilmoo ta'ee osoo jiru akka daalu murtiin kenname dogoggora. Obbo sanbatuu Aradoo kan du'an bara 1973 eegani asitti qabiyyeen osoo adda hin ba'iin Aadde Xajjii Hayilee harka ture. Qabiyyee isa lubun jiru adde xajjii waan ta'uuf qabiyyeen Obbo Sanbatuu adda ba'ee ha qoodamu jechuun murtiin kenname dogoggora akka jedhamu jechuun falmeera.

Dhaddachi ijibbaata dhimmicha irratti dogoggoran jedhame qulqulleesuf dhiyeesise waamamaan deebii akka kennu taasiseera.

Waamamaan deebii gaafa 18 /10/2004 laateen ga'een Obbo Sanbatuu eega keessa ba'ee booda bakka sadiittin akka qoodamu murtiin manneen murtii jalaati kenname

dogoggora seera hin qabu. Duutun haadha kooti dhaladee kanan guddadhe ishii biratti waan ta'eef dhaaluf mirga qaba. Iyyataan falmii mana murtii jalaati hin kaafne asitti kasuu hin danda'uu jechuun falmeera.

Dhaddachi kunis iyyanno dhiyaatee fi falmii godhame seera ragummaa qabu waliin bira qabee akka qorateetti waamamaan amma duutuu akkoo saa kan taate Aadde Xajjii Hayilee eegan dhalatee kaase kan guddiftee fi jireenyaansi galii lafa falmii kaaserra galii argamuun kan jiraatu ta'uu raga mana Murtii jalatti dhiyaatee fi falmii taasifameera ni hubatama. Akkataa labsii bulchinsaa fi itti fayyadama lafa badiyaa Oromiyaa Lakk. 130/1999 bahe keewwata 9(2) jalatti tumameen namni lafa dhaalchifami irra galii argamuun kan bulaa jiru fi galii bira hin qabne dhaala sadarkaa dura yooma hin taane illee mirga dursa dhaalu akka qabu tumameera. Akkasumaas, labsii kana hojiira oolchuuf danbii ba'e Lakk. 151/kutaa 2 ffaa keewwata 3(13) fi 10(1) jalaati tumaan tumamees labsii Lakk. 130/99 kan cimsuudha.

Hafuura labsii fi danbii kana wajjin dhimma amma falmii bitaa mirgaa jiru waliin yoo ilaalu waamamaan lafa falmii kaaseerra galii argamuun kan jiraata jiru ta'uu irrayyuu duutuu kan taate Aadde Xajjii Haylee Akkoosa biratti guddatee dhaabbataan ishii bira kan jirataa ture ta'uu waan mirkanna'eef lafa falmiif sababa ta'e akka dhaalu murtiin manneen murtii jajaatin kenname dogoggora seera kan qabu ta'ee hin argamne. Gama biraatin akka dogoggora bu'uura seeratti qabxiin

dhiyaate lafa ga'ee Obbo Sanbatuu Aradoo adda ba'ee qoodamuu hin qabu kan jedhuu dha. Qabxii kana ilaalchiise iyyataan amma falmii kana mana murtii jalaatti kaase akka falmeetti hadubbatu malee mannen murtii jalaati dhimma kana kaase kan falmeeta ta'uu galmeen manneen murtii jaala wanna ibsu hin jiru. Kun immo bu'uura SDFHH. Lakk, 329(1) tin falmiin mana murtii jalaati hin kaane sadarkaa komii irratti kaasun kan hin danda'mne ta'uu kan tumame yoo ta'u, sadarkaa ijibbaata kanatis falmii taasifamurratti qazbxii haara kan mana murtti jalaati falmiin irratti hin taasifamne fi murttiin irratti hin laatamne kaasu deegarsa seera hin qabu, gama kanaanis manni murtii jalaa lafit ga'ee obbo Sanbatuu Aradoo keessa ba'ee akka qoodamu murttiin kenname dogoggora seera hin qabu jennera. Walumaagalatti, murtii manneen murtii jalaa dogoggora seera hin qabu jenne sagalee guutuun cimsinee jala itti aanu laanera.

Ajaja

1. Ajajni Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa Lakk. 29477 kennee fi murttiin Manni Murtii Aanaa Gimbichuu galmeeta Lakk. 12516 irratti dogoggora bu'uura seera hin qabu jenne bu'uura SDFHH. Lakk.348 (1) tiin cimeera.
2. Sababa falmii dhaddacha kanarratti taasifameen bitaa mirga irra baasi fi kassaara ga'e yoo jiraate ofuma hadanda'an jenneera.
3. Murtii kun garagalee mana murtii jalaatif hadarbu.
4. Galmeen cufameera ha deeb'uu

Abbootiin Seeraa....1-Bojaa Taaddasaa

2-Fiixaa Dachaasaa

3-Darajjee Mangistuu

4- Tolasaa Irkoo

5-Tashoomaa Shifarraa

Iyyataan.....Aaddee Zabanaay Gizaawu

Waamamtoonni...1-S/R Gannat Anteensaayi

2-Aaddee Almaaz Lammaa

3-Aaddee Kabbabuush Anteensaayi

4-Aaddee Liishaan Gizaawu

Galmeeta qorannee murtii kanaa gadii kennineera

MURTI

Galmeen kun banamee dhaddacha Ijibbaataa kanaaf dhiyaachuu kan dandaa'eef iyyattuun iyyannoo guyyaa 23/11/2005 barreessitee dhiyeessiteen murttiin mana murtii aanaa Leemmuu fi Bilbiloo galmeeta lakk.11938 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 29/02/2005 ooleen kennee fi murttiin manni murtii olaanaa godina Arsii galmeeta lakk.29703 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 21/10/2005 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uura qaba jechuudhaan akka sirratuuf waan gaafatteef.

Ka'uumsi dhimmichaa iyyattuun ammaa kun mana murtii aanichaatti iyyannoo dhiyeessiteen dhaamoon haati kiyya guyyaa 28/07/2000

naaf dhaamtee naaf yaa mirkanaa'u jechuudhaan waan iyyatteeff, manni murtichaa ragaa iyyattuun ammaa dhiyeeffatte erga dhagaheen booda dhaamoo haati iyyattuu aaddee Yewubnash Baanjaawu guyyaa 28/07/2000 dhaamte kun akka mirkanaa'u jechuudhaan murtii galmee lakk. 11938 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/02/2002 ooleen keennee ture.

Waamamtoonni ammaa iyyannoo mormii bu'uura AFSS. KWT. 358 fi 359tiin manaa murtichaatti dhiyeessaniin Haati keenyee aaddee Yewubnesh Baanjaawu dhibee irra buleen guyyaa 21/11/2001 du'aan addunyaa kana irra darbiteera. Haatii teenya aaddee Yewubnesh Baanjaawu iyyattuu ammaa kana dabalatee dhaaltota ijoollee 7 qabdi. ijoolleen lama biyya alaa jiru. Hattii keenyaa magaalaa Boqqojjii ganda 02 keessaa mana jireenyaa lafa k.m.331 irratti qophate manneen qoroorroo guguddaa lama kutaa 3 fi 4 kan of keessa qaban ni qabdi. Iyyaattuun ammaa qabeenyaa haadha keenyaa kana seerana ala dhaamoo nuti hin beekne guyyaa 28/07/2000 naaf dhamame jettee, dhaamoo kana mana murtii kanatii murtii guyyaa 13/12/2002 dhaddacha ooleen galmee lakk.11938 ta'e irratti kennemeen mirkanaa'eef jedhamee qabeenyaa dhaalaa kan haadha keenyaa kana qabattee qabiyyee lafa k.m.79.25 qofa dhiiftee kan hafe mana lafa k.m.251.75 ta'u maqaa ofiitti kan naanneeffatte ta'uu WLEN bulchiisaa magalaa Boqqojjii irraa odeeffnnoo arganneen baruu dandeenyeera. Dhaamoon iyyattuun haati keenya naaf dhaamte jettu kunis seera qabeessa miti. Sababiin isaa; Dhaamoon kun kompiitaraan kana barreeffame yoo ta'uu bu'uura s/s/ kwt.885tiin barreeffamni kun haadha keenyaan hin mirakaneeffamne. Manni murtii dhaano mirakaneessuuf sababa hin qabu (mirkaneessuun irra hin jiraatu). Sababii gahaa malee dhaaltummaa haadha keenyaa kana keessa dhaamoo seera qabeessa hin taane kanaan buqqa'uu hin qabnu. Qabeenyaa hanga xiqqoo dhaamoo irratti ibsame kaanaanis dhaaltummaa keessa buqqa'uu hin qabnu. Kanaafuu murtiin dhaamoon seera qabeessa hin taane kun iyyattuuf akka mirakaan'u

jedhamee kenname bu'uura AFSS.KWT. 360tiin nuuf haqamee qabeenyii haadha keenyaa kun dhaaltota hunda keenyaaf akka qixxeetti qooddanu akka nuuf murtaa'uu jechuudhaan iyyannoo mormii dhiyeessanii ture.

Iyyattuun amma mormii waamamtoonni ammaa dhiyeessaniif deebii kennitee tureen, Dhaamoon falmii kaase kun haati keenya duutee guyyaa 40tti iddoo ragoonii fi waamamtoonni kun jiranitti kan dubbifamee yoo ta'uu waamamtoonni yeroo sanatti bu'uura s/s/ kwt.973(1,3) tiin mormiin dhiyeessan hin turre. Qabeenyaa kanas haadha keenya yeroo lubbuun jirti waliin dhama'ee kana sooree jiraachisaa ture waan ta'eef haati teenya kanuma ilaaltee qabeenyaa ishee caalamaadhaan waan naaf dhaamteeff dhaamoon kun bu'uura s/s/ kwt.1042tiin kan mormamuu miti. Dhaamoon haati kiyya goote kunis ulaagaa seera kan guute waan ta'eef sababiin diigamuu hin jiraatu. Haati keenyaa dhaamoo kan taasifte ana qofaaf osoo hin taane, waamamtuu 3ffaa irraa kan hafe waamamtoota 1ffaa,3ffaa, 4ffaa fi joollee lama biyya Ameerikaa kan jiran Kennaa Anteensaayi fi Faantaayee Anteensaayi jedhamaniif walumatti namoota 6f qabeenyaa lafa qabiyyee 331 irra jiru keessaa mana lafa k.m.92.5 irra jiru kan dhaamteeff yoo ta'uu anaaf immoo qabeenya lafa k.m.238.5 irratti quphate naaf dhaamtee jirti. Waamamtuu 2ffaa immoo daa'ima wagga osoo hin guunne abbaan fudhatee waan guddiseef haati keenya ishee biratti waan hin guddanneef akka ilmoo isheetti hin ilaalle. Akkasumas tarree miseensa iddirii irrattillee akka ilmoo ofiitti hin galmeessifne. Kanaafuu haati keenyaa dhaamoo gooteen dhaaltota ishee wanti dhaaltummaa keessaa buqqifte waan hin jirreeff iyyanni mormii dhiyaate kufaa naaf ta'uu qabaata jette falmitee ture.

Manni murtii aanichaatis falmii afaanii bitaa mirgaa erga dhagaheen booda murtiin kenne gabaabinaan, "dhaamoon godhame kun maashina barreeffamaa (kompiitaraan) kan barreeffame yoo ta'uu, dhaamoo kennituun fuula dhaamichaa tokkoo tokkoo isaa irratti

dhaamichi kan isaanii ta'uu ibsuu ykn mirakaneessuu qabu. Dhaamicha irratti garuu fuula isa dhumaa qofa irratti kan mallattaa'e waan ta'eef bu'uura s/s/ kwt. 885tiin fudhatama kana qabuu miti. Akkasumas dhaamoo kennituun qabeenyaa qabdu keessaa mana qabiyyee k.m. 251.75 ta'e iyyattuuf kana dhaamte yoo ta'uu dhaaltota biraatiif qabiyyee lafa k.m79.25 qofaa kan dhaamtee ta'uurayyuu waamatuu 2ffaa immoo guutummaa guututti homaa osoo hin dhaamneef callistee dhaaltummaa keessaa buqifteera. Dhaaltuu sadarakaa duraa immoo sababa malee dhaaltummaa keessaa buqqisuun akka hin dandaa'amne s/s/ kwt.938(1) jalatti tumameera. Kaafuu sababoota aramaan olii kanaatiin yoo ilaalamu dhaamoon kun iyyattuuf akka mirkanaa'u murtaa'uun sirrii miti. Kanaafuu murtiin akka dhaamoon iyyattuuf mirkanaa'u jedhamee murtaa'e bu'uura AFSS. KWT.360tiin diigamee manni qabeenyaa haadha isaanii lafa qabiyyee k.m. 331 rratti qophate dhaaltotaf qixxeetti qoodamee iyyattuun ammaa gahee waamatootaa akka kennituuf jechuudhan murtaa'uu kenneera.

Iyyattuun ammaa murtaa'uu manni murtaa'uu aanichaa kenne komachuudhaan mana murtaa'uu olaanaa godinichaatti kan oliyyate yoo ta'uu manni murtaa'uu olaanaa godinaatis komii dhiyaate bu'uura godhachuudhaan dhiyeessisee bitaa mirgaan falmii yoo dhagalee galmee qoratee murtaa'uu kenneen, murtiin mana murtaa'uu aanichaa hanqina hin qabu jedhuudhaan bu'uura AFSS.KWT.348(1)tiin deebisee cimseera.

Iyyattuun ammaa komiin iyyannoo dhaddacha kanaaf dhiyeeffatte gabaabinaan, haati keenya dhaamoon taasite guyyaa 40ffaatti yommuu dubbifamu waamamtoonni dhagaanii osoo jiranuu dhaamoo kana akka waan hin beekaneetti mormiin isaani dhiyeessan fudhatama kan qabuu miti. haati keenya waamamtuu 2ffaa keessaa dhifte ijoolleen ishee 6 qofa ta'uu ibsitee osoo jiruu manni mutii waamamtuun 2ffaan dhaaltummaa keessaa dhaamoodhaan buqqate

jedhee nama mirga hin qabne mirga gonfachiisuudhaan murtiin m/m/ jalaa kenne dogoggora seeraa isa bu'uuraati. kan jedhuu fi kkf caqasuudhaan murtiin mana murtaa'uu jalaa akka diigamuuf gaafatteera.

Waamamtoonnis iyyannoo dhiyaate irratti deebiin guyyaa 27/12/2005 barreessaniin dhiyeessanii, falmii mana murtaa'uu jalaatti dhiyeessanii ture caalatti cimsanii falmuudhaa murtaa'uu mana murtaa'uu jalaa dogoggora seeraa dhaddacha kanaan raawwatame akka hin qabne ibsanii akka cimuufta gaafataniiru.

Seenaa dhimmichaa gabaabinatti kan armaan olitii ibsame kana yoo ta'uu, nutis falmii dhiyaateseera rogummaa qabu waliin akka qorannetti, ijoo furmaata argachuu qabu, dhaamoon naaf yaa mirkanaa'u jedhamee iyyanni dhiyaatu sababa himannaa (cause of action) ni qabaa? qabannee ilaalleera.

Dhaamoon abbaan qabeenyaa tokko qabeenyaa horatee ture erga inni du'ee booda nama qabeenyaa isaa irratti abbaa qabeenyaa ta'uu haala itti murteessu keessaa isa tokkoodha. Dhaamoon dhaamoo kennaan dhiibbaa tokko malee fedha isaa guutuudhaan qabeenyaa isaa nama barbaadeef mirga itti dabarsus jedhamee fudhachuun ni dandaa'ama. Dhaamoo kennaan akka s/s/ kwt. 881-894 jalatti tumameen ulaagaa seericha irratti tumaman hordofuudhaan dhaamoo taasisuuf mirga ni qaba. Kana yoo jedhamu garuu akaakuu dhaamoo sadeen, (dhaamoo ifaan godhamu, dhaamoo barreeffama dhaamoo kennaatiin godhamuu fi dhaamoo jechaan godhamuu)f ulaalgalee fi foormaaliitii seericha jalatti tumaman hordofuudhaan dhaamamuu akka qabu iraanfatamuun hin qabaatu. Haala kanaan ulaagaa fi foormaaliitii seerrichi gosa dhaamichaaf tume hordofee dhaameera taanaan dhaamoon kun akka mirkanaa'u jedhamee sababiin mana murtaa'uu dhiyaatuuf hin jiraatu. Dhaamoon kun rakkoo qabaannaan mana murtaa'uu dhiyaatee mirkanaa'us mirkanaa'uu baatus Namni dhaamicha irraa faayidaa qabu kanmiyyuu mormii dhiyeessuudhaan dhaamicha diigsiisuu ykn faashaleessuu kan dhoorku miti.

Dhaamoon miraknaa'eera jedhamee murtiin kenname bu'uura AFSS, KWT. 5(1)tiin falmii resjudicata kan kaasisus miti. Kanaafuu akka waliigalaatti dhaamoon naaf yaa mirkaan'u jadhamee iyyanni manneen murtiitti dhiyaatu calqabumaanuu sababa himannaa (cause of action) hin qabu. Iyyata sababa himannaa (cause of action) hin qabne immoo manni murtii iyyatichi dhiyaateef bu'uura AFSS.KWT.3231(1-a)tiin kufaa gochuu qaba malee fuudhee dhaamoon akka mirkanaa'u murtii kennuun sirrii hin ta'u. Gama dhimma amma qabnee kanatti yoo deebinu, waamaamtuun ammaa iyyata guyyaa 13/02/2002 barreessitee mana murtii aanichaatti dhiyeessiteen abbaan seerummaa isheen ifaan ifatti gaafatte dhaamoon haatii koo guyyaa 28/07/2000 goote akka naaf murkanaa'u murtiin naaf yaa kennamuudha. Manni murtii jalaa gaafii dhaamoon naaf yaa mirkanaa'uu kana fuudhee keessummeessuudhaan ragaa dhagahee dhaamoon kun mirkanaa'eera. jedhee murtii kan kenne ta'uun hubatameera. Akkuma armaan olitti balinaan ibsame dhaamoon mana murtiitti dhiyaatee mirakanaa'uun gama seeraatiin bu'aan dhaamichaaf dabalus ta'ee irraa hir'su hin jiru. Dhimma kana ilaalchisee manni murtii waliiglaa federaalaa dhaddachi ijibbaataa murtiin galmee lakk.17058 fi galmeewwan biraa irratti kenne yaaduma kana kan deeggaruudha. Kanaafuu manni murtii aanichaa calqabumaa dhaamoon guyyaa 28/07/2000 haadha walfalmitootaatiin godhame mirkaa'eera jehee murtiin kenne dogoggora seeraa isa bu'uraa kan qabuudha jenneera.

Waamamtoonni ammaatis murtiin manni murtii aanichaa dhaamoon mirkanaa'eera jedhee kenne mirga keenya ni tuqa jedhanii bu'uura AFSS.KWT.358 fi 359tiin iyyanni mormii dhiyeessanis adeemaa seeraa kan hordofee miti. sababiin isaa murtiin dhaamoon mirkanaa'eera jedhamee kenname calqabumaanuu murtii bu'uura seeraa hin qabne waan ta'eef murticha mirgaa fi

dirqama waamatootaa ammaa irratti dhiibbaan inni fidu tokkoyyuu hin jiraatu. Murtichis ija seeraatiin yoo ilaalamu akka waan jirutti kan lakkaawwamuu miti. Waamamtoonni dhaamoo haati isaanii goote kana irraa mormii kan qabn yoo ta'ee kallattiin himata isaanii mana murtii aangoo qabutti dhiyeeffachuun dhaamoo sana diigisisuu ykn faashaleessuu iraa kan hafe iyyata mormii bu'uura AFSS.KWT.358 fi 359tiin dhiyeessuu isaan hin barbaachisu. Maaliif yoo jehame murtichi bu'uura AFSS.KWT.5tiin illee mirga dhaamicha faasahaleessuuf himata dhiyatu dhoorksiisuf gahuumsa waan hin qabneef. Kanaafuu manni murtii aanichaa murtii hin jirre irratti iyyata mormii bu'uura AFSS.KWT.358 fi 359 dhiyaatu fuudhee keessummeessuun isaa dogoggora seeraa isa biraati. Manni murtii olaanaa godinichaatis dogoggora manni murtichaa raawwate kan fudhee sirreessuu osoo qabuu murtii manni murtii aanichaa iyyannoo mormii waamamtoonni ammaa dhiyeessan ilaalchisee keenee cimsuun isaa dogoo gra seeraati jenneera. Gama biraatiin garuu ammas taanaan waamamtoonni dhaamoo haati saanii guyyaa 28/07/2000 goote jedhamee falmii kanaaf sababa ta'e kana ilaalchisee dhaamichi ulaagaa ykn foormaaliitii seeraa hin guunne ykn immoo sababiin biraa dhaamoo kana nu komachiisu ni jira kan jedhan yoo ta'e iyyata haaraa mana murtii aangoo qabutti dhiyeeffatanii dhaamicha guutummaa guututtu ykn walakkaadhaan akka haqamuuf ykn faashala'uuf gaafachuu murtiin kun isaan hin daangeessu jenneera.

Ajaja

Murtiin mana murtii aanaa Leemmoo fi Bilbiloo galmee lakk.11938 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 23/02/2000 fi 29/02/2005 ooleen kenne, akkasumas murtiin manni murtii olaanaa godina Arsii galmee lakk.29703 ta'e irratti dhaddacha guyyaa 21/10/2005 ooleen kenne dogoggora seeraa isa bu'uraa waan hin qabneef bu'uura AFSS.KWT.348 (1)tiin akka diigamu murteessineera.

- Dhaamoon akaakuu kamiyyuu akka mirkanaa'u mana murtii gaafachuun barbaachisaa miti. Iyyanni gaafii dhaamoon naaf yaa mirkanaa'uu mana murtiitti dhiyaatus sababa himannaa (cause of action) hin qabu.
- Murtii dhaamoon mirkanaa'eera jedhamee murtaa'e haqsiisuuf iyyanni mormii bu'uura AFSS. KWT. 358 fi 359tiin dhiyaatus adeemsa falmii kan horodofee miti.
- Dhaamoon mirkanaa'era jedhamee murtiin kenname, namoonni biraa billoottoo dhaamichaa irratti mormii yoo qabaatan himata ykn iyyata haaraa dhiyeeffachuu kan dhoorkuu miti.
- Baasii fi kisaaraaa dhaddacha kanaa kan ofii ofii yaa dandaa'an jenneera.
- Dhoorkaan galmees kana irratti kenname ka'eera. Yaa barreeffamuuf.
- Garagalchi murtii kanaa manneen murtii jalaatiif yaa ergamu.
- Galmeen murtii dhuma waan argateef cufameera. Mana galmeetti yaa deebi'u.